# QAACCESSA AKAAKUUFI DHIHAANNAA MALLEEN DUBBII KITAABA BARATTOOTAA AFAAN OROMOO KUTAA 9^FFAA^ HANGA 12^FFAA^

**BUUSAA NAGAASAA YAADDESSAA**

**YUUNIIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA AKAAKUUFI DHIHAANNAA MALLEEN DUBBII KITAABA BARATTOOTAA AFAAN OROMOO KUTAA 9^FFAA HANGA 12^FFAA

QORATAAN: BUUSAA NAGAASAA

GORSAAN: AMAANU’EEL ALAMAAYYOO (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMIISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARUUFI, FOOKILOORIIF DHIHAATE

YUUNIIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

HAGAYYA 2011/ 2019
FINFINNEE

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**DHAABBATA DIGIRII DURAATIIN BOODDEE**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Guuttachuuf Buusaa Nagaasaatiin, Mataduree: Qaaccessa Akaakuufi Dhihaannaa Malleen Dubbii Kitaaba Barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9$^{ffaa}$ hanga 12$^{ffaa}$,jedhuun qophaa'e, Sadarkaa Yuuniversiittiin kaa'e Guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Keessaa___________________________Mallattoo_________Guyyaa_________

Qoraa Alaa_______________________________Mallattoo_________Guyyaa_________

Gorsaa Amaanu'eel Alamaayyoo _________Mallattoo_________ Guyyaa_________

---

Itti Gaafatamaa Muummee Ykn Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa

# Axereeraa

*Qorannoon kun mataduree "Qaaccessa Akaakuufi Dhihaannaa Malleen Dubbii kitaaba Barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa hanga 12 ffaa kan bara 2005 qophaa'e" irratti geggeeffameedha. Ka'umsi qorannichaas, akaakuufj dhihaannaan malleen dubbii adda ba'ee ibsamuu dhabuu, garaagarummaan KBfi QB keessatti mul'achuu malleen dubbii, KB keessatti akkamitti dhiyaachuu akka qaban ibsuudha. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii Afaan Oromoo kitaabilee barataa kutaa 9ffaa -12ffaa jiran qaaccessuudha. Yaaxxinni qorannichaas, yaaxina faayidaa kan bu'uureffateedha.Qorannichis, gosa qorannoo akkamtaan kan dhiyaate ta'ee, saxaxa ibsaan ibsameera. Mala iddatteessuu miticarraa keessaa iddatteessuu akkaayyoo fayyadameera. Qaaccessa geggeeffameefi cuunfaa qorannichaa irratti hundaa'uun argannoowwan gurguddoon qorannichaa: Akaakuun malleen dubbii,kitaabilee barnootaakeessatti gara xumuraatti argamuu, Malleen dubbii KBfiQB keessatti dhiyaachuu qabu.Qabiyyeen siilabasii barnootaa irratti hin haammatamnes KBfiQB keessatti dhihaachuun nimul'ata. Kaayyoo gooreefi qabiyyeen barnootaa siilabasii keessatti dhihaate kan walhinsimne nimul'ata. Qabiyyeen malleen dubbii KB keessaa boqonnaa muraasa keessatti argamuu,Malleen dubbii KBfiQB keessatti dhiyaachuu qabu. Dhummarrattis akaakuufi dhihaannaan malleen dubbii kitaabilee barnootaa keessatti qabiyyee barannoo ta'anii dhihaatan kan kutaadhaa gara kutaatti dhihaatan irra deddeebiin mul'atu kun hafee kanneen qabiyyee barannoo keessatti hinhaammatamin hafanis yoo xiyyeeffannoon itti kenname gaariidha.*

# Galata

Hunda dura, Waaqayyo inni waan hundumaa danda'u bu'aa ba'iitii hedduu keessa na dabarsee waan kanaan na ga'eef ulfinniifi galanni guddaan haata'uufin jedha.

Itti aansuun, qorannoo kana akka galma ga'uuf jalqabaa hanga dhumaatti yeroo isaanii osoo hinqusatin dadhabbiifi nuffii tokko malee gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf kennaa turan gorsaakoo Dr Amaanu'eel Alamaayyoo galannin isaaniif qabu guddaadha. Dabalataanis, gorsi isaan naaf gochaa turan milkaa'ina qorannoo kanaatiif gahee olaanaa waan taphateef waaqni umrii isaanii umrii harraagessaa isaaniif haa taasisuun hawwii kooti.

Gama biroon, maatii koo osoo ofiif hinbaratin deeggarsa barbaachisu hunda naaf gochuun na barsiisaaniif galanni koo guddaadha. Galata isaaniif Waaqni umrii isaanii dheeressuun hamtuun isaan hin argin; gaarii isaanii malee gurri namaa hamtuu isaanii akka hindhageenye. Rabbiin oolmaa isaanii haa kaffalun isaaniin jedha. Akkasumas, hiriyoota koo dhimma qorannoo kanaa irratti na cinaa dhaabbachuun deeggarsa ogummaa naaf godhan hundaaf galanni koo dachaadha. Dhumarrattis, barreeffama qorannoo kanaarratti yeroo isaanii osoo hin qusatin kan Yaadaan nadeegaraa turan hiriyoota koo hundaaf biddeena gabbataa daddabalee iisaaniif haabaasuun hawwiifi eebbaa kooti.

**Kottoonfee**

FFIK=Fandii Faastii Inisheetiivii Kaatalikii

FQBW= Fooyyessa Qulqullina Barnootaa Waliigalaa

FRDI= Feederala Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaa

KB = Kitaaba Barataa

QBAO = Qajeelcha Barsiisaa Afaan Oromoo

KBAO= Kitaaba Barataa Afaan Oromoo

QB = Qajeelcha Barsiisaa

WGI= Waldaa Guddina Internashinaalaa

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeraa ........................................................................................................i

Galata ........................................................................................................ii

Kottoonfee ........................................................................................................ iii

Tareefama Gabateewwanii........................................................................................vii

Boqonnaa Tokko: Seensa

1.1. Ariirrata Qorannichaa ........................................................................................1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa........................................................................................3

1.3. Kaayyoo qorannichaa........................................................................................4

1.3.1. Kaayyoo Gooroo........................................................................................4

1.3.2. Kaayyoo Gooree ........................................................................................4

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa........................................................................5

1.5. Daangaa Qorannichaa ........................................................................................6

1.6. Hanqina Qorannichaa........................................................................................6

Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu

2.1. Yaaxxina Qorannichaa........................................................................................7

2.2. Kitaaba Barattootaa Keessatti Malleen Dubbii Akkamiin Dhiyaata?......................7

2.3. Jechama........................................................................................................8

2.4. Malleen Dubbii ........................................................................................8

2.5. Akaakuu Malleen Dubbii........................................................................................10

2.5.1. Nameessa ........................................................................................10

2.5.2. Iddeessa........................................................................................12

2.5.3. Akkasaa........................................................................................14

2.5.4. Habalaka ........................................................................................14

2.5.5. Mitihee ........ 16
2.5.6. Arbeessuu ........ 16
2.5.7. Atee / Jedhiyaadii ........ 17
2.5.8. Tuqsee ........ 18
2.5.9. Irra Deddeebii /Fakkee/ ........ 20
2.5.10. Mallattoo ........ 20
2.5.11. Walqabsiisa (Allusion) ........ 21
2.5.12. Akkeessituu (Onomatopeia) ........ 21
2.6. Dhihaannaa Malleen Dubbii Afoola Keessatti ........ 21
2.6.1. Dhihaannaa Malleen Dubbii Mammaaksa Keessatti ........ 23
2.6.2. Dhihaannaa Malleen Dubbii Oduu Durii Keessatti ........ 24
2.6.3. Dhihaannaa Malleen Dubbii Sirba Keessatti ........ 25
2.6.4. Dhihaannaa Malleen Dubbii Walaloo Keessatti ........ 27
2.7. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii ........ 28
Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 30
3.2. Iddattoofi Iddatteessuu ........ 30
3.3. Madda Ragaa ........ 31
3.4. Mala Funaansa Ragaa ........ 31
3.4.1. Sakatta'a Dookumentii ........ 31
3.4.2. Sakatta'a Siilabasii kutaa 9ffaa-12ffaa ........ 32
3.4.3. Sakatta'a Kitaaba Barataa Kutaa 9 ffaa -12 ffaa ........ 32
3.4.4. Sakatta'a Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 9 ffaa -12ffaa ........ 33
3.4.5. Adeemsa Qaacceessa Ragaalee ........ 33

Boqonnaa Afur: Qaaccessaafi Ibsa Ragaalee

4.1. Mil’uu Silabasii, KBfi QB Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa-12ffaa Keessatti ....35

4.2. Qaaccessa Akaakuufi Dhihaannaa Malleen Dubbii Kitaaba Barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa-12ffaa ....37

4.2.1. Dhiyaannaa Malleen Dubbii Kitaabilee Barataa Keessatti ....37

4.2.2. Akaakuu Malleen Dubbii Kallattiin ....38

4.2.3. Akaakuu Malleen Dubbii Kara Alkallattii ....41

4.2.4. Malleen Dubbii Dubbisa Keessatti ....42

4.2.5. Malleen Dubbii Mala Murtaa’aatii Gara Dimshaashaatti ....42

4.2.6. Malleen Dubbii Mala Dimshaashaa Gara Murtaa’aatti ....42

4.2.7. Malleen Dubbii Siilabasii Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa-12ffaa Keessatti. ....43

4.3. Akaakuu Malleen Dubbii KBfi QB kutaa 9ffaa Keessaatti Dhihaatan....45

4.3.1. Akaakuu Malleen Dubbii KBfi QB Kutaa 11ffaa Keessaatti Dhihaatan....46

4.3.2. Akaakuu Malleen Dubbii KBfiQB Kutaa 12ffaa Keessaatti Dhihaatan....51

4.4. Ibsa Haala Dhiheennaa Malleen Dubbii KBfi QB Keessatti Mul’atu ....53

4.5. Ibsa Haala Qindoomina Malleeqqn Dubbii Boqonnaa Gara Boqonnaatti Jiru Agarsiisu....54

4.6. Ibsa Qindoomina Malleen Dubbii Kutaa Gara Kutaatti jiru ....55

4.7. Boqonnaalee Qabiyyeen Malleen Dubbii Keessatti Dhihaate ....55

4.8. Ibsa Malleen Dubbii Afaan Oromoo Kitaabilee Keessatti Dhihaatanii....56

Boqonnaa Shan: Cuunfaa,Argannoofi Yaboo

5.1. Cuunfaa ....78

5.2. Argannoo....78

5.3. Yaboo ....80

Wabiilee ....81

Dabaleewwan

## Tareefama Gabateewwanii

**Mata duree** **Fuula**

Gabatee 1: Siilabasii Afaan Oromoo kutaa 9ffaa-12ffaa Keessatti Malleen Dubbii barsiisuuf qophaa'e ........................................................................43

Gabatee 2:Akaakuu Malleen Dubbii KBAO kutaa 9ffaa-12ffaa Keessatti dhihaate...........55

Gabatee3: Kutaafi boqonnaa malleen dubbii keessatti dhihaatan................................56

Gabatee 4: Akaakuufi Dhihaannaa Malleen Dubbii Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa ..........................................................................................56

Gabatee 5: Akaakuufi Dhihaannaa Malleen Dubbii Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10ffaa ..........................................................................................60

Gabatee 6: Akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii kitaaba Afaan Oromoo kutaa 11ffaa ..........................................................................................66

Gabatee 7: Qaaccessa Akaakuufi Dhihaannaa Malleen Dubbii Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa ..........................................................................................72

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Afaan Oromoo afaan barreeffamaa ta'uun erga tajaajiluu eegalee baroonni lakkaa' amaniiru. Kunis afaan Oromootin barreeffamoonni garargaraa kan ittiin barreeffamaa turaniidha. Isaan keessaa muraasni: asoosamoota, walaloowwan garaagaraa, kitaabilee barnootaa, kitaabilee caaslugaafi seerlugaa, diraamaa fi wantoonni kana fakkaatan afaan kanaan kan barreeffaman hedduudha. Afaanis hiika irra keessoofi hiika lixaa jedhamuun kutaa lamaan xiinhiikaan qo'atamu. Hiikni irra keessoo hiika dhokataa hintaanee hiika uumamaa waan dubbataan jedhe kallattumaan hubatamuu dand'udha. Hiikni keessoo yookiin lixaa ammoo hiika jechoota dubbaataan kallattiin dubbaturraa hiika dhokataa kan qabu jechuudha. (kenedy 1983:479). Dubbisa keessatti malleen dubbii hiika dhokataan kan walqabatu ta'eet kan jechoonni yookiin ibsi hiika irra keessaan ala hiika dhokatoon ergaa dabarsanidha.

Malleen dubbii afaan walqunnamtii kanneen akka haasawa guyyaa guyyaa, mata duree gaazexaa keessatti, beeksisoota keessatti, asoosama keessatti, walaloo keessattii, kitaabolee barnootaa keessatti fi kan kana fakkaatan keessatti fayyadamu. Malleen dubbii fayyadama jechootaa kan hiikni isaanii kan duraan qabaniin olitti qabanidha. Hiika malleen dubbii hubachuuf dandeettii olaanaa kan gaafatudha. Sababii isaasaas hiika malleen dubbii akka jechoota kaanii galmee jechootaa irraa argachuun waan hindanda'amneefi. Hiika malleen beekuuf waan jechoonni malleen dubbii ilaallatan tilmaamuu barbaada. Malleen dubbii sababii afuriif itti fayyadamna.Inni jalqabaa, dubbisaan dandeettii waa tilmaamuu akka gabbifatuuf gargaara. Kan lammaffaa, dubbisaan dandeettii waan qabatamaa hintaanee qabatamaa taasisuun yaadee akka hubatuuf gargaara. Kan sadaffaa, malleen dubbii miira olaanaa dabaluun fedhiin odeeffannoo gadifagoo argachuu dubbisaa akka dabaluuf gargaara. Inni dhumaa, malleen dubbiis karaa ifa ta'een waa akka tilmaamamu kan dubbatamudha. (Addunyaa 2010).

Sirnoota darban keessa sababa dhiibbaa afaanichaarra gahaa turerraa kan madde, Afaan Saayinsifi Teeknoolojii otoo hinta'iin turuunsaa nibeekama. Haata'u malee erga afaanichaan barachuufi hojjechuun eegalee as yeroo gabaabaa keessatti guddinni mula'atu kan nama jajjabeessudha. Barumsi Afaan Oromootiin gadii kaasee hanga digirii sadaffaatti kennamuurra gahuun kanuma dhugoomsa. Adeemsa hojii keessa bu'aa ba'iifi

gufuun adda addaa jiraatus, hawaasa Oromootiin guddina afaanichaaf gumaachi taasifamefi ammas taasifamaa jiru laayyoo miti.

Afaan Oromoo afaan ogbarruu akka hintaaneef bara dheeraaf uggura cimaatu irra kaa'amee ture. Kanaaf, Afaan Oromoo baroota dheeraaf afaan afoolaa qofa ta'ee ture. Afaan Oromoo afaan ogbarruu akka hin taaneefi meeshaalee sabquunnamtii kan akka raadiyoon ummatni akka itti hintajaajilamneef mootummaan Habashaa ifatti dhorkee ture waan taheef, Yaada kana cimsuun Asafaa (2009:12) yoo ibsu, "*Afaan Oromoon barreeffamuun seenaan isii fagoo eega taatee, akka jalqabbii duraa itti hinfufin hafuun isii, okkoluun isii, afaan katabbii, afaan hojii, afaan barnootaa, afaan qu'annoo ta'uu dhabuun isii dhiibbaa giti bittaa Habashaa irraan geette*" jechuun ibseera.

Kanumarraa ka'uun odeefannoon toora interneetii irraa aragadhe haala armaan gadii kanaan kaa'amera. Barreessifi ogbarruun Afaan Oromoo isa mootummaa Habashaan dhorkamee daangeffamee ture sana mana hidhaa baasanii guddisuuf qabsoo hadhooftuu geggeeffame. Afaan afoolaa irraa gara afaan ogbarruutti ol guddisuuf hayyoonniifi beektotni Oromoo akkasumas hayyootni qooqaa kan fedha Afaan Oromoo qaban gumaacha godhaniin har'a Afaan Oromoo afaan ogbarruu tahee jira. Yaaduma kana deeggaruun Fedhasaan (2013:96) akkasiin ibsa.

> *Afaan ogbarruu keessatti dubbiileen qolaa (malleen dubbii) barreessaan jechootni hiika dhaanquu akka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataa ruuquun hubannoo dubbistoota hawwata. Xiyyeeffannoodhanis hiika jechoonni kallattin qaban irraa maqee yerro fayyadu dubbiin qolaa (malleen dubbii) ibsama.*

Falmaa ummatni Oromoo godheen har'a Afaan Oromoo afaan hojii mootummaa naannoo Oromiyaafi afaan barnootaa ta'eera. Waajjiraalee mootummaafi mana seerattis tajaajilli Afaan Oromoon kennama; kan himattus kan himatamtus Afaanuma Oromoon dhimma baha jechuudha. Mana barnootattis barnoonni sadarkaa tokkoffaafi giddugaleessaa Afaan Oromoon kennama. Mana barnootaa sadarkaa lammaffaaf dhaabbata barnootaa olaanoo keessattis barnoonni Afaan Oromoo akka afaan tokkootti kennamaa jira.

Galma ga'iinsa barnoota biyya tokkootiif qophiin meeshaalee sirna barnootaa hidhannoo guddaafi gahee ol'aanaa kan qaban keessaa isa ijoodha. Waa'ee meeshalee sirna barnootaa ilaalchisee Dhaabbanni NEK International Consultancy (1999:39) yoo ibsu,

*Many educator believe that the curriculum is the means through which education is transacted.And in order to do this there is a need for some curriculum materials through which the curriculum transmits its message, convey its meanings and values.Thise curriculum materials include the syllabus and different instructional materials,such as textbook, teachers' guides teaching aids etc*, jedhee ibsa.

Akkaataa ibsa beektota kana irra kan hubatamu, sirni barnootaa daldala bal'aa beekumsi ittiin waljijjiiramu ta'ee, kun immoo meeshaaleen sirna barnootaa kanneen akka siilabasii kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaafi meeshaalee deegarsa barnootaa riqicha guddaa taasifachuun kan ergaan sirna barnootaa ittin lufuu, sonaafi hiikni barnootaa ittiin daddarbu ta'uutuu hubatama.

Bu'uuruma Kanaan Kitaabni Afaan Oromoo kun Maxxansa jalqabaa Bara 2005/2012 Riippaabiliika Diimokiraatawaa Federaalawwaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaan kan qophaa'eedha. Gama suurawwaniifi fakkiiwwanii, dokimentootaafi meeshaalee kanneen biro odeeffannoofi ragaalee isaan of keessaa qaban waliin Ministeera Barnootaa Itoophiyaatiif kan dhiyaate yoo ta'u, mirgichis waggoota shaniif hojiirra akka oolu eeree jira. Qopheessaa, Maxxansaafi Raabsaan, Dhaabbata Maxxansaa MK Kaampaalaa-Yugaandaatti kan argamu akka ta'e ni ibsa. Qopheessi, maxxansiifi raabsiin kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanaa fandii dhaabbiilee qulqullina barnootaa kutaa 1-12, manneen barnoota mootummaa keessatti kennaman irratti kan hojjetan, kanneen akka Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaa (FQBW) irraa argameeniidha. Federaalli Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaa Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaatiif qarshii liqaan Waldaa Guddina Internaashinaalaa (WGI), Fandii Faasti Inisheetiivii Kaataalikii (FFIK)fi kanneen guddinarratti hojjetan biroo Koorporeeshiinii Guddina Fiinlaandii, Xaaliyaanii, Deggersa Niizarlaandiifi UK kan Muummee Guddina Internaashinaalaatiif dhaabbatan irraa argateen kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa kun akka qophaa'u taasise. Kanaafuu, Ministeerri Barnootaa Itoophiyaa namoota, gareewwaniifi qaamolee qophii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanarratti kallattiinis ta'ee alkallattiin yeroo sanatti hirmaachuun deggersa taasisan galateeffatee jira.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Akaakuun malleen dubbii kunis afoola oromoo bu'ura godhachuun haalaaf akkaataa keessatti dhihaatu qaba.Ka'umsa qorannoo kanaafis sababaa guddaa kan qoratichaaf ta'e, kitaabileen barnootaa barattootaaf qophaa'an qabiyyeesaan malleen dubbii of keessatti qabatanii dhihaatan kitaaba barattootaa kutaa 9 $^{ffaa}$ -12$^{ffaa}$ keessatti kan jiru qabiyee

walfakaata ta’e kutaa salgaffaa hangaa kudha- lammafaatti qabatee jira. Dabalataanis kitaabilee barnoota A/O kutaa 9ffaa-12ffa keessatti qabiyyeen walfakkaataan deddeebi’ee dhihaachuufi kanneen biroon ammoo dagatamuun ni ml’ata. Kanumarraa ka’uun, qorataanis akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii kitaaba barattoota kutaa salgaffaa hanga kudha-lammaffaa kana keessatti qaccessee dhiheesera.

Akka waliigalatti, qorannoo mataduree “Qaaccessa Akaakuufi Dhihaannaa malleen dubbii Afaan Oromoo kitaaba barataa Kutaa 9ffaa-12ffaa” jedhu kana irratti qorataan qorannoo isaa akka geggeessuuf kan kakaase gaaffilee bu’uuraa asii gadii nideebisa jedhee waan yaadeefi.

Gaaffilee Qorannoo

1. Akaakuu malleen dubbii isaan kamfaatu akka qabiyyeetti dhihaatan?
2. Qindoominni malleen dubbii boqonnaa gara boqonnaatti jiru maal fakkaata?
3. Qindoominni malleen dubbii kutaa gara kutaatti jiru maal fakkaata?
4. Garaagarummaan gama malleen dubbii kitaaba barattootaa kutaa 9ffaa-12ffaa keessatti mul’atu maal fakkaata?
5. Qabiyyeen malleen dubbii kitaabilee Afaan Oromoo keessatti haala akkamiin dhiyaachuu qaba?

## 1.3. Kaayyoo qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa kaayyoowwan gooroofi gooreetti qoodamee haala asii gadiin dhiyaatee jira.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii Afaan Oromoo kitaabilee barataa kutaa 9ffaa -12ffaa bara 2005 qophaa’ee qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

- Akaakuu malleen dubbii kanneen qabiyyee ta’anii dhihaatan tarreessuu;
- Qindoominni malleen dubbii boqonnaa gara boqonnaatti jiru maal akka fakkaatu ibsuu,
- Qindoominni malleen dubbii kutaa gara kutaatti jiru maal akka fakkaatu addeessuu;
- Garaagarummaa gosa malleen dubbii kitaaba barattootaa kutaa 9ffaa -12ffaa keessatti argamuufi boqonnaalee qabiyyeen kun keessatti dhiyaate ibsuu;

- Malleen dubbii Afaan Oromoo kitaabilee sana keessatti dhihaatan adda baasuu.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannaa tokko gaggeessuun faayidaa mataasaa qaba. Qorannoon kun akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii kitaaba barnootaa kutaa $9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ keessatti qaaccessuurratti xiyyeeffata. Firiin qorannoo geggeeffamu kanarraa argamus rakkoo malleen dubbii kitaaba barnootaa kutaa salgaffaa hanga kudha-lammaffaa keessatti gargaaramuu waliin walqabatee jiru ifa gochuu bira darbee sadarkaa akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii kun irra jiru ni addeessa. Gama biraan immoo, qopheessitoonni kitaabilee barnoota adda addaa itti fayyadama malleen dubbiirratti hubannoo akka argataniif nigargaara. Kanamalees ,Qorannoon kun akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii Afaan Oromoo KB barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ keessatti argaman walbira qabee qaaccessuun, hanqina jiru adda baasee furmaata isaa eeruuf gargaara.

Dabalataanis malleen dubbii kitaabicha keessatti hinhammatamne faayidaa isaan qaban waliin hammachiisuun guddina caasaa afaanichaaf bu’aa waan qabuuf akka dabalamanii qophaa’aniif bu’uura nikaa’a. Faayidaa malleen dubbii, akaakuu malleen dubbii, haala galumsaa qabiyyeefi tajaajila isaan qaban, jijjiirama malleen dubbii hiika jechaa irratti fidu, amalaafi walsimannaa afaanii keessatti gumaacha malleen dubbii qaban ibsuuf gargaara. Yaada kana kan gabbisu, Addunyaan (2010: 377¬382) Barnet, etal (1997) wabeeffachuun yoo ibsu, haalli qooddii malleen dubbii dandeettiwwan barreessuufi dubbisuu keessatti waliin dubbiirratti xiyyeeffachuu qabaniin akka ta’e ibsee jira. Haaluma kanaan bu’aaleen qorannoo kana irraa ni argamu jedhamee yaadamus: Namoota qorannoo kana dubbisuuf carraa argataniif qoodamiinsa malleen dubbii Afaan Oromoofi garaagarummaa malleen dubbii gidduu jiru adda baafachuu irratti hubannoo uumuuf gargaara; barsiisota Afaan Oromoofi barattoota qorannoo kana dubbisuuf carraa argatan kamiyyuu bu’aa qorannoo kana irraa argamuun kallattiin fayyadamoo ta’u.

Qorannoon kun malleen dubbii loogawwan argisiisan faayidaa isaan guddina Afaan Oromoo keessatti qaban waan ibsuuf, qaamolee kitaabilee adda addaa Afaan Oromoon qopheessaniif akka madda ragaatti gargaara. Qaamolee sirna barnootaa qopheessaniif silabasii, KBfi QB walsimatee akka qophaa’uuf; faayidaa malleen dubbii qaban bal’inaan ibsamee akka dhiyaatuuf hubannoo uumuuf gargaara. Namoota mataduree kanaafi afoola Oromoo biroorratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif ka’umsa ta’uun akka madda ragaatti tajaajiluu danda’a. Gumaacha malleen dubbii Afaan Oromoo afoola keessatti

qabaniifi xiyyeeffannoon hammamii kitaabicha keessatti akka kennamee jiru ibsuuf gargaara. Hanqina gama malleen dubbii KBfiQB keessatti argamaniifi boqonnaalee qabiyyeen malleen dubbii keessatti argaman xiinxalee ibsuuf gargaara. Walumaagalatti, qabxiileen asii olitti dhiyaatan kunneen bu'aalee qorannoo kanarraa argaman waan ta'aniif, qaamolee qorannoo kana dubbisaniif faayidaa ol'aanaa qaba.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu Qaaccessa akaakuufi dhihaannaa Malleen Dubbii kitaaba barnootaa kutaa salgaffaa hanga kudha-lammaffaa Keessa jirurratti. Malleen dubbii qorannoon kun irratti xiyyeeffatus kanneen kitaabilee keessatti argaman ta'a. Qorannoon kun kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa shanaffaa ol mararratti osoo gaggeeffamee bu'aa argamu mul'isee faayidaa olaanaa qabaachuu ni mala ta'a. Kana gochuuuf immoo, humna namaa, yeroofi baasii guddaa waan gaafatuuf ulfaataadha. Kanumarraa ka'uun, kitaaba kutaa salgaffaa hanga kudha-lammaffaa qofarratti kan daangeffameedha. Mataduree kana jalattis malleen dubbii keessaa isaan kamitti qopheessitoonni akka gargaaraman addaan baasuun ibseera. Kanamlees, malleen dubbiitti gargaramuufi dhiisuun faayidaa maalii akka qabu addaan baasee ibseera. Walumaagalatti malleen dubbii kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa salgaffaa hanga kudha-lammaffaa keessatti argaman qaaccesseera.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Akkuma daangaa jalatti ibsame xiyyeeffannaan qorataa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9$^{ffaa}$-12$^{ffaa}$ ta'ee qaaccessa akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii kitaabicha keessa jiran qofaadha. Sababa wantoota garagaraa yookin qabiyyeewwan biroo kitaabicha keessa jiran waan hin ilaalleef kun hanqina qorannoo kanaati.

Kanamalees, kitaabilee wabiin kan walqabate haalaan argachuu dhabuun hanqina qoraticha mudateedha.Akkasumas yeroon hojii qorannoo kana gaggeessutti baay'ina hojiin kan walqabatee yeroo gahaa dhabuun hanqina qorannoo kanaaf sababa ta'ee jira.

# Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu

## 2.1. Yaaxxina Qorannichaa

Yaaxxinni qorannoo kanas dhimmoota hawaasaaa, aadaa, seenaa, seera afaaniifi ogafaan ibsuu irratti kan xiyyeeffate yaaxxina faayidaati. Kanaaf, qorannoon kunis akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii Afaan Oromoo KB keessatti argaman waan ibsuuf yaaxxina kana gargaarameera. Dhalli namaa jireenya isaa gaggeessuuf qabsoo godhe keessaatti qabeenyaafi ogummaa hedduu horateera. Qabeenyaafi ogummaa horate keessaa immoo afoolli isa tokkodha. Afoolli akkuma maqaan isaa ibsutti hambaa abaabileefi akaakileerraa jecha afaaniitiin (orally) dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufe; ammaas darbaa kan jiru; fuula duras kan darbudha. Akkasumas gammachuufi gadda, jaalalaafi jibba, amaantaafi shakkii, jabinaafi dadhabbina, fedhiifi hawwii hawaasa tokkoo ifa baasuuf afoolli gahee olaanaa niqaba.

Akka yaaxxina kanaattii afoollii faayidaan inni uummataaf qabu maali ? isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu ol aantummaan mul`ata. Yaaxxinni kun kan bu’uure barataa Melville Herskovits, kan ta`e nama ( William Bascom 1954) jedhamuuni. Akkaa yaada Bascomitti aartiin mallattoo ‘verbal art’ jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan gidduu galeessummaan akka ijaaramuuf gargaara. Haaluma kanaan beekaan kun tajaajila afoolli gara garaa qabus akkasiin ilaala: mammaksi murtii seera qabeessa dabarsuu baruuf gargaara, hibboon dhugaa qara, durduriin amala sirreessa akkasumas safuu hawaasaa eeguun waan baramoo ta`an jechoota baramoon yookiin kanneen hawaasichi itti gargaaramuun ergaa dabarsaa nama bashannansiisa, sirbi onnee gootaa cimsa jedha.

## 2.2. Kitaaba Barattootaa Keessatti Malleen Dubbii Akkamiin Dhiyaata?

Kitaabni qophaa’u tokko sadarkaa dandeettii barattootaa ilaalcha keessa kan galchuufi barataan kan walsimatu, barattoota kan hawwatuufi qabiyyeen isaa barattoota mariisisuuf kan haala mijeessu; akkuma kanas, irra deddeebii kan hinqabneefi kan barattoota xiinxalsiisu ta’uu qaba. Harmer (1987: 47) “Kitaabni barnootaa qophaa’u tokko barattoonni daree barnootaa keessatti osoo waliin haasa’aa ykn marii taasisaa kan baratan osoo ta’ee gaariidha; kunis, karaa kallattiifi alkallattii ta’uu danda’a” jedha. Kana jechuun qabiyyeen barnootaa qophaa’u tokko kan barattoota bu’uura taasifate ta’ee, ibsi barttoo taaf kan kallattiin irratti kennamuufi fayyadama keessa akka barataniif kan qophaa’u

ta’uu qaba. Akaakuu malleen dubbii kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti karaa kallatti ta’eefi alkallattii ta’een dhiyeessuun nidanda’aama.

### 2.3. Jechama

Jechamni gartuuwwan ogafaanii keessa tokko. Gartuun kun caasaa isaatiin mammaaksa waan fakkaatuuf namoonni hedduun akka guuree of danda’eetti hinilaalan. Adda addummaa guureewwan kun qaban mataduree mammaaksa jedhu jalatti ibsameera. Mangashaa Riqituu (1992:12) jechamni guuree ogafaanii, Oromoon ittiin beekamu keessaa tokko akka ta’e akkasitti ibse.

> *The rich Oromo folklore, oral tradition, music, art and particularly, proverbs and sayings have given this nation a sense of identity and common heritage. It has become the way they see, understand, interpret the world and express their beliefs and values about it.*

Yaada barreessaa kanarraa kan hubannu jechamni guree ogafaanii jiran keessaa akkuma mammaaksaa hawaasni Oromoo akka hedduminaan fayyadamu, eenyummaa hawaasa kanaan akka walqabatuufi akkaataa addunyaa itti ilaalan, hubatan, hiika itti kennaniifi ilaalcha isaanii kanittiin ibsatan akka ta’edha.

FKN: Harka Gabaabbate, Sabbata Hiikkatte fi kan kana fakkaatan

### 2.4. Malleen Dubbii

Malleen dubbii jechuun gosoota afoolaa keessaa isa tokko ta’ee barreeffamni tokko yookin haasofni tokko sammuu dhalaa namaa keessatti dubbiiwwan qolaa, sadoommii yookin malleen dubbii jedhamuun beekkamu. Maanguddoonni Oromoo durii afaanin yookin barreessitoonni ammayyaa hojiiwwan barreeffamoota akka fakkii kaasuun yeroo dheeraaf osoo hinirraanfatamin akka turuu kan gargaarudha. Yaaduma kana deeggaruun Yaadannoo (2014:83) waa’ee malleen dubbii akkaataa armaan gadii kanaan ibsa. asoosamaa, diraamaa, walaloo, hololoo, waliin dubbii, adda addaa keessatti ijoo dubbii sanii haala mi’awaafi miira namaa harkisuun yaadan fakkii sammuu keenya keessatti uumanii kan barbaadan xiqqeessuun, kan tuffachuu barbaadan jajuun kan abaaruun fedhan eebbisuun salphaatti dagatamuu akka hindaandeenyen hubachiisuuf kan itti fayyadaman dubbii qolaa yookin sadoommii jedhama jechuun ibseera.

Malleen dubbii haasawaafi barreeffama keessatti akka itti fayyadamnu kan ibsuudha. Kana jechuun maanguddoonni haasawa taasisan keessatti malleen dubbiitti akka gargaaramaniifi wanti dubbatan sun sammuu namaa keessatti osoo hindagatamin akka

turuuf akka tajaajilu hubachuun nidanda'ama. Kana biraan, immoo barreeffama ammayyaa keessattis malleen dubbii yaadni barreeffama sanaa dubbistoota biratti akka fudhatamummaafi beekkamtii argataniif akka tajaajiluu hubachuun kan danda'amuudha. Kanaafuu, akka waliigalaatti malleen dubbii barreeffamaafi dubbii keessatti bakka olaanaa akka qabu hubachuun nidanda'ama.

Hiika malleen dubbiirratti Isaaq (2003:5) Zarihuun (1995:105) wabeeffachuun akkasitti ibsa. Malleen dubbii dhimma tokko kan ibsu haala galumsaafi hiika jechootaa yookin gaaleewwanii kan baratamam irraa bifa adda ta'een yookin yaada addaafi filatamaa ta'een cimsee kan ibsuudha. Sadoommiin kan uumamu amala, miira, gochaafi haala wajjin waldogomsiiisuun, fakkeessuun amala isa tokkoo kan biroof kennuun yookin jijjiiruufi bakka buusuudhaani jechuun addeesse.

Yaada kanarraa wanti hubatamu malleen dubbii haala adda addaa keessaatti kan itti gargaaramnuufi faayidaa akka qabu hubachuun nidanda'ama. Kunis hiika jechootaa barreeffama keessattis ta'ee dubbii keessatti haala duraan beeknu sanarraa bifa adda ta'een kan itti gargaaramnu waan ta'eef hiikni jechoota achi keessatti argamanii hiika kallattii osoo hintaane akkaataa malleen dubbii sun hiika itti argachuu qabaniin kan hiikamu waan ta'eef, malleen dubbii faayidaa adda addaa akka qabu hubachuun nidanda'ama.Yaaduma kana deeggaruun, Addunyaa (2014:208) haala armaan gadiin ibsa.

> *Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisaniidha. Kana jechuun karaa ittiin waan guddaa tokko kineessanii, kinoo immoo arbeessanii, binoo nameessanii, namoo binensanii, walcinaas qabanii, cinaachaan himaniifi wkf taasisuun hubannoof haala mijeessan* jechuun barreesseera.

Akkaataa fayyadama afaanii keessatti ergaa waan tokkoo haala garaagaraatiin dabarsuuf kan gargaaran malleen dubbiiti. Kana jechuun wantoota adda addaa waan birootiin walbira qabuun waldorgmsiisaa, akkasumas waan amala namaa hinqabne amala dhala namaa gonfachiisuun ergaa waan dabarsuu barbaanne tokkoo salphaatti akka hubatamuuf kan tajaajilaniidha. Fayyadama afaanii yemmuu jennu immoo akkaataa adda addaatiin ibsuun nidanda'ama. Haasawaa namoota lama gidduutti taasifamu keessatti fayyadamni afaanii bal'inaan mul'achuu nidanda'a. Kunis.haasawa keenya keessatti sagalee garmalee olkaasuun, giddu galeessattiifi gadibuusanii sagaleessuun fayyadama afaanii keessa isa tokko. Kun immoo waan tokko humnaa ol guddisuun malleen dubbiiti. Kanatti dabalees,

amala waan tokkoo garmalee gadi buusuun kineessuunis akkasuma waan ta’eef fayyadama afaanii keessatti malleen dubbiittis dhimma baana jechuudha.

Waa’ee malleen dubbii Harry (1972:208) yemmuu ibsu, “*A figure of speech in which the literal (denotative) meaning of a word or statement in the opposite of that intended. In literature, it is a technique of indicating an intention or attitude opposed to what is actually stated’’* jechuun barreesseera. Qabxii kanarraa kan hubatamu, malleen dubbii barreeffamoota yaad-uumeefi dubbii haasawamu tokko amansiisaa taasisuuf gahee guddaa taphachuu akka danda’uudha. Kana jechuun tajaajilli malleen dubbii barreeffama keessatti qofa osoo hintane waliin dubbii namoonni taasisan keessattis shoora olaanaa taphaachuu isaatu hubatama. Kanamalees, kan inni tajaajilu afaaniifi umrii sadarkaa kamiiyyuu keessatti faayidaa kennuun isaas kan hubatamuudha.

Ibsaan (2016) Malaakneeh (1999:64) wabeeffachuun waa’ee malleen dubbii yoo ibsu, malleen dubbii bifa ittiin yaada ibsan ta’ee, jecha beekame yookin baratameefi akkasumas tartiiba himaa dhiibbaa addaa uumuuf godhamuudha. Kunis ergaan isaa barreeffamaan isa taa’e irra kan darbuudha. Isa kanarraa kan hubatamu malleen dubbii akkaataa namni tokko haasaawa duraan beekurraa akkaataa adda ta’een nama biroof ittiin dabarsuuf kan tajaajiluudha. Kana jechuun yaada dubbatamu tokkoof hiikni kennamu sun hiika duraarraa haala dhokataa ta’een kan dhihaatu jechuudha.

## 2.5. Akaakuu Malleen Dubbii

Akaakuu malleen dubbii ilaalchisee Guddon (1982:27) yemmuu qoqqoodu *“There are many figures of speech devices. Figure of speech devid in to: simile, metaphor, personification, apostrophe, hyperbola, antithesis, synecdoche, paradox and symbol*” jechuun qoqqoodeera. Isa kanarraa kan hubatamu malleen dubbii gosoota adda addaa qabaachuu isaaniti. Isaanis: akkasa, iddeessuu, nameessuu, atee, jedhiyaadii, habalaka, arbeessuu, mitihee, fakkoofi mallattoo ta’u jechuudha. Akaakuun isaanii kunis armaan gadiitti fakkeenya waliin ibsamaniiru.

### 2.5.1. Nameessa

Nameessuun gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta’ee amala dhala namaa lubbu-qabeeyyii yookin lubbu-maleeyyii biroof kennuun dandeettii dhala namaa gonfachiisuun kan ibasmuudha. Yaaduma kana deeggaruun Addunyaa (2014:211) yoo akkasiin ibsa.

“Akkuma maqaa isaa nameessaan lubbu-maleeyyii yookaan lubbbu qabeeyyii biroo amala namaa gonfachiisuudha. Haala kanaan akka namaatti beela’anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan, dhiyaatanii akka hiiqaniifi wkf akka dalagan kan taasisu fayyadama afaaniti” jechuun barreesseera.

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, ogummaafi dandeettii dhala namaa akkaataafi yeroo addaa addaa keessatti wantoota garaagaraaf kennuun maleen dubbii keessaa nameessuu akka ta’e hubachuun nidanda’ama. Miller fi Greenberg (1991:66) maalummaa nameessuu akkanatti ibsaniiru.

> *Personification is used in speech and writing for giving inanimate objects, abstract concepts or actions, human or near human characteristics, having the quality of metaphor since it is a metaphoric way of spicing up writing, and making the abstract more relatable. In it, distinctive human characteristics, e.g honesty, emotion, volition, etc., are attributed to an animal, object or ideas*

Nameessuun barreesssuufi dubbii keessatti kan itti gargaaramnuudha. Kunis amaloota wantoota qabatamoofi mul’achuu hindandeenyeef amala namaa akkeessuun gochaafi dandeettii dhala namaa kan namootaan ala ta’an kanneen akka bineensotaa, biqiltootaafi lubbu qabeeyyiif kennuun bakka buusuun nameessuu jedhama. Malleen dubbii kana keessatti namaan ala kan ta'an yoo nyaatan, dhugan, yaadan, koflan, taphatan, akkasumas gochoota namaa kan biroos yoo hojjetan kan mul’taniidha.

Gama biraan, Fedhasaa (2013:98) maalummaa nameessuu yemmuu ibsu, “Nameessi malleen dubii wanta, horii, bineensaafi kan fakkaatan amala namummaa gonfachiisuun dhiheessudha. Mala bineensonni ittiin amala ilma namaa wantoota biroo gonfachiisuun hojiisaanitti humna horaniidha” jechuun ibse. Walumaagalatti yaada kanarraa kan hubatamu nameessuun wantoota adda addaa dandeettii dhala namaa gonfachiisuun nameessuu jedhama.

Fakkeenya

a. “Abbaatu ofmara jedhe boft,” jedhe manguddoon Oromoo
b. “Osoo beeknuu huuba wajjin nyaanna,” jette sareen
c. “Kan garaa malee kan maqaa maal nu dhibe,” jedhe waraabessi.

Walumaagalatti fakkeenya armaan olii kanarraa wanti hubannu, bineensonni adda addaa yemmuu akka dhala namaatti afaan baasanii dubbatan agarra. Kana jechuun akkuma dhala namaa jechoota garaagaraa walitti qindeessuun afaaniin dubbatanii amansiisuufi

yaada isaanii ibsachuu akka danda’aniidha. Kanaafu, lubbu qabeeyyis ta’ee lubbu-maleeyyiin amala ilmi namaa qabu fudhachiisuun dhimma itti bahuun gosoota malleen dubbii keessaa nameessuu ta’a.

### 2.5.2. Iddeessa

Iddeessuun wantoota amalaan wal-fakkeessanii ibsuun amala waan tokkoo isa birootiin bakka buusanii ibsuudha. Iddeessi kan waan tokko waan biraa taasisee dhiheessuudha. Malli dubbii iddeessaa jedhu gaalee „iddoo‟ isaa jedhurraa ijaaramee waan tokko guutumaan guututti amala waan biraa gonfachiisuun kan dhiheessuudha. Akkuma akkasaa inni dorgomsiisaa wantoota lamaan jidduutti taasifamu ta’ee kun kan raawwatu garuu, haala dhokataan jechoonni waldorgomsiisan kan akka, amma, caalaa, fakkaata jedhan hin fudhatan. Kanuma deeggaruun Addunyaafi Kaawwan (2005:82) yoo ibsan, “Akaakuun malleen dubbii kan tokkummaa wantoota lamaa fudhachuun isa tokko iddoo isa biraa buusuun keessootti waldorgomsiisuudha. Jechichis kan uumame jechoota “iddoofi isaa jedhaniirratti jechuun ibsaniiru. Gosti mala dubbii kanaa karaa dhokataa ta’een wantoota lama waldorgomsiisa. Yaaduma kana cimsuun (Lawrence 1972:11) haala armaan gadii kanaan ibsa.

> *This definition ties in with the notion of metaphor (one type of figurative language) as defined in traditional rhetoric. The word itself derives from the Greek “meta” expressing change, and “pherein” meaning “to carry” (In other words, metaphors involve a “carrying across” of meaning from one object to another. Thus, acomparison is made between two essentially dissimilar things by identifying one with the other* jechuun ibsa.

Kanarraa hubachuun kan danda’amu jechi iddeessu kun maddisaa Giriik yemmuu ta’u, wantoota gosaan wal hinfakkaanne lama waldorgomsiisuun amala waan tokkoo waan biraan bakka buusuun ibsuuf kan tajaajiluudha. Kunis ergaa waan dubbatamu tokko hubachuuf waan isa biroon bakka buufame sanarratti hundaa’uun kan hubatamuudha.

Iddeessuun kan wanta tokko waan birootin bakka buufnee ibsinuudha. Walaloo keessattis bu’uura kan ta’eedha. Walmadaalchisuun iddeessuu keessatti yeroo hunda fuulleefi fuulletti kan hinmul’anneedha. Yaada kanarraa wanti argachuu dandeenyu wantoota adda addaa bakka walii buusuun waan tokko akkaataa hinbeekkamneen isa birootin waldorgomsiisuun akka danda’amuudha. Kunis wantoonni bakka walii bu’an kun gosaafi amalaan kan wal-hinfakkaanne yemmuu ta’an, wantoota kana bakka walii buusuun itti

gargaaramuun kunis iddeessuu jedhama. Waa’ee Iddeessaa ilaalchisee Fedhasaa (2012:97) akkasii gadii kanaan ibsa.

Iddeessi kan wanta tokko bakka waan biraa buusee, waanuma, sana taasisuudha. Jechoota akka, amma, fakkaata, caala jedhan hinfayyadamu malee innis dorgomsiisa wantoota walhinfakkaanne lamaati…Iddeessi akkasa caalaa hubannoon xiinxaluu barbaada. Sababnisaa, jechoota murtaa’aniin hindaange ffamu. Baay’ee dhokataafi bira gahuuf kan nama rakkisuudha. Kunis iddeessi waan tokko waan biroo taasisuun kan agarsiisu waan ta’eef sirriitti xiinxaluu barbaada jechuun ibseera.

Yaadni kunis iddeessuun waan tokko waan birootiin bakka buusuun waan sana ibsuufi akkasumas amala waan sanii karaa dhokataa ta’een guutumatti kan mallatteessuu hindandeenye waan ta’eef, xiyyeeffnnoo guddaa kan barbaadudha. Akkasumas iddeessuufi akkasaan wantoota lama waldorgomsiisuu isaaniitiin akka walfakkaataniifi jechoota akkasaan gargaaramu iddeessi kan itti hingargaaramne ta’uu isaaniitiin garaagarummaa akka qaban hubachuun nidanda’ama.

Karaa biraatin immoo, iddeessuun yaada sanaaf hiika kennuuf aadaafi ilaalcha hawaasichaarratti hundaa’uun yaada isa duraa sanarraa adda ta’a. Yaada kana cimsuun Hayakawa (1974: 105) yoo ibsu, “*The kinds of figurative language we use stems from the underlying values and assumptions of our culture of society: a well-understood metaphor in one culture may have entirely different meanings in another part of the world*” jechuun barreesseera. Egaa yaada kanarraa hubachuun kan danda’amu, iddeessuun malleen dubbii keessaa isa tokko ta’ee ergaa waan sanaa hubachuuf aadaafi safuu hawaasichaa sirriitti beekuufi hubachuun barbaachisaadha. Kunis hiikni duraan beeknu sun yaada isa lammataa kana hubachuuf shoora olaanaa qaba.

Fakkeenyaf:

a. Waaqoo Guutuu leenca Oromooti.
b. Qeerroon Oromoo qeerransa.
c. Jireenyi bu’aa ba’iidha.

Himoota armaan olii kana keessatti inni tokko iddoo isa biroo bu’uun amala waan sanaa yemmuu qooddatu nimul’ata. Hima tokkoffaa keessatti gootummaa Waaqoon qabu agarsiisuuf jecha iddoo leencaa buusuun ifatti kan mul’auudha. Hima ittaanu kana keessattis Qeerroon Oromoo bakka qeerransa bu’uu dandaeera. Kunis qeerrowwan kun waan hunda keessatti yemmuu hirmaatu gootummaan akka raawwatu agarsiisuuf jecha

qaama qeerransaan bakka buusuun nihubatama. Hima isa dhumaa keessattis haala garaa garaa keessa darbama waan ta'eef bu'aa ba'ii waliin wal-bira qabameera. Kanaafuu, dhimmoonni armaan olitti ka'an kun kan nama hubachiisu amala wanti tokko qabu iddoo waan tokkoo buusuun itti gargaaramun iddeessuu akka jedhamuudha.

### 2.5.3. Akkasaa

Akkasaan gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee waldorgomsiisaa wantoota lamaati. Kan waldorgomsiisanis jechoota akkaa, fakkaata, caalaafi amma jedhamanitti dhimma bahuun wantoota lama wal-cinaa qabuun isa tokko isa biraatin ilaaluudha. Addunyaafi kaawwan (2005:82) yemmuu ibsan, "Akkasaan mala ittiin wantoota lama wal-cina qabuun isa tokko isa biraatiin ilaalanidha. Kunis jechoota: akka, fakkaatafi gaha jedhanitti dhimma baha" jechuun ibsa. Akkasumas akkasaan dhimmoota lama kanneen uumamaan tokko hinta'in bifa yookin amala isaaniitiin walbira qabuun waliin madaalee kan agarsiisudha. Maalummaa akkasaa Fedhasaa (2013:97) yoo ibsu, "Akkasaan waldorgomsiisa wantoota lamaati. Kna jechuun jechoota akka, fakkaata, caala, amma, jedhan gargaaramuun waldorgomsiisa. Garuu, akkasaan walfakkeenya tokko karaa dhokataa ta'een ibsa" jechuun addeesseera. Yaadni kunis akkasaan wantoota lama walbira qabuun jechoota isaan kana lameen waldorgomsiisuu danda'anitti dhimma bahuun kan itti gargaamnuudha. Fakkeenyaf:

a. Dhaloonnii ammaa kunis akka J/Taaddasaa Birruu goota.
b. Abdiisaa Aagaa goota abbaa isaa fakkaatuudha.
c. Qananiisaan akka borofaa utaala.

Fakkeenyi armaan olii kana keessatti wantoota adda addaa wal-bira qabuun waldorgomsiisuun nimul'ata. Hima tokkoffaa keessatti labata amma jiruufi gooticha Oromoo kan osoo mirga sabasaa kabachiisuuf diinaan falmu waraagame Jeneraal Taaddasaa waliin yemmuu wal-bira qabuun wal-madaalchisnu agarra. Kanaafuu, wantootaafi dhala namaa walbira qabuun jechoota "akkaafi fakkaata" jedhamanitti gargaaramuun wal-dorgomsiisuun malleen dubbii keessaa akkasa jedhama.

### 2.5.4. Habalaka

Malli dubbii kun dhaamsa tokko faallaa isaatiin dabarsuuf kan gargaarudha. Kana jechuun dhaamsa osoo ifatti hinbaasiin karaa dhoksaa ta'een dabarsuuf kan gargaaru jechuudha. Habalakni yookin agiboon kan jechoonni hiika kallattii achi keessa jiran hiika

faallaa wanta yaadamee sanaa ta'ee kan argamuudha. Habalakni mala yaada duraan dhugaan jiru tokko faallessinee agarsiisnudha. Mala dubbii kana keessatti yeroo baay'ee jechoota faallaa waan raawwatameefi waan jechaatu mul'ata. Yaaduma armaan olii kana cimsuun Fedhasaa (2013:97) waa'ee habalakaa akkaataa armaan gadii kanaan ibseera.

Habalalkni dubbii addummaa wanta fakkaatuufi dhugaan ta'e gidduutti mul'atuudha. As keessatti wanti jedhamuufi ka'e isa jedhame miti. Hiikasaa hubachuun kan danda'amu waan barreessaan dhugaan jechaa jiruu sirriitti yoo hubatameedha. Hiikni himamu faallaa isa jedhameeti. Fakkeenyaf, mucaa waa cabse tokkoon " ishoo kormee koo jabaadhu kan hafes itti dadali!" yoo jedhan habalaka. Sababnisaa, balleessatti jajjabeessuun seera miti. Akka baay'ee hadheeffatan ibsuuf habalakaan kan dubbatanidha. Kanaafuu, habalakni yaada faallaa ta'e qaba jechuun barreessera.

Yaadni armaan olii kunis dhimma tokko karaa faallaa isaatiin dhaamsa tokko dabarsuuf kan itti gargaaramnuudha. Kana jechuun namni tokko dhaamsa waan dubbatamu sanaa hubachuun kan danda'amu dhimma dubbatamu sanaaf faallaa isaa yoo beeke qofaadha. Kanaafuu, dhaamsi waan dubbatamu sanaa hiikni isaa faallaa isaa waan ta'eef xiyyeeffannoo guddaa itti kennuun barbaachisaadha.

Fakkeenyaaf:

a. Nama hojjaan isaa gabaabaa ta'e tokkoon, "Birbirsi dhufe"
b. Nama bifti isaa gurraacha ta'een, "Faranjichi deeme".
c. Nama horiin harkaa baatee midhaan nyaatteen "dhiisi siif haanyaattuu keessa hinbasin"

Himoota armaan olii kana keessatti dhimmoonni achi keessatti argaman waliif faallaa kan ta'aniifi dhaamsi ergichaas caasaa himichaa keessaa kan gara dhumaatti argamuudha. Kana jechuun namni nama dheerinni isaa baay'ee gabaabaa ta'e sanaan namichi birbirsi sun dhufe yemmuu jennu karaa faallaa dhimma dubbachuu barbaanne tokkoof karaa dhokataa ta'een dhaamsa dabarsuun habalaka jedha. Kunis namni tokko ergaasaa osoo qaamni isa bira jiru tokko hinbeekin karaa iccitii ta'eeen nama olla kee jiru tokko hamachuufi waa'eesaa haasa'uuf kan nama tajaajiluudha. Akkasumas dubbii keessatti qofa osoo hintaane barreeffama keessattis qaama nu bira hinjirre tokkoof karaa dhoksa ta'een yaada qabnu dubbistoota keenya biraan ga'uuf kan tajaajilu ta'uusaatu hubatama.

### 2.5.5. Mitihee

Wantoota waliif faallaa ta’an lamaan yaada tokko keessatti ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaaruudha. Kanumarraa ka’uun, Addunyaafi kaawwan (2005:83) yoo ibsan, *“Wantoota walii faallaa ta’an lamaan yaada keenya ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaarudha”* jechuun ibseera.

Fakkeenyaaf

a. Guutuun osoo qotuu deega.
b. Inni osoo kolfuu boo’a.
c. Gammadaan osoo ilaaluu rafa.

Himoota armaan olii keessatti jechoota waliif hiika faallaa ta’an qabanitu argama. Hima tokkoffaa keessatti “Guutuun osoo qotuu deega” kan jedhutu jira. Kunis namni tokko kan qotuuf nyaatee irraa hafee abba dilbbii ta’ee ofirraa hafee namaaf kan darbutu deegaa ta’ee harka namaa kan eeggatu ta’ee argama. Garuu, haalli kun waan isaaf hinmilkoofneef deega jalatti kufuu dnda’eera. Kanaafuu, jechoonni qotuufi deegu jedhaman kun hiika faallaa kan waliif qabaniidha. Kanumatti aansee immoo hima lammaffaa keessatti jechoota “kolfuufi boo’uu” argachuu nidandeenya. Hima kana keessatti namni waan tokko gammadu hammuma fedhe osoo itti tolee jiruu gammachuun isaa waan boosisu miti. Garuu, isa kana keessatti namni tokko osuma gammadee jiruu kolfuu dhiisee yemmuu inni boo’u arguun nidanda’ama. Walumaagalatti, hima tokko keessatti jechoota waliif hiika faallaa qaban hima tokko keessatti wal-faana galchuun dhimma itti bahuun akaakuu malleen dubbii keessaa mitihee ta’a jechuudha.

### 2.5.6. Arbeessuu

Malli dubbii kun amala wanti tokko qabu gar-malee ol kaasuun yookin gar-malee gadi buusuun ibsuuf kan gargaaruudha. Kana jechuun yaada tokko arbeessuufi kineessuun ibsuuf kan tajaajiluudha. Addunyaafi kaawwan (2005:83), “Malli dubbii kun waan tokko garmalee arbeessuun ykn kineessuun dhiyeessuu ilaallata” jedhu. Arbeessuun dhugaa jiru tokko irratti garmalee dabaluudha. Malli dubbii kun olkaasanii mul’isuuf yookin miira dinqisiifannaa nama keessatti uumuuf fayyada. Fakkeenyaf:

a. Bareeddinni fuula mucayyoo aduu golgoleessa.
b. Manni isaanii galmaan tokko.
c. Caaliin dheerina isaatiin samii kana tuqa
d. Gurbaa hamma kormaa lukkuu dheeratu tokkotu natti dhufe

Akkuma himoota armaan oliirraa hubachuun danda'amutti amala wanti yookin namni tokko qabu humnaa ol guddisuufi gadi buusuun nimul'ata. Hima tokkoffaa keessatti "Bareedinni fuula mucayyoo aduu golgoleessa" kan jedhutu jira. Kana jechuun dhalli namaa tokko hammuma fedhe kan miidhagdu osoo taatee ifti yookin miidhaginni fuulashee aduu guyyaa dukkaneessuu hindanda'u. Kana jechuun mucayyoon sun bareedina haaqabaattu malee hamma kana humanaa ol guddisuun kan muldhatuudha.

Hima isa dhumaa kanarratti "Gurbaa hamma kormaa lukkuu dheeratu tokotu natti dhufe" kan jedhutu jira. Egaa akkuma beekkamu dhalli namaa dhaabbiisaatiin gabaabaa yookin dheeraa ta'uu nidanda'a. Haata'u malee, hima kana keessatti namni sun gabaabaa ta'uusaa agarsiisuuf jecha gabaabbina isaa kana garmalee gabaabsuun achi keessatti kan mul'atuudha. Kana jechuun namni kun gabaabbatus hamma lukkuu gabaabbachuu waan hindandeenyeef, amala wanti yookin dhalli namaa qabu tokko ol guddisuufi kineessuun kun arbeessuu/ ukukkubsuu jedhama. Kanumarraa ka'uun arbeessuun himoota armaan olii kana keessatti bal'inaan mul'achuu isaatu hubatama.

### 2.5.7. Atee / Jedhiyaadii

Ateen/ Jedhiyaadii hinjirree dubbisuun nameessuu waliin walfakkaata. Nama wata hin mul'anne ykn akka salphaatti itti hin dubbanne, ayyana dubbisan barreessaan wnta lubbuu hin qabne, nama du'e, ykn bira hin jirre, kan itti dubbatamu nama bira hin jirreefi dhaga'uu hin dandeenye, kan deebiisuu hindandeenye akka guddisee yaaduuf carraa kan kennuudha. Jedhiyaadiin waan nu bira hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti dhiheessuun kan itti gargaaramnuudha. Yaada kana deeggaruun Isaaq (2003:10) Zarihuun (1992: 116) wabeeffachuun haala kanaan ibseera.

Jedhiyaadiin waan nu bira hinjirre tokko namas ta'ee namaan ala kanneen ta'an akka waan nu bira jiranii nu dhaggeeffataa jiraniifi deebii nuuf kennuu danda'anitti fudhachuun, gaaffii gaafachuun, marii wajjin taasisuun, haasofsiisuu, qaaqsuu, gaddisiisuun yookin kofalchiisuu irratti hundaa'ee mala dubbii uumamuudha.

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun kan danda'amu, dhala namaas ta'ee lubbb-qabeeyyiifi lubbu-maleeyyii kamiiyyuu kan nutti dhihoo hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti itti dubbachuufi haasa'uun kan danda'amuudha. Adeemsa akkanaa keessattis wanti namatti dhihoo hintaane tokko akka deebii namaaf kennuu danda'uufi dhagahuu danda'anitti dhiheessuun kunimmoo akaakuu malleen dubbii keessaa atee jedhama.

Fakkeenyaf:

Xanqii Abbaa Fayisaa,
Gurraacha Osee Baabboo,
Jarri eessuma qabuu,
Ani eessuma dhaquu?
Firri koo marguu didee,
Alagaan na arguu didee,
Barroo naa darbuu didee? (Maddi afoola uummataati)

Waloon kun Fayisaa Xanqii jedhama; Walaloo kanaanis rakkoo cimaa qabaachuu isaa ibse. iddoo dhaquufi waan godhu dhabuu isaa addeesse. Furmaata ta'a jedhee yaadee waan dhabe; Abbaasaa dur du'e waamee itti himataa jira; jiraa ofbiraa dhabee, hin jirree dubbisa. yaada keessoo isaa ittin ibsa; fira isa gargaaru waan hin qabneef, iddoo dhaqu dhabuu isaa ibsata. Haata'u malee, namichi kun dubbiin isaa kun firri isaa akka isa arguu dideefi barris akka darbuufii dede kan dubbateedha. Kanaafuu, waan namatti dhihoo hintaane tokkoofi hiixuu ta'anitti dubbachuufi haasa'uun atee kan jedhamuudha.

### 2.5.8. Tuqsee

Tuqseenaan gosoota malleen dubbii keessa isa tokko ta'ee waan tokko bakka wayii maqaa dhahuun akkasumas namas ta'ee waan biroo maqaa dhahuun akkaataa seenaatiin dhiheessuuf kan gargaarudha. Yaada kana deeggaruun Fedhasaa (2013:8) Tuqxu-seenaan hojii hogbarruu keessatti waa'ee iddoo, namootaafi gochaa karaa mul'atuun yookin alkallattiin wabii godhatee xuquun hojii biroo keessatti kan agarsiisudha" jechuun ibseera.

Fakkeenyaf 1ffaa

Saan kee caffee ga'ee,
Bulloon kee gad okkolaa;
Yaanni kee bakkeetti hafee,
Dulloomteem yaa boffolaa.
Bulloon kee gad kaataa,
Harrooftee molooftee,
Harriin sitti baatee,
Sadii sitti taatee,
Dulloomtee attam taataa? (Maddi afoola uummataati)

Walaloo armaan olii kana keessatti dhimmoota seenaa yeroo darbanii waliin wal-qabatan hedduutu jira. Walaloo kana keessatti yeroon dargagummaa kee sijala darbaa jira, yaanni kee bakkeetti hafaa jiraa jedhamee waan kanaan dura waadaa waliif galamaa ture yeroo yaadachiisu ni mul'ata.Kana malees harrooftee, molooftee,harriin sitti baate sadii stti taate dulloomtee attam taataa jedhamee bara dargagummaa isaatti yaadaan achi deebisuun seenaan darbe akka mil'atamu walaloo kanaan ibsee jira.malleen dubbii keessatti kun waan darbe yaadachiisuun tuqsee jedhamee beekama.

Fakkeenyaf 2ffaa

Inxooxxoo gubbaa dhaabbatanii
Caffee ilaaluun nihafee
Finfinnee loon geessanii
Hora obaasuun nihafee
Kora Dhagaa Araaratti
Yaa'iin Gullallee nihafee
Hurufa Boombitti
Jabbii yaasuun nihafe
Gafarsatti darbanii
Qoraan cabsuun nihafee
Bara jarri dhufanii
Loon keenyas nidhumanii
Bara Mashashaan dhufe
Birmadummaanis hafee. (Maddi afoola uummataati)

Walaloo armaan olii kana keessatti dhimmoota seenaa waliin wal-qabatan hedduutu jira. Kana keessaa bara durii osoo Mootiin Miniliki 2ffaa aangoo hinqabatin dura uummanni Oromoo Tuulamaa teessuma magaalaa Finfinnee kanarra jiraachaa kan turaniidha. Haata'u malee, mootiin kun erga aangoo qabatee booda gara naannoo Tuulamni qubatee jiru kana dhufuun uummatarratti waraana banee uummata Oromoo dachee handhuurrisaa keesatti awwaalamerraa humnaan buqqisuu danda'eera.

Kanumarraa ka'uun, uummanni kunis looniifi dachee gadhiisee yemmuu godaanu akka Hora geessee loon hora obaasuu hindandeenyeefi hurufa Boombitti jabbii yaasuu akka hindandeenye walaloo kana keessatti bifa seenaa qabuun afoolaatiin rakkoo yeroo sana isaanirra gahaa ture ibsataniiru. Akkasumas yaa'iin kan taa'muufi murtiileen adda addaa kan dabarfamu iddoo Gullallee jedhamutti akka tureefi erga mootiin Habashaa kun biyya

isaanirraa humnaan isaan ari’ee booda achis walgahuun akka hindanda’amne kan ibsuudha. Rakkooleen akkanaa kun erga isaan muudateen booda loon isaanii akka dhumaniifi ajejaan waraanaa yeroo sanatti uummata keenya waraanaa tures erga biyya qabatanii booda walabummaa, birmadummaafi bilisummaan Uummatni Oromoo lafa isaarratti qabu guutumaan guututti akka bade ibsuuf walaloo kana uummatichi afoolan ibsateera. Kanaafuu, walaloo kana keessatti dhimmoonni seenaa waliin hidhata guddaa qaban achi keessatti waan ibsamaniif maleen dubbii keessaa tuqseen irra-jireessan kan jiruudha.

### 2.5.9. Irra Deddeebii /Fakkee/

Fakkoon akaakuu malleen dubbii keesssaa isa tokko ta’ee wantootni caasaafi hiikaan walgitan yemmuu irra deddeebi’anii galan kan itti gargaaramnudha. Maalummaa fakkoo ilaalchisee Yaadannoo (2014:89) yoo ibsu, “Fakkoon yemmuu gaalee hiikaafi caasaan walfakkaatu irra deebi’uudha. Malli dubbii kunis walaloo Hibruu, Hindootaafi Ameerikaa keessatti bal’inaan kan mul’atuudha” jechuun ibseera.

### 2.5.10. Mallattoo

Malli dubbii armaan olii kun wanta ijaan hinmul’anne yookin waan tokko waan mul’atuun bakka buusanii mul’isuu kan ibsamuudha. Yaaduma kana deeggaruun Yaadannoo (2014:90) akka ibsutti, “Dubbii qolaa kana keessatti wanti tokko waan biraa bakka bu’ee mallatteessuun agarsiisuudha” jechuun hiika. Yaada kanarra hubachuun akka danda’amutti dhimmoota adda addaa keessatti waan tokkoof bakka bu’aa isaa kaasuun akka mul’atutti kaa’un gosoota malleen dubbii keessaa mallatteessuu ta’a jechuudha. Fakkeenyaf, namni tokko osoo galma wayii fakkii isaa kaasee kan namatti agarsiisu ta’ee waan tokko bakka bu’ee isaa qaama biraatti agarsiisuuf kan tajaajiluudha.

Fakkeenyaf: “Erbee ciccitaa ofirra buusee natti haasa’e” hima jedhu kana keessatti ergaa himichaa kan ilaallu yoo ta’e akka Oromoon beekutti erbee ciccitaan mallattoo hiyyummaati. Kanaafuu, dhimmoonni akkanaa kun barreeffama keessattis ta’ee dubbii keessatti bal’inaan kan itti gargaaramnu waan ta’eef malleen dubbii keessaa mallattootti dhimma bahuun kan danda’amuudha. Karaa biraatiin yoo ilaalle Odaan mallattoo eenyummaa Oromooti. Kanaafuu, Oromoon Odaan qabee seenaafi aadaa ofii dubbata. Egaa Odaan saba Oromoof mallattoodha jechuun nidanda’ama.

### 2.5.11. Walqabsiisa (Allusion)

Walqabsiisa kan jedhamu haala kallattiin ala ta'een, hiika tokko nama, iddoo, ykn wantaan walqabsiisuudha. Walqabsiisni looga gabaabaa Nama, iddoo, wanta, gocha yookiin yaada seenaa ykn og-barruu keessa jiruutti taasifamu. Jechoonni walqabsiisaa akka jechoota hiika kallattii alaa, gaggabaaboofi kan yaada mulisan. Walqabsiisi Kan fayyadaman yaada Kitaaba Qulqulluu, fuula do'ii tokkoo, namoota seenaa/beekamoo, lola/waraanalee addaa addaa, seeneffama jaalalaa gurguddoo ykn wanta biraa Kan yaada isaanii sana bal'isuufi cimsuuf.

Fakkeeynaaf, walaloo 'utuu'jedhu keessatti walqabsiisa seenaa hedduutu jira.

Fkn. kan hin beekne malee kan bare hin fayyu (mana waaqa hin dhaalu).

### 2.5.12. Akkeessituu (Onomatopeia)

Akkeessituun tooftaa sagalee irra caalaa hiikatti fidu ykn yaalii wanta ykn gocha jecha sagalee isaa akkeessuun walqabsiisuuf bakka buusuuti yookiin mogaassuuti.

Fkn. Giwwu! Diwu! Guwaa! Tuwaa! Quwaa! Diph! Karaa hunda caalaa kallattii ta'eefi sagaloonni hiika jechootaa mul'isan. Jecha hiika sagalee uumamuun fakkaata. Jechoonni akkeessituu lakkoofsaan yoo muraasa ta'aniyyuu yeroo baay'ee walaloo keessatti bu'a qabeeyyiidha.

## 2.6. Dhihaannaa Malleen Dubbii Afoola Keessatti

Adeemsa baruu barsiisuu keessatti qabiyyeen barnootaa kan kennamu salphaarra gara cimmaatti akka ta'e beekamaadha. Kunis barattootaaf hubannoo gadifagoo uumuuf waan isaan beekanirraa yookiin hawaasarraa dhagahan itti himuun kan itti aanee dhufu akka hubataniif isaan gargaara. Bu'uuruma Kanaan malleen dubbii kitaabilee barnootaa keessatti kan haammatamuu qaban kanneen afoola Oromoo keessatti argaman ka'umsa isa filannoo hinqabneedha. Afoola Oromoo keessaas malleen dubbii baayinaan kan keessatti argaman mammaksa, oduu durii, sirba, walaloo, jechamaafi kkf keessatti baayinaan argamu.

Dhihaannaa malleen dubbii ilaalchisee Isaaq (2003:5) Zarihuun (1995:105) wabeeffachuun yoo ibsu, "Sadoommiin mala yaada, gocha yookin haala, boca waan tokkoo akkasumas amala namaa, miiraafi bifasaanii daawwattoota yookin dhaggeeffattootaaf dhaadhessuufi miidhagsuun bifa dhangala'a yaad-uumeetiin kan

dhiheessuudha” jechuun ibseera Yaada kanarraa hubachuun kan danda’amu malleeen dubbii wantoota adda adddaa keessatti akkaataa garaagaraan miiraaf fedhii dhala namaa kakaasuuf kan tajaajiluudha. Ittidabalees Isaaq (2003:6) Hiwoot (1998:42) wabeeffachuun dhihaannaa malleen dubbii akkasitti barreesseera.

Malleen dubbii yaada waliigalaa walitti qabee fedhiifi miira afaan hawwachuu danda’u waan ta’eef, haala ittiin ibsan miidhagsuuf ergaa sana cimsee dabarsuuf, sammuun haala salphaa ta’een yaada sana akka hubatu gochuun fedhiifi ilaalcha barbaadame gadi-fageenyaan akka hubataniif gahee olaana taphata.

Yaadni armaan olii kunis malleen dubbii dhimmoota adda addaaf kan ooluufi yaada namni tokko barreeffamaafi dubbiin taasisu keessatti wanti barreeffame sun sammuu dubbistootaa keessaa osoo hinbadin fakkii kaasuun akka yeroo dheeraa turuu wanti sunis haala nama hawwatuun akka dhihaatuuf kan ooludha. Akkasumas dubbii taasifamu tokko keessatti dhaggeeffattoonni sun haasawa sana akka hinnuffineef kan gargaaru akka ta’e barreeffamicharraa hubachuun nidanda’ama.

Gama biraan Isaaq (2003:6) Zarihuun (1995:105) wabeeffachuun fayyadama malleen dubbiirratti akkas jedha. Malli fayyadama sadoommii kun dubbii keenyatti lubbuu horachiisuuf kan ifa hintaane ifa taasisuuf, kan hinmul’anne ol ka’ee akka mul’atuu gochuu irra darbee dhimmichi sun miira keenya kakaasuun sammuu keenyatti fakkii uummuufi miirotaan akka hubatamuuf nu gargaaruu irratti humna qaba. Humni kun immoo kan madaalamuuun wanti ibsamu sun sammuu dhaggeeffattootaa yookin dubbistootaa keessatti fakkii uumee akka hafuufi hin’irraanfatamne gochuu isaatini jechuun ibseera.

Yaada armaan olii kana keessatti akkaataa dhihaannaa malleen dubbii kan ibsuudha. Kunis malleen dubbiitti yemmuu gargaaramnu dhimmoonni adda addaa akkaataa ofitti nama hawwachuu danda’anitti dhiheessuuf haalli itti fayyadama malleen dubbii murteessoodha. Kana keessatti wantoota sadarkaa adda addaa irra jiran tokko akkaataa garaagaraan kan itti gargaaramnu sammuu dhala namaa keessatti fakkii kaasuuf malleen dubbiitti fayyadamuuf sagaleen nuti dhageessisnu murteessoo akka ta’an hubachuun nidanda’ama. Kanaafuu, malleen dubbii walaloo, sirba, geerarsa, faaruufi kanneen biroo keessatti faayidaa qabaachuun isaanii kan hubatamuudha.

Malleen dubbii faayidaa adda addaa qaba. Yaadannoo (2014:83) faayidaa malleen dubbii akkanaan addeessa.

Walaloo mi'eessuu keessatti sagalee akka gochaa yookin rasaasaa dhuka'u uumuun miidhagsee, afaan barsiisee nama dhaggeeffachiisa. Aarii, gadda, gammachuu keenyaafi kan kana fakkaatan haalan ibsachuuf bakka guddaa qaba. Fakkeenyaf: asoosamaa, fiilmii, yookin sirboonni dhaaba siyaasa mormuu barbaadan tokko kallachaan dubbachuu yoo sodaatan dalga qabani malleen dubbiitti fayyadamuun ergaasaanii dabarfatu.

Yaada armaan olii kana keessatti malleen dubbii sirboota, fiilmii, diramaa, asoosamaafi geerarsa keessatti gahee olaanaa qabaachuusaanii hubachuun kan nama dhibuu miti. Kanumarraa ka'uun, malleen dubbii afaan kamiiyyuu keessatti kan itti gargaaramnuudha. Kanaafuu, akkuma hawaasni tokko jiruufi jireenyasaa gaggeessu keessatti karaalee adda addaatiin malleen dubbiitti dhimma kan bahaniidha. Kunis afoolaafi ogbarruusaanii keessatti malleen dubbiitti gargaaramuun nimul'ata. Kunis ergaan dabarfachuu barbaadan sun karaa dhoksaa ta'een qaama dhaamsichi akka bira gahamuuf barbaadame sun haala iccitii ta'een akka darbuuf faayidaa guddaa akka qaban salphaatti hubachuun nidanda'ama. Kanumarraa ka'uun malleen dubbii maal maal keessatti akka gargaaramnu armaan gaditti haa'ilaallu.

### 2.6.1. Dhihaannaa Malleen Dubbii Mammaaksa Keessatti

Mammaaksi gosoota afoolaa keessaa isaa tokko ta'ee jecha gabaabaa ogummaa hawaaasaa kan darbeefi kan dhufu karaa miira keenyatti dhagahamuun kan ibsuudha. Kanamalees, mammaaksi dubbii fixuufi fiduu kan danda'uudha. Kana jechuun namni tokko haasawa tokko eegaluuf mammaaksatti dhimma baha. Akkasumas dubbii eegalame tokko xummuruuf mammaaksi bakka olaanaa qaba. Kanaafuu, mammaaksi dubbii dheeraa ta'e tokko yeroo gabaabaa keessatti walitti cuunfee kan ibsuudha. Yaaduma kana deeggaruun Misgaanuu (2013:47) akkataa armaan gadii kanaan ibsa.

Mammaaksi yaada tokko humna miidhaksee, sammuu keessatti fakkii ergichaa kaasee ittiin hambisu humna qaba. Gama faan waliigaltee ta'ee tajaajiluun irrasaa yoo ilaalle ergas ifa ta'ee mullatu kan hunduu hubachuu danda'u kan dabarsu ta'uusaafi ergaan sun garuu qola dubbii kan qabu yoo qollisaa irraa ba'e, ergaan biroo kan jala jiruudha. Mammaaksonni himoota gaggabaaboo ta'anii oguma, haqa, hamileefi yaada gartuu…fudhatama qabu dubbii qolaa dhaabbataa ta'e kan dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti luufuudha jechuun ibseera.

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun kan danda'amu mammaaksi dhaamsa bal'aa tokko gabaabsee ibsuuf kan gargaaruufi yaada isaa kanas malleen dubbiitti gargaaramuun karaa

naannawaa ta’ee dabarsuuf kan tajaajiluudha. Akkasumas malleen dubbii ergaa sana dhaggeeffattoota biraan gahuuf gaheen malleen dubbii olaanaa ta’uun isaas kan hubatamuudha. Kanaafuu, malleen dubbii mammaaksa keessatti bal’inaan kan argamaniidha. Fakkeenyaf:

- Akka abaluttiin sirbaan morma nama jallisa.
- Biyya abbaa kootiti jettee injiraan muluu gubbaatti hafte.
- Alaa hamma arbaa manaa hamma garbaa jedhan.
- Adurreen garaa muratte, leencaan qixa nama sodaachifti.
- Garaa murtii murate, bishaan raafuutu gabbisa.
- “Garaan murtii hin qabne, diina abbaat,” jette hattuun.
- “Namni namumaa, ija nyaadhu” jette allaattiin

Mammaaksota armaan olii keessatti malleen dubbii adda addaatu jira. Mammaasa isa duraa keessatti wantoota lama wal-bira qabuun kan wal-madaalchisuudha. Inni kunis gosoota malleen dubbii keessa akkasa ta’a. Mammaaksi tartiiba lammaffaa irra jiru kun immoo yemmuu injiraan akka dhala namaatti biyya abbaa ishii kan hingadhiise jettee achirratti haftuutu mul’ata. Kunis amala dhala namaa keessaa isa tokko qooddachuun akka ilma namaa taatee argamuun injiraanii kun immoo akaakuu malleen dubbii keessaa nameessuudha. Mammaaksi inni dhumaa kun immoo malleen dubbii keessaa arbeessuutti dhimma baheera. Kana jechuun waa’ee nama tokkoo fudhachuun namni kunis yemmuu inni hawaasa keessati akka nama guddaa tokko ta’ee jirutti osoo beekkamuu yemmu gara manaatti deebi’u immoo nama waan takka hinqabneefi salphataa ta’uu isaatu hubatama. Knaafuu, amala waan tokkoo gar-malee ol kaasun yookin gad-buusuun malleen dubbii keessaa arbeessudha.

### 2.6.2. Dhihaannaa Malleen Dubbii Oduu Durii Keessatti

Durduriin gosoota afoolaa keessaa isa tokko. Durduriin wantoota yeroo adda addaa keessatti raawwataman bifa adda addaatiin kan dhiheeffamuudha. Oduun durii galgala erga maatiin walitti qabamanii booda maatiin wal-bashannansiisuufi barsisuuf kan itti agrgaaramaniidha. Kanamalees dhimmoota adda addaa achi keessatti waliif qooduuf kan tajaajiluudha. Yaduma kana deeggaruun Dorson (1972:53) yoo ibsu, *“…folktales are told pimarly for entertainment although they may have secondary purpose”* jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti oduun durii nama bashannansiisuuf kan taphatamuudha. Kanamalees, osuma bashannansiisuu barnoota biroos dabarsa. Barnoota kana keessaa inni

tokko gorsa jechuun nidanda'ama. Kanaafuu, oduun durii faayidaa guddaa qaba jechuudha.

Durduriin yemmuu dhihaatu immoo malleen dubbii achi keessatti gahee guddaa kan qabaniidha. Keessattuu malleen dubbii keessaa nameessuun bakka olaanaa kan qabuudha. Kana jechuun wantootni dandeettii dhalli namaa qabu kan hinqabne amala dhala namaa gonfachiisuun dhiheessuun nimul'ata. Kanumatti dabaluun, malleen dubbii kanneen akka arbeessuu, mitihee,iddeessuu,mallattoofi akkasaattis dhimma ba'uun kan danda'amuudha.

### 2.6.3. Dhihaannaa Malleen Dubbii Sirba Keessatti

Sirboonni akaakuu afoolaa keessaa isaan tokko ta'anii kan nama bashannansisuufi bohaarsuuf oolaniidha. Akkuma beekkamu hawaasni keenya yeroo duriirraa eegalee hamma ammaatti sirbootaafi geerarsatti gargaaramuun wantoota adda addaa ibsachaa kan tureefi ammas ibsachaa kan jiruudha

Geerarsi yookin sirbi aadaa uummata tokko keessatti faayidaa adda addaa kan qabuudha. Kana jechuun hawaasni tokko gammachuu, gadda, jaalala, jibba, quuqama, rakkinaafi bal'ina isaa sirbaafi geerarsaan ibsachaa kan tureedha. Namni tokko yemmuu aare, aarii isaa kana bifa sirbaatin ibsata. Yoo gammades, rakkates, gaddes, jaalateefi jibbes akkasuma jechuudha. Kanaafuu, uummanni Oromoos afoolaa isaa keessaa isaan kanatti bal'inaan gargaaramaa kan turaaniidha. Hiika geerarsaa ilaalchisee Awwal (2013;117) akkasitti ibsa.

Geerarsi afoola Oromoo keessaa isa tokko ta'ee kan hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti yeroo dhaadannoo, araaraafi yeroo seenaa ofii ibsachuu barbaadan itti gargaaramuun yaada adda addaa ittiin ibsatuudha. Uummanni Oromoo geerarsa yeroo geeraru harka duwwaa osoo hinta'in meeshaalee qara qaban kan akka eeboofi kanneen biroo harkatti qabachuun yeroo duulaa galaniifi waa ajjeesan yaada miira sammuu isaanii keessa jiru kan ittiin ibsatanidha jechuun barreesse.

Qabxii armaan olii kanarra kan hubatamu geerarsi waan dhalli namaa sammuu isaa keessatti itti dhufe tokko quuqama, gammachuu, gaddaafi rakkoo isaa ittiin ibsachuuf kan itti gargaaramuudha. Kunis yemmuu diinni biyya isaa isa saamuuf dhufe duuluun gootummaasaa itti hima. Yoo moo'ames akkaataa rakkoo kanaaf saaxilameefi gadda itti dhagahame ibsachuuf geerarsi iddoo guddaa kan qabuudha. Kanaafuu, aadaa hawaasa Oromoo keesatti geerarsatti gargaaramuun dhimmoota adda addaa ibsachuun bal'inaan kan mul'atuudha.

Kana jechuun waan faarsuu barbaade faarsuun waan arrabsuu barbaade immoo sirbaan arrabsaa; fedhii isaanii, gammachuu, gadda, jaalala, jibba, quuqama, inaaffaafi kkf sirbaan ibsachaa kan turaaniidha. Kanumarraa ka'uun malleen dubbii immoo dhaamsa sirba tokkoo karaa dhoksaa ta'een dabarsuuf shoora olaanaa kan taphatanidha.

Fakkeenya (1)

Akka gootu singorsaa
Kaadhimaa ormaatuu nigorsanii
Yoo dirqiin nama qabde
Haadha ofiitu ni'obsanii (afoola uummataati)

Walaloo sirbaa olitti argamu kana keessatti gosa mala dubbii akkasaatu argama. Innis gorsa fakkeessee waan garaa isaa itti himuun yaada ishee ofitti yeroo hawatu ni mul'ata.

Fakkeenya (2)

Yennaa hindaanqoon iyyituu
Laftilee gara barii
Yennaa argaa koo jibbituu
Nattilee gara galii (afoola uummataati)

Akka walaloo olitti argamu kanaatti mala dubbii mitiheetu keessatti argama innis yaada waliif faalaa ta'an lamatu keessatti jira. Kunis argaa jibbuufi natti gara galii kan jedhu kun kan waliin hindeemneedha.

Fakkeenya (3)

Roophilaan awwara kaase
Jimma abba jifaar bu'uufii
Ka'i yoo na faana kaate
Ani pooliisii ta'uufii,
Pooliisii mudhii kanniisaa
Siif jedheen bultii gad dhiisaa (afoola uummataati)

Walaloo sirbaa olitti argamu kana keessatti malli dubbii keessatti argamu iddeessa(bakkasaatu) keessatti argama. Innis mudhii kanniisaafi kan poolisiitu walitti fakeeffamee bakka walbuusee jira.

Wantoota armaan olitti tarreeffaman kanaan alatti malleen dubbii waliin dubbii hawaasni taasisan keessatti akkaataa gorsa fakkaatuun nama waan sirrii ta'e hinhojjenne tokko gorsuuf malleen dubbiitti yemmuu gargaaraman bal'inaan nimul'ata. Fakkeenyaaf, osoo

namni tokko waan dogongora hojjechaa jiru namni biroo tokko ittti dhufe wanti inni itti jiru sun sirrii akka hintaane itti himuu yemmuu barbaadu “waan sirrii hojjechaa jirtaa jabaadhu” jechuun itti hima. Sana booda namni sunis wanti inni dalagaa jiru sun sirrii akka hintaane hubachuun dogongora isaa irraa akka of deebisuuf nigargaara jechuudha.

### 2.6.4. Dhihaannaa Malleen Dubbii Walaloo Keessatti

Malleen dubbii jiruufi jireenya hawaasaa keessatti bakka hundatti argachuu nidandeenya. Haata’u malee walaloo keessatti irra caalaa kan dhimma itti bahamuudha. Walaloon sanyiiwwan ogbarruu keessaa isa umrii dheeraa qabuudha. Umrii dheeraa qabaachuun isaa immoo yeroo adda addaatti faayidaa hedduu akka qabaatu isa taasisa. Walaloo keessatti yaada garmalee keessa keenya quqquuqu, kan gammachuu yoo ta’e baay’ee gammachiisuu, gaddas yoo ta’e, kan baay’ee gaddisiisu ta’uusaa ibsuuf kan ooludha. Kana jechuun walaloon uunka gaggabaaboo kan qaban ta’anii ergaa bal’aa tokko dabarsuuf kan tajaajilaniidha.

Kanaafuu, yaada bal’aa kana immoo kan bakka tokkotti walitti qabee jiru malleen dubbiiti jechuun nidanda’ama. Malleen dubbii walaloo keessatti argaman kunis ergaan walaloo sanii karaa dhoksaa ta’een dubbistoota biratti sammuu isaanii keesatti fakkii uumuun akka isaan ergaa sana osoo hin’irraanfatin sammuu isaanii keessa tursuuf shoora olaanaa kan qabuudha.

Karaa biraatinis barreessitoonni adda addaa barreeffama isaanii keessatti malleen dubbiitti yemmuu gargaaraman nimul’ata. Kunis sababa mataasaa qaba. Sababni kanaas barreeffamni isaanii dubbistoota isaanii biratti bal’inaan akka dubbifamu, hawwatamaa akka ta’uuf, dhaamsi yookin ergaan barreeffamichaa kallattii adda addaatiin akka hubatamuufi yaada isaanii karaalee hedduun ibsuuf kan itti gargaaramaniidha.

Walaloon kunis malleen dubbiitti dhimma bahuun barbaachisaadha. Kanumarraa ka’uun, faayidaa malleen dubbii walaloo armaan gadii keessatti haa ilaallu.

Fakkeenyaf:

Yaada kootu naan labaa,
Akka foolataa sa’aa,
Ofii koottan haasa’aa,
Foolii isaatu na waama,
Akka asheeta urgaa,

Akka bareeda durbaa,

Akka foon mataa dirraa,

Akka ansoosillaa birraa. (Addunyaa Barkeessaa, 2014)

Walaloo armaan olii kana keessatti malleen dubbii garaagaraa argachuun nidanda'ama. Isaaniis: nameessuu, arbeessuu, iddeessuufi akkasa kan jedhaman as keessatti nimul'atu jechuudha. Walaloon akkasii qabiyyee kitaabaa keessatti barattoota shaakalchiisuuf bu'a qabeessa ta'a.

## 2.7. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu sakatta'a barruu walfakkii yookin qorannoo kanaan dura hojjetame waliin wal bira qabanii ilaaluun barbaachisaadha. Kunis hanqinaafi cimina qorannoo duraan tureefi kan amma hojjetamee walbira qabanii xiinxaluun yaada sirreeffama yookin yaadaa dabalataa kaa'udha. Kanumarraa ka'uun qoratichis qorannoo isaa kana keessatti qorannoo kanaan walfakkaatu sakatta'uun ciminaafi dadhabbina akkasumas yaada dabalataa kan qorannoo kana gabbisuu danda'an sadii sakatta'uu danda'eera.

Ibsaan qorannoo isaa (2016) Qaaccessa itti fayyadama malleen dubbii ogwalaloo Anaan'yaa jedhu keessatti yoo ta'u, Qorannoon kun sababni isaa ulaagaa digirii lammaffaa guuttachuuf kan gaggeeffamedha. Qorannoo isaa kanas boqonnaa shanitti qoodee dhiheesseera. Boqonnaa tokko keessatti gaaffileen bu'uuraafi kaayyoon gooree isaa haalaan kan walsimate ta'ee ni mula'ata.

Boqonnaa lammaffaa sakatta'a barruu keessattis maalummaa afoolaa gosoota afoola, maalummaa malleen dubbii faayidaalee malleen dubbiifi qorannoon barruu walfakkii haala barbaachisaa ta'een sakatta'a kana jalatti dhihaateera. Boqonnaa sadii keessatti kanneen akka madda odeeffannoo iddattoo, mala odeeffannoon ittiin qaacceffamu, mala odeeffannoon ittiin funaanamufi adeemsa qorannichi keessa darbu tartiibaan tarreessuun ibsameera.kun qorannoo isaa galmaan gahuuf cimina isaa agarsiisa. Boqonnaan afur qaaccessa odeeffannoo dhiheessuudha. Boqonnaa kana keessatti kitaaba walaloo Anaan'yaa jedhamu keessatti itti fayyadama malleen dubbii argaman tokkoo tokkoon gosaafi fakkeenya isaanii waliin qaacceffamanii dhihaachuun cinina qoratichaati. Boqonnaa tokko jalatti kaayyoo gooreefi boqonnaa afur qaaccessa jalatti kan dhihaate kallatiin fuullee waliitti argamuu dhabuun isaa akka hanqinaatti kan mul'atuudha.

Boqonnaa shanaffaan cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaa haala barbaachisummaa isaatiin tokko tokkoon ibsi itti kennamee dhihaateera.

Alamuun qorqnnoo isaa (2017) Xiinxala gahee dubbiin qolaa afaan barsiisuu keessatti qabu: xiyyeeffannoon kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa jedhu keessatti yoo ta'u, Qorannoon kun sababni isaa ulaagaa digirii lammaffaa guuttachuuf kan gaggeeffamedha. Qorannoo isaa kanas boqonnaa shanitti qoodee dhiheesseera. Alamuun qorannoosaa kana keessatti kutaalee gurguddoo shanitti qoodee kan qorateedha.Qorannoon kunis kutaalee gurguddoo shan qaba.Boqonnaa tokko keessatti gaaffileen bu'uuraafi kaayyoon gooree isaa haalaan kan walsimate ta'ee ni mula'ata.Faayidaa dubbii qolaa kitaaabicha baratataa sana keessa maalfaa akka ta'an haalaan ibsamee jira.

Dhimmoonni nuti mata duree qorannoo keenyaan walqabsiifnee kaasnu martinuu walqabatanii ykn walhidhatanii deemaa jiraachuusaanii mirkaneeffachaa deemuutu murteessaadha. Kana jechuunis wantoonni nuti qorannoo keenya keessatti dhiyeessinu hundinuu kaayyoo gooroofi gooree keenya kan galmaan nuuf gahan ta'uu qabu. Kana jechuunis maloonni nuti fayyadamnu, qaaccessi keenya, argannoowwaniifi yaboon ykn yaadni furmaataa nuti keenye kaayyoo nuti jalqaba tarreeffanne waliin walirratti ijaaramaa deemuu qabu. Kun yoo hinta'in hafe firiin qorannoo keenyaa qilleensa irratti rarra'ee kan hafu ta'a. Kanaafuu, qorannoo tokko yammuu adeemsifnu kaayyoo, qaaccessa, argannoofi yaboo keenya walunachiisaa deemuun namni firii qorannoo keenyaarraa akka dhandhamatu gochuuf hubannaan itti yaadnee qindeessuun qorannoo rakkoo hawaasaa furu adeemsisuudha.

# Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa

Boqonnaa kana jalatti Saxaxa qorannichaa,malleen qorannichaan walqabatan kanneen akka madda ragaan irraa argamuu,mala iddatteessuu,mala funaansa ragaalee fi malleen xinxalaa ragaaleetu dhihaate.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee kan dhihaate. Boqonnaa isa duraa keessatti Seensa, Ariirrata, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, Faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindoomana qorannichaatu argama. Boqonnaa lama keessatti sakatta'a barruu jalatti maalummaa afoolaa, gosoota afoolaa, maalummaa malleen dubbii, akaakuu malleen dubbiifi dhihaannaa malleen dubbiitu dhiyaate. Boqonnaa sadaffaa keessatti malleen qorannoo jalatti immoo madda odeeffannoo, mala iddatteessuu, iddattoo akkayyoo, mala odeeffannoon ittin funaanamufi adeemsa qaaccessa ragaa of keessatti kan hammateedha. Boqonnaa arfaffaa keessatti qaaccessa ragaaleen funaanamaniitu dhiyaate. Boqonnaa shanaffaa keessatti cuunfaafi yaboo qorannichaatu dhiyaate. Dhumarratti,kitaabilee wabii, dabaleewwaniifi agarsiistuu odeeffannoof tajaajilanitu jira.

Boqonnaa kana jalatti mala qorannichaa Waliin walqabatan kanneen akka madda odeeffannoo, mala iddattoofi iddatteessuu akkayyoo, mala odeeffannoon ittiin funaanamu, sakatta'a dokimentiifi adeemsa qaccessa ragaaleef yaadamantu waldura duubaan dhihaatee jira.

Qorannoo tokko yammuu adeemsifnu gosa qorannoo geggeessinuurratti hundoofnee meeshaalee odeeffannoo ittiin funaannannuufi qaaccessinu murteessina. Malleen qorannoo jiran keessaas qaacceessi, qeeqni yookaan xiinxalli ogbarruurratti geggeeffamu sakatta'a barruurratti xiyyeeffatama. Kanuma bu'uureffachuu kan qorataan yeroo qorannoo kana geggeessu kitaabilee armaan olitti filataman gadi fageenyaan sakatta'e. Kanaafuu, gosti qorannoo filatamee qorannoo sakattaadha.

## 3.2. Iddattoofi Iddatteessuu

Qorannoo tokko adeemsisuuf sababa hanqina yeroofi maallaqaarraa kan ka'e maddoota odeeffannoo ta'uu kan danda'an hunda bira deemanii odeeffannoo qorannichaaf barbaachisan funaannachuun hedduu dadhabsiisaa akka ta'e beekuun waan nama rakkisu miti. Rakkoo kana salphisuufis iddattoo filachuun furmaata filannoo biroo

hinqabneedha. Kanaaf, qorataan tooftaalee iddatteessuu jiran keessaa miticarraa filatee achi keessaammoo iddatteessuu akkayyootti dhimma bahe. Sababni qorataan gosa iddatteessuu kana filateefis kaayyoosaa irratti hundaa'eeti. Kana jechuunis kitaabileen filataman kunneen mata duree qorataan qorannoosaaf filatee wajjin kan deemaniifi barsiisota hedduu birattis kan beekaman waan ta'aniif.

### 3.3. Madda Ragaa

Qorannoon kun madda odeeffannoo sadarkaa lammaffaarratti hundaa'ee geggeeffame. Sababnisaa odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu Kitaabilee Barnootaa Afaan Oromoo, QBfi Siilabasii kutaa 9$^{ffaa}$-12$^{ffaa}$ keessaa waan sakatta'amaniif. Meeshaaleen barnootaa kunis bara 2005 kan maxxanffame yoo ta'u qorataanis maxxansa kana madda raga godhate. Kitaabileen kunis kan kutaa 9$^{ffaa}$ fuula 181, kutaa10$^{ffaa}$n fuula 174, kutaa11$^{ffaa}$ n fuula 224, kan kutaa12 $^{ffaa}$ fuula 172 qabu. Akkasumas QBAO yoo ilaallu isaanis kutaa 9$^{ffaa}$n fuula 121, kutaa 10$^{ffaa}$n fuula 118, kutaa 11$^{ffaa}$n fuula 149, kutaa 12$^{ffaa}$n fuula135 yoo ta'u qorataan madda raga qorannoosaa godhate. Siilabasiin kutaa 9-12tti qophaa'e kunis fuula 134 qofa qaba.

### 3.4. Mala Funaansa Ragaa

Qorannoon kun qaaccessa Siilabasii, kitaabilee barnootaa AOfiQB kutaa 9$^{ffaa}$ -12$^{ffaa}$rratti waan xiyyeeffatuuf ragaaleen qorannoo kanaaf barbaachisan kan argaman kitaabilee kanneen sakatta'uudhaani. Kana gochuufis qorataan gaaffilee bu'uura qorannichaafi kaayyoowwan qorannichaa bu'uura godhachuun kitaabilee kanneen irra deddeebi'ee erga dubbisee sakatta'ee booda odeeffannoowwan qorannoosaaf barbaachisan funaannachuu danda'eera. Ragaalee funaanaman kanneenis kaayyoo qorannichaarratti hundaa'ee kanneen walfakkaatan mataduree walfakkaataa jalatti dhiyeessuun mataduricha jalattis odeeffannoo barbaadame akka fakkeenyaatti dhiyeessee tokko tokkoon xiinxalasaa dhiyeesseera.

#### 3.4.1. Sakatta'a Dookumentii

Sakatta'a dookumentii jechuun adeemsa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti tooftaa qorannoo san fudhatamummaafi dhugummaa isaa mirkaaneessuuf kitaaba, galmeefi bareeffaamtoota bifa adda addaatiin taa'an qaacceessuun ciminaafi hanqina qabiyyee isaanii ibsuuf kan gargaarudha.Yaaduma olii kana deeggaruun Dastaa (2011:131) yoo ibsu, "Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootitti nama fayyadan hedduutu

jira.Isaan keessaa kanneen akka waraqaa ragaa , kitaabota, xalayaa, nagahee, ajandaa, qaboo yaa'ii, barreeffama murtii, yaadannoofi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u" jechuun ibseera. Gama biraatiin immoo, akkaataa kamiin oddeeffannoon funaannamuu akka qabu addaan baasuun barbaachiisaadha. Inni kunis odeeffannoo funaannamu kanas bifa jechaan funaannamuu qaba. Kanumarraa ka'uun odeeffannoon funnaannamu kunis mala allakkaafsatti yookin jechatti gargaaramuun kan ragaan qorannoo ittiin funaannamuudha

### 3.4.2. Sakatta'a Siilabasii kutaa 9ffaa-12ffaa

Silabasiin qophii sirna barnoota keessatti ragaa isa guddaa odeeffannowwan qaamolee sirna barnootaatii dabarsuuf gargaaruudha. Silabasiin meeshaa sirna barnootaa isa gahee olaanaa qabuufi kan qopheessitoonni sirna barnootaa qaamolee sirna barnootaa kanneen akka barsiisotaa, barattootaa, qopheessitoota kitabilee barataafi dura taa'ota manneen barnootaatiif odeffanno waa'ee barnootaafi gochaawwan baruu barsiisuu ittiin daddarbu ykn ittiin lufuun ta'uu hubanna. Gaheen isaa kunis akaakuu barumsaa tokkoof kaayyoowwan fiixaan bahu qaban qabiyyeewwan kaayyoowwaniif mijaawaa ta'an, wayitiilee qabiyyeewwaniif ramadaman, malaafi tartiiba dhiyeessa barnoota, akkasumas tooftaa madaallii hojii barnootaa hunda ifaan kan agarsiisuudha. Dabalatanis silabasiin meeshaa barnootaa kanneen akka kitaaba barataafi qajeelchaa barsiisaatiif ka'uumsa akka ta'eefi imaammata barnootaarratti hundaa'ee kan qophaa'u ta'uu qopheessitoonni sirna barnootaa haalan ibsanii jiru. Bu'uuruma kanaan silabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa -12ffaa qophaa'ee itti gargaaramaa jiramu akaakuufi dhihaannaa malleen dubbiirratti qaaccessa qoratichi gadifageenyaan dhiheesseera.

### 3.4.3. Sakatta'a Kitaaba Barataa Kutaa 9 ffaa -12 ffaa

Maddi meeshaalee funaansa ragaalee kan jalqabaa qorannoo kana galmaan ga'uuf filatame sakatta'a KB kutaa 9 ffaa -12 ffaa ti. Kitaabilee kana keessattis boqonnaa malleen dubbii keessatti argaman sakatta'uun adda baasun dhiheessuudha. Kunis bal'inaan kan irratti xiyyeeffatu, akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii afoola Oromoo kitaabilee keessatti haala akkamiin dhiyaatee akka jiru adda baasuufi ibsa dabalataa kennuu, akaakuun malleen dubbii kitaabilee keessatti qoodamuufi fakkeenya kenname, tajaajilaafi qabiyyeen haala akkamiin qoodamanii akka jiran, ibsaafi fakkeenya kenname adda baasuu; hanqinaalee jiran sakatta'uun malleen dubbii kitaabilee barnootaa keessatti haala akkamiin dhiyaachuu akka qabu ibsuudha. Waliigalaatti, malleen dubbii afoola Oromoo

kitaabilee barnootaa keessa jiran maal akka fakkaataniifi akkamitti akka dhiyaatan kan keessatti sakatta'amaniidha.

### 3.4.4. Sakatta'a Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 9 ffaa -12ffaa

Maddi odeeffannoo kan lammaffaa qorannoo kana galmaan niga'a jedhamee filatame sakatta'a QB kutaa 9ffaa- 12ffaa yoo ta'u; kunis, kan irratti xiyyeeffatu akaakuu malleen dubbii KB keessatti dhiyaatanii jiran QB keessatti akkamiin dhiyaatanii akka jiran kan adda baasuudha.Kunis, garaagarummaa KBfi QB gidduu jiru sakatta'ee ibsuu irratti xiyyeeffatee jira.Kana jechuun ibsaafi fakkeenyi KB keessatti kennamee jiruufi deebii yookaan ibsi QB irratti kennamee jiru garaagarumma qabaachuufi dhabuu isaa adda baasa. Kanaaf, qorataan ragaalee kana lamaan sakatta'a dokimentii dhiyaateen walbira qabuun qaaccessee dhiyeesseera. Sakatta'a dookumentii jechuun adeemsa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti tooftaa qorannoo san fudhatamummaafi dhugmmaa isaa mirkaaneessuuf kitaaba galmeefi bareeffaamtoota bifa adda addaatiin taa'an qaacceessuun ciminaafi hanqina qabiyyee isaanii ibsuuf kan gargaarudha.

### 3.4.5. Adeemsa Qaacceessa Ragaalee

Qorataan mataduree "Qaaccessa Akaakuufi Dhihaannaa malleen dubbii Afaan Oromoo KB kutaa 9ffaa -12ffaa" jedhurratti qorannoo geggeessuuf Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruuf fookilooriitti dhiyeeffatee, matadurichi mirkanaa'ee xalayaan deggersaa erga kennameefii booda, gorsaa waliin walarguun adeemsa hojii ittiin eegalu irratti ibsa fudhachuun, gara biyyaatti deebi'uun hojii isaa eegaleera. Xalayaan kunis odeeffannoo hojii qorannoo kanaaf barbaachisu bakkaafi qaama barbaachisoo ta'an bira deemanii argachuuf kan gargaaruudha. Qorataanis, malleen dubbii kitaabicha keessatti argaman sakatta'uun erga adda baafateen booda yaxxinaalee kaayyoo qorannicha galmaan ga'u jedhee yaadu qabachuun barruulee adda addaa matadurichaan walitti dhufeenya qaban Afaan Oromoo, Afaan Ingiliziifi Afaan Amaaraan barreeffamanii jiran sakatta'uun qorannicha geggeesseera. Haala kanaan ragaaleen funaanamanii qorannichi geggeeffameera. Qorannoo kana keessatti karaan ragaaleen qoraannoo itti qaacceffame, karaa tokkooni. Kunis mala sakatta'a dookumentiiti. Kunis jalqaba kitaabilee barattoota kutaa salggaffaa hanga kudha-lammaffaa keessatti akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii argaman addaan baasuudha. Sababnisaas, qorannoo kun irraa caalaa kaallattiin kan irratti xiyyeeffatu isa kana waan ta'eef. Kanamalees, odeeffannoo funaanuuf malli funaansa odeeffannoo qorataan itti gargaarame sakatta'a dookumeentiiti.

Akkuma armaan olitti ibsame qorannoon kun qorannoo akkamtaadha. Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman qaaccessa Siilabasii, KBfiQB kutaa $9^{ffaa}$–$12^{ffaa}$ jiruudha. Odeeffannoo argaman kanneen kaayyoo qorannichaa bu'uura godhachuun, haala walitti dhufeenya qabaniin walitti fiduun ragaalee argaman bifa barreeffamaatiin qindaa'anii dhiyaateera. Kunis, akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii afoola Oromoo siilabasii,KBfi QB keessatti argaman sakatta'amanii qaaccefamuun dhiyaataniiru. Mala qaaccessa ragaalee jechuun, ragaalee funaannaman sanarratti hundaa'uun kan qoratichi argannoosaa itti mirkanessuu mul'isuudha. Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu malleen qaacceessa ragaa niqaba. Malleen kunis mala akkamtaafi mala ammamtaa jedhamuun bakka lamatti qoodama. Qoratichis qorannoo mata dureen isaa qaaccessa akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii kitaabilee barattootaa Afaan Oromoo kutaa salggaffa hanga kudha-lammaffaa kan jedhudha. Qorannoo kana gaggeessuuf qoratichi mala akkamtaatti dhimma baheera. Sababnisaas ragaaleen funaanamuu qaban akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii kitaabilee barattootaa Afaan Oromoo kutaa salggaffaa hanga kudha-lammaffaa kana jechaan ibsa kennuun kan qaacceeffameedha. Mala qaaccessa ragaalee qoraannoon tokko ittiin gaggeeffamuu keessaa qoratichis qorannoo isaa kana adeemsisuuf malli inni itti dhimma bahe mala akkamtaati jechuudha. Haaluma kanaan ibsaafi hiikni bal'inaan itti kennamee barreeffamaan qindaa'ee yaada hayyootaan deggeramee boqonnaa itti aanu keessatti dhiyaateera.

# Boqonnaa Afur: Qaaccessaafi Ibsa Ragaalee

Boqonnaa kana keessatti akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ keessatti argaman: akaakuufi dhihaannaa isaanii: afoola Oromoo keessaa kanneen akka qabiyyeetti galan duraa duubaan dhiyaateera. Kana malees, akaakuun malleen dubbii KB, QBfi Silabasii keessatti dhiyaatan, Akaakuu malleen dubbii kanneen akka qabiyyeetti dhihaatan ibsameera. Malleen dubbii haala dhiheenyaa kamiin akka dhihaatan akkasumas, qindoominni malleen dubbii boqonnaa gara boqonnaatti jiru maal akka fakkaatu; Qindoominni malleen dubbii kutaa gara kutaatti jiru maal akka fakkaatu ibsameera.

Garaagarummaafi gosa malleen dubbii kitaaba barattootaa kutaa $9^{ffaa}$ -$12^{ffaa}$ keessatti argamuufi boqonnaalee qabiyyeen kun keessatti dhiyaate adda baasuun dhihaateera. Walsimannaafi garaagarummaa qabaachuu isaanii ilaalamuun, hanqina mul'atuuf furmaanni isaa kan keessatti dhiyaateedha. Qaaccessi kunis kan taasifameef, silaabasiin Kutaa $9^{ffaa}$- 12 $^{ffaa}$ kan durii haaromfamuun haaraan itti fufee akka qophaa'uuf qaaccessi kun taasifameera.

Haaluma kanaan sakatta'a qorannoo irraa odeeffannoo argachuuf qaaccessi meeshaalee barnootaa sadan (KB,QBfi Silabasiin) boqonnaa hunda keessatti afoola keessaa kan akka qabiyyeetti dhihaatan haalaan qaacceffamanii jiru.Bifuma kanaan qorannoon kun qaaccessa akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii kitaaba barattoota kutaa $9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ barnoota Afaan Oromoo irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef qoratichis muuxannoo qaburraa ka'uun jalqaba rakkoolee gama kanaan mul'atan addaan baasuuf meeshaalee barnootaa kana sadan walcinatti walbira qabuun qabiyeewwan boqonnaalee dhihaatan jalatti argaman sakatta'uu danda'eera. Akkasumas, rakkoolee bira gahaman eeruuf qaaccessa gaggeessee jira. Kanaaf, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa$9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ keessatti akaakuufi dhihannaan malleen dubbii argaman sakatta'uun ciminni jiru akka jirutti itti fufee, hanqina jiru adda baasee furmaata isaa waliin qorannoon kun dhiyeesseera.

## 4.1. Mil'uu Silabasii, KBfi QB Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa-12ffaa Keessatti

Afaan Oromoo Kutaa $9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ Kaayyoon barnoota afaanii (lanruage education) inni guddaan barattoonni afaan baratan sanaan hojjachuu akka danda'aniifi ogummaawwan afaanii warra bu'uura (the basic language skills) horachiisuudha. Xiyyeeffannoon

barnoota afaanii biyya keenyaas, meeshaalee ogummaawwan (dandeettiiwwan) kanarratti gahuumsa gonfachiisuun walqunnamtii barnoota afaaniifi jireenya hawaasummaa garagaaraa keessatti akka itti fayyadamaniif haala mijeessuudha.Kaayyoowwan kana galmaan ga'uuf tattaaffiiwwan taasifaman keessaa inni guddaan qophii meshaalee barnootaati.Meeshaaleen barnootaa adeemsa baruu barsiisuu keessatti iddoo gudda qaban keessaa isaan beekamoon kanneen akka silabasii barnootaa, kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa isaan angafaati.Meeshaalee kanneen keessaayis silabasiin, kitaaba barataafi qajeelacha barsiisotaa ka'uumsaadha. Silabasiin barnootaa bu'uura meeshaa brnootaa biraatiif ta'e kun, kaayyoo guddaa galmi sagantaan barnootaa bu'aa barbaadame bira ittiin gahamuu danda'amu cimaa ta'e qaba.

Akkasumas silabasiin sadarkaa lammaffaa marsaa tokkoffaafi lammaffaa barnootaa Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$ -12 $^{ffaa}$ qophaa'e qabiyyeewwan adda addaa kanneen akka ogummaawwan afaanii bu'uuraa, hiika jechootafi caasluga keessatti hammachiisuun qophaa'ee hojiirra oolee jira.

Dabalataanis kaayyoo sirna baruu barsiisuu galmaan ga'uuf carraaqqiiwwan godhame keessaa inni biraa immoo qophii kitaaba barataati. Kitaabni barataa barnooni Afaan Oromoo kuta $9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ bara (2005) nitti qophaa'ee hojiirra oolees boqonnaalee gargaaraa of keessaa qaba. Isaanis kutaa $9^{ffaa}$ n boqonnaa 18, kutaa 10 $^{ffaa}$ n boqonnaa 18, kutaa 11 $^{ffaa}$ n boqonnaa 17, kutaa 12 $^{ffaa}$n boqonna 18fi barannoowwan adda addaa qabiyyeewwan gargaaraa kaneen dandeettiiwwan afaanii, dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, berreessuu, hiika jechootafi caaslugaa akkasumas afoolaafi ogbarruu barreeffamaa hammachuun qophaa'ee jira. Shaakalliifi gilgaalonni adda addaas kan barattoota sadarkaa kanaatti qabiyyeewwan dhiyaatan kana shaakalchiisan keessatti qophaa'anii jiru. Akkasumas qajeelchi barsiisaas kaayyoo, qabiyyee, mala baruu barsiisuu, yaadannoowwan gaggabaaboo, qabiyyeewwan kitaaba barataa keessatti dhiyaatan kan tumsan, kaayyoo barumsichaa galmaan gahuurratti hojii barsiisaatiif tumsa gochuuf baruma sana kitaaba barataa wajjin qophaa'ee hojiira ooleera.

Walumaagalatti qophiin meeshaaleen barnootaa kunniin sirna barootaa bu'uura taasifachuun barattootaaf odeeffannoofi hubannoo garagaaraa dhiyeessun beekumsaafi dandeettiiwwan adda addaa horachiisuuf qabiyyeewwan heddu hammatanii qopheeffamanii jiru. Haata'u malee qabiyyeewwan meeshaalee kana keessaatti dhihaachuu isaanii hubachuuf xiinxalli akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii meeshaalee barnootaa kaneen sadan irratti godhameera.

## 4.2. Qaaccessa Akaakuufi Dhihaannaa Malleen Dubbii Kitaaba Barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa-12ffaa

Qorattichi xiinxala meeshaalee barnootaa sadan (silabasii, kitaaba barataafi qajeelchaa barsiisaa) barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa -12ffaa walcinaa qabuun kan sakatta'aman boqonnaa gara boqonnaatti, kutaa gara kutaatti qabiyyeewan meeshaalee kanniin keessatti argaman akka kanaa gadiitti kutaadhaa kutaatti, boqonnaadha boqonnaatti kan jiru, sakatta'iinsi taasifamee yaadaan qaacceffamee jala jalatti ibsamee jira.

### 4.2.1. Dhiyaannaa Malleen Dubbii Kitaabilee Barataa Keessatti

Kitaabni qophaa'u tokko sadarkaa dandeettii barattootaa ilaalcha keessa kan galchuufi barataan kan walsimatu, barattoota kan hawwatuufi qabiyyeen isaa barattoota mariisisuuf kan haala mijeessu; akkuma kanas, irra deddeebii kan hinqabneefi kan barattoota xiinxalsiisu ta'uu qaba. Harmer (1987:47) "Kitaabni barnootaa qophaa'u tokko barattoonni daree barnootaa keessatti osoo waliin haasa'aa ykn marii taasisaa kan baratan osoo ta'ee gaariidha; kunis, karaa kallattiifi alkallattii ta'uu danda'a" jedha. Kana jechuun qabiyyeen barnootaa qophaa'u tokko kan barattoota bu'uura taasifate ta'ee, ibsi barttootaaf kan kallattiin irratti kennamuufi fayyadama keessa akka barataniif kan qophaa'u ta'uu qaba. Akaakuun malleen dubbii Afaan Oromoos karaa kallatti ta'eefi alkallattii ta'e dhiyeessuun nidanda'aama.

Fakkeenya

> *Dur dur namoota sadiitu turan jedhama. Namoonni kunis imaltota yoo ta'an hundinuu ogummaa garagaraa qabu. Sadan keessaa inni tokko bishaan daakuu danda'a. Inni biraan ammoo, qiyyaafatee rasaasaan rukutuu ittibeeka. Inni sadaffaan ogummaa ximboo rukutuu qaba. Inni duraa daaktuu, inni 2ffaan adamsituufi inni 3ffaan sirbituu jechuudha. Sadan isaaniiyyuu akka carraa gaaf tokko waliin karaa deemuu turan. Osuma haasa'aa deemanii, intalli bareedina isheetiin achitu hafee hinqabne tokko osoo qarqara bishaaniitti uffata miiccituu argan Intalattiin kuullee ilkaan cabbii tarree galanii baddeessatti suuqaman fakkaatu, kan yeroo seeqqattu onnee nama keessatti baksitu yoo gara isaaniitti garagaltu, wal-ilaalanii wal-wallaalan. Rifeensi mataa ishee dugda isheerra dhangala'ee qalbii namaa booji'a. Mudhii ishee kan mootii kanniisatiin adda hinba'u. Ijji bungullii bonaa, maddiin ammoo, goraa diimatee alaalatti nama hawwatu fakkaatu. Kun marti waliin ta'anii bareedina ishee aduu birraa ganamaatiin wal-dorgomsiisaa naannoo ishee waan biraa fakkeessanii jiru. Imaltonni sadanis dhaabatanii waa'ee bareedina ishee ajaa'ibsiifachaa, "Anatu fuudha;*

*anaaf taati," jechuun wal-mormuu jalqaban. Kanuma keessa naachi guddaan tokko bishaan keessaa ol utaalee ishee qabatee bishaanitti gaddeebi'e. Jarris naasuun hadoodanii xis, ximbis hinjenne; ija keessa wal- ilaalu eegalan. (kitaaba kutaa11ffaa fuula 71kan fudhatame.)*

Fakkeenya kana keessatti akaakuu malleen dubbii garagaraatu argama.

- kuullee ilkaan cabbii tarree galanii baddeessatti suuqaman fakkaatu ⟶ Akkasaa
- Kan yeroo seeqqattu onnee nama keessatti baksitu ⟶ arbeessuu
- Yoo gara isaaniitti garagaltu, wal-ilaalanii wal-wallaalan. ⟶ Mitihee
- Rifeensi mataa ishee dugda isheerra dhangala'ee qalbii namaa booji'a. ⟶ arbeessuu
- Mudhiin ishee kan mootii kanniisatiin adda hinba'u. ⟶ Iddeessa
- Ijji bungullii bonaa ⟶ Iddeessa
- Maddiin ammoo, goraa diimatee alaalatti nama hawwatu fakkaata. ⟶ Akkasaa
- Kun marti waliin ta'anii bareedina ishee aduu birraa ganamaatiin wal-dorgomsiisaa naannooishee waan biraa fakkeessanii jiru. ⟶ Nameessa

Afoola kana keessatti barattoonni wantoota hawaasa keessatti argaman akaakuu malleen dubbii haalaan dhaggeeffatanii waan dhaggeeffatan barreeffamaan akka olkaa'aniif nigargaara. Kana keessattis barattoonni dandeettiiwwan afaanii keessaa dubbisanii hubachuun, waan hubatan irratti dandeettii barreessuu nigabbifatu.

Walumaagalatti, haala kanaan afoola keessatti malleen dubbii dhiyeessuun barattoonni afoolichatti bo'aaruun akaakuu malleen dubbiifi faayidaa isaanii akka baratan gochuun nidanda'ama. Kana malees dandeettii barreessuu isaanii ni gabbifatu. Kanaaf, qopheessitoonni sirna barnootaa qorannoo kana bu'uura godhachuun KBfi QB qopheessuun fudhatamummaa barnootichaaf guddina caasaa afaanichaaf gumaacha gochuun nigargaara.

### 4.2.2. Akaakuu Malleen Dubbii Kallattiin

Kun karaa ifaa ta'een akaakuu malleen dubbii afoola jiran keessatti kan argaman fayyadamuun afaan barsiisuu jechuudha. Kana keessatti, barattoonni, kallattii barsiisaan kitaabileefi dhiyeessuuf kallattii qabsiisuufi qajeelfama kennamu faana bu'uun baratu. Karaa kallattii ta'een afoola keessaa barannoo qopheessuu ykn barsiisuu keessatti ibsaafi fakkeenyota adda addaatu kennama; barattoonnis ibsaafi fakkeenya kenname irratti bu'uureffachuun hojjechuu nidada'u. Kana jechuun, matadurichi waa 'ee malleen dubbii kan ibsudhaa? kan ibsudha yoo ta'e, akaakuu malleen dubbii ibsan ilaalchisuun ibsi

maalummaa malleen dubbii adda addaa dursamee kitaabicha keessatti barattootaaf kan dhiyaate ta’ee, gilgaalonni dabalataa boodaan kennamu ykn kan dhiyaate jechuudha. Yaada kan bu’uureffachuun akkaataa dhiyaannaa akaakuu malleen dubbii KB kana keessatti dhiyaatan yoo ilaalle baay’inaan yaada ibsamuuf yaalame kana kan ibsu hinfakkaatu.

Kana jechuun kitaabni qophaa’e kun karaa kallattiin malleen dubbii barattoota barsiisuuf osoo hin ta’in karaa alkallattii ta’een dubbisa qopheessuun sanarratti xiyyeeffachuun qabiyyee kana barsiisuu irratti kan xiyyeeffateedha.

FKN.

KBAO Kutaa 9ffaa boqonnaa 17 fuula 168 barannoo 2 afoola gilgaala 4fi5 shaakala jechamootaafi malleen dubbii kan jedhu qofatu mul’ata. Hima asoosama olii keessaa bahe kana kan ilaallu yoo ta’e dubbisa dhihaate irratti xiyyeefachuun malleen dubbii qabiyyee kana keessatti argaman barattoota barsiisuuf kan dhihaateedha. Akaakuu malleen dubbii asoosama dhihaate kana keessatti argaman barattoonni dubbisicha dubbisanii gilgaala keessatti ammoo waan gaafataman deebisuu nidanda’u.

KBAO Kutaa 10ffaa boqonnaa 16 fuula 163-164 barannoo 3 afoola jechamootaafi malleen dubbii kan jedhu haala gaditti argamuun dhihaatee jira. Gilgaala armaan gaditti argamu kana keessatti ajaji kenname akkuma ibsu barattoonni walii isaanii gidduutti mari’atanii akka deebii deebisan kan gaafatuudha. Kun ammoo dandeetti dubbachuu isaanii akka gabbifataniif isaan gargaara.

Gilgaala 5 shaakala malleen dubbii

A. Himoota armaan gadii keessatti gaaleewwan jala sararaman maal ibsuuf akka gargaaran gareen irratti mari’adhaa.

- Yaanni akka daawwitii mana isaa durii itti mul’ise
- Simbirran ishii kun ilaalamanii hin nuffaman
- Akka nama sammuun dhukkubsatee mataan isaa naanna’e
- “Biiftuun leenca “jedhuun
- Akka handaaqqoo bobaa jalatti osoo hammaattee ni jaalatti
- Yaaddoon camadee isaan qotachuu eegale.
- Jireenyi, Biiftuudhaaf, sirriitti barumsa kenneeraaf.

Gilgaala 5A keessatti barattoonni walii isaanii gidduutti waliin marii gochuun yaada isaanii akka ibsaniif kallattiin kennamuu niagarsiisa. Kun ammoo dandeettii afaanii keessaa ogummaa dubbachuu isaanii akka gabbifatan isaan gargaara.

B. Himoota ‘A’ jalatti kennaman kanneen garee armaan gadii jalatti sababa isaa wajjiin ramadi.

- Mala dubbii akkasaa
- Mala dubbii iddeessaa
- Mala dubbii nameessaa

Gilgaala 5B jalatti barattoonni dandeetti afaanii keessaa dandeettii dubbachuufi barreessuu akka gabbifataniif ajaja kenname faana bu’anii kan hojjetan yoo ta’e dubbisa kenname sakatta’anii dandeettii kana akka gabbifataniif kallattii kennamee jira. Kunis dandeettiin barattootaa akka akka dabaluuf gahee guddaa qaba.

Gilgaala 5C. Himoota akka bifa A’jalatti barreeffamanii kana shan gosoota malleen dubbii isaanii wajjin asoosamicha keessaa baasuun agarsiisi. Gilgaala kana keessattis kan mul’atu barattoonni malleen dubbii asoosama keessatti dhihaate barbaadanii akka dhiheessan kan gaafatu kun dubbisanii bira gahanii akka dhiheessan waan ajajuuf dandeettii dubbisanii hubachuu barachuu barattootaa kan chimsuudha. Kun ammoo malleen dubbii kitaabicha keessatti argaman dubbisuufi dhaggeeffachuun adda baasanii akka ibsan isaaniif kallattiin kennamee jira. Kunis dandeettii afaanii jiran keessaa dhaggeeffachuufi dubbisuu isaanii kan cimsuudha.

KBAO Kutaa 11$^{ffaa}$ boqonnaa 5 barannoo3 fuula 87 gilgaala 5 A fudhannee yoo ilaalle himoota dhihaataniif akaakuu malleen dubbii akka ibsaniif fakkeenyiifi gilgaalli kennamee jira. Kunis, akaakuu malleen dubbii akka barreessaniif gilgaalichi kan gaafatu. Gaaffiiwwan kunis dandeettii barreessuu barattootaa akka gabbifataniif kan barattootaa gargaaruudha.

Kana malees, kitaaba barataa Kutaa 12ffaa boqonnaa 9 barannoo 3 fuula 96 gilgaala 9 ajaja 1$^{ffaa}$ irratti himni armaan gadii dubbii qolaa kamin akka ibsu himi kan jedhu dhihaatee jira. Ajaja kanarraa kan hubannu kaayyoon gooree isaa /specific objective/ kun dandeettii afaanii gurguddoo afuran jiran keessaa kan inni irratti xiyyeeffatu dandeettii dubbachuu isaanii akka gabbifatan kan qajeelchuudha.

Fakkeenya

- ✓ Tolaan akka gaaddidduu nama biraa hin hafu.
- ✓ Abdiisaa Aagaa leenca faashistoota xaaliyaanii rom’isiise.
- ✓ Yeroo tokko tokko yaada burruusaan nama waqaru jalaa bakka itti baqatan dhabu.

Himoonni armaan olitti argaman kun akaakuu malleen dubbii keessaa isaan kamiin jalatti akka ramadaman yaada isaaniin akka ibsan /akka himan kan gaafatu waanta’eef dandeetti afaanii keessa dubbachuu barsiisuurratti kan xiyyeeffatuudha.Kana malees barattoonni akaakuu malleen dubbiif ibsa dabalataa akka kennan qajeelfamni/ajaji kenname hinjiru.kanarratti wanti hubatamuu qabu akka barattoonni bal’inaan yaada isaanii dabalataan akaakuu malleen dubbii kan biro akka dhiheessan osoo ajaji kenname barattoonni bal’inaan akka irratti yaadan nitaasisa.

Himoonni sadan armaan olitti kennaman akaakuu malleen dubbii keessaa kan isaan ibsan; gilgaalota dabalataa keessattis kennee jira. Yaada kana kitaabilee barattootaa keessatti kallattiin irra caalaa akaakuu malleen dubbii fakkeenya kennuun akka ta’e qorataan kun qorannoo isaan mirkaneesseera. Haala kanaan dhiyaachuun immoo, barattoonni akka ofiin shaakalaniif haala kan mijeessu karaa qabsiisu waan hintaaneef ibsi gahaan kennamee harka walakkaan kallattiin, harka walakkaa immoo alkallattiin dhiyaatee barattoonni akka ofiin hojjetan isaan gargaara.

### 4.2.3. Akaakuu Malleen Dubbii Kara Alkallattii

Karaa alkallattii ta’een kitaaba barataa keessatti afoola dhiyeessuun barattoonni karaa salphaa ta’een adeemsa keessa afoolafi seera afaanichaa akka barataniif gargaara. Haata’u malee, kitaabilee kana keessatti haalli kun ifa ta’ee hinmul’atu. Sababni isaas, akaakuun malleen dubbii dhiyaateera kan jechisiisu KB Kutaa 9$^{ffaa}$ fuula 168-169 barannoo2 gilgaala 4fi5“shaakalli malleen dubbii” kan jedhu dhihaatee jira. Isas akka kanaa gadiitti ilaalla.

A. Akkaatuma armaan olitti ibsameerratti hunda’uun malleen dubbii keessaa. Akkasaa irratti xiyyeeffaachuun himoota adda addaa shan barreessi. Kan jedhu keessatti qajeelfamni kenname nimul’isa. Kana keessatti kan mul’atu barattoonni akkaataa/haala fakkeenya kennameen kanneen biroo akka hojjetan qajeelfamni kennameejira. Gilgaala kana keessatti barattoonni dandeettiiwwan afaanii keessaa dandeettii barreessuu akka gabbifatan nitaasisa.

### 4.2.4. Malleen Dubbii Dubbisa Keessatti

Qaaccessa akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii dubbisa gabaabaa keessatti dhiyeessuun barattooni achi keessatti akaakuu malleen dubbii akka baratan taasisuun ga'umsa isaan afoola irratti qaban akka gabbifatan, dandeettiiwwan afaanii akka guddifataniif gahee dubbisni afoola irratti xiyyeeffatee qophaa'uu salphaa miti.

### 4.2.5. Malleen Dubbii Mala Murtaa'aatii Gara Dimshaashaatti

Mataduree kana jalatti, baratttoonni adeemsa ogafaan kitaabilee keessatti ittiin barsiisuuf qophaa'e barsiifamuuf ta'ee, seera afaanii waan barachaa jiranii akka ofii isaaniif dhama'anii /tattafatanii/ bira ga'an gochuuf gaaffilee murtaa'oo adda addaa ibsuun eegala. Dursa kitaabilee sana keessatti ibsi fakkeenya gabaabaa waliin barattootaaf dhiyaatuuf fakkeenya kenname bu'uura taasifachuun oguma afaanichaa akka baratan taasisa. As keessatti, fakkeenyi kennmu seera waliigalaa afaanichaa kan mataduricha kenname akka barataniif gargaara. Akka fakkeenyaatti, waa'ee malleen dubbii, akaakuu malleen dubbii murasa mul'inatti kan dhiyeessu yoo ta'e, kana irraa ka'uun waa'ee malleen dubbii kanneen biroo waliigalaa akka ofiin barataniif kan qopheessu ta'uu qaba. Fakkeenyi KB Kutaa 12ffaa boqonnaa 9 fuula 96 barannoo 3 irratti kan kenname yaada kana kan deeggaruudha. Yaada kanaan kan dhiyaate fakkaata. Sababni isaas, fakkeenyi kitaabicha keessatti kenname tokkoo tokkoo malleen dubbiif ibsa ga'aa waliin kan hindhihaannedha.

### 4.2.6. Malleen Dubbii Mala Dimshaashaa Gara Murtaa'aatti

Kunis, qajeelfamni murtaa'aan tokko erga kitaabicha keessatti ibsameen booda, fakkeenyiifi gilgaalonni dhiyaatan karaa to'atamaan shaakalsiisuuf kan qophaa'udha. Kunis, fakkeenyaan yoo ibsamu akaakuu malleen dubbii adda addaa afoola keessatti uumuun fayidaa kennan/maaliif akka oolan erga ibsi laatamee booda, fakkeenya bal'aa kennuun ibsuudha. Fakkeenya kenname kana bu'uura taasifachuun barattoonni akaakuu malleen dubbii biroo adda addaa himoota kenname keessaa akka addaan baasaniif kan shaakalsiisudha. Kana jechuun, akaakuu malleen dubbii kanneen biroo dubbisa kennaman keessaa akka adda baasanii shaakalsiisuuf haala mijeessuutti kan qophaa'u ta'uu qaba. Malleen dubbii kitaabilee keessatti dhiyaatan mala kana irratti kan xiyyeeffatanidha. Sababnisaas, kitaabileen barataas ta'e, qajeelchawwan barsiisaa yaada waliigalaa ibsuun eegala waan ta'eefidha.

Walumaagalatti, qaaccessi ragaalee kun kan inni ibsu maalummaafi akaakuu malleen dubbii afoola keessatti dhihaatan bu'uura godhachuun, qabiyyee KBfi QB keessatti akkamiin akka dhiyaatanii jiran akaakuu malleen dubbii kitaabilee keessatti argamaniifi hinargamiin adda baasuuf kitaabilee Afaan Oromoo keessatti barnoonni barattootaaf akkamitti dhiyaachuu akka qaban ibsuurratti kan bu'uureffatedha.

### 4.2.7. Malleen Dubbii Siilabasii Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa-12ffaa Keessatti.

Siilabasiin barnootaa barnoota kennamu tokkoof agarsiistuu kallattii akka ta'e beekamaadha. Kunis kan inni ibsu kitaabni Barataafi qajeelchi barsiisaa kan inni irraa bocamu siilabasii barnootaa akka ta'e kan nama wagaafachiisu miti.

**Gabatee 1: Siilabasii Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^-12^ffaa^ Keessatti Malleen Dubbii barsiisuuf qophaa'e**

| Kutaa | Boqonnaa | Kaayyoo Gooree | Qabiyyee | Gochaa Raawwatamu | Raawwii mala baruu barsiisuu |
|---|---|---|---|---|---|
| 9 | 17 | Malleen dubbii fi gosoota isaa fayyadamuu hima barreessu | Hiika jechoota kennuu | Dubbii qolaa kan akka akkasaa, iddeessaa fi nameessaa Habalaka, Ukukkubsee, arbeessuu hima keessatti galchuu dhaan barreessuu | Dubbii qolaa kan akka akkasaa, iddeessaa, namessa, habalaka, ukukkubsee fi arbeessuu hiika isaanii waliin akka ibsan taasisuu |
| 10 | 16 | Malleen dubbii ykn dubbii haalawaa addaan baasanii tarreessu | Caaslug a | Malleen dubbiitti (dubbiiqolatti) fayyadamuun hima ijaaru | Malleen dubbii ykn dubbii haalawaatti fayyadamuun hima akka ijaaran yaalsiisuu |
| 11 | 5 | Dubbii qolaatti fay yadamanii hima ijaaru | -------- | Dubbii qolaa hima adda addaa ijaaruun tajaajila waan barbaadaniif sana dhimma itti bahuu.<br>Fkn, Akkasaa, Iddeessaa, Nameessaa fi Arbeessuu | Akaakuuwwan dubbii qolaa adda addaa barreeffama keessaa baasanii barreessan himaan ijaaruun, ergaa inni ibsu akka ibsan taasisuu. Fakkeenyaaf: Inni akka waraabeessatti nyaata |
| 12 | ---- | Hinjiru | ------- | Hinjiru | Hinjiru |

Siilabasii Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^-12^ffaa^f qophaa'e keessatti akuma olitti mul'atu kanatti kan kutaa 9 ^ffaa^ keessatti mul'atu kaayyoo gooreefi qabiyeen kallattii waliitti argamu kan walsimu miti. Kaayyoon gooree dhihaate malleen dubbiifi gosoota isaa fayyadamuun

hima barreessu, kan jedhu yoota'u qabiyyeen dhihaate ammoo hiika jechoota kennuu kan jedhu kun walitti firooma kan hinqabne ta'uu isaatu qoratichatti mul'atee jira. Kan ta'uun irra ture qabiyyee keessatti afoola jedhee dhihaachuu qaba ture. Kanaafuu, siilabasiin qophaa'ee ittiin hojjetamaa jiru kun irra deebi'amee ilaalamuu qaba.

Akkasumas kan kutaa kurnaffaa kan salgaffaa waliin walfakkaata. Innis kaayyoo gooreen dhihaateefi qabiyyeen kenname kan walsimu miti. Kaayyoo gooree malleen dubbiifi qabiyyeekeessatti caaslugni kan waliin deemu miti.

Siilabasii kutaa 11$^{ffaa}$ keessatti kan mul'atu kaayyoo gooree malee qabiyyeen dhihaate hinjiru kunis hanqinaa guddaa qabaachuu isaa kan agarsiisuudha.

Kan kutaa 12 $^{ffaa}$ ilaalchisee siilabasiin qophaa'e waa'ee malleen dubbii boqonnaa kamiin keessattiyyuu kan kaasu hin jiru.kun hanqina guddadha. Sababni isaas siilabasiin kitaaba barataatiifi qajeelcha barsiisaatiif agarsiistuu kallattii ta'uutu irra ture. Kan kutaa kudha-lammaffaa kitaaba barataa keessatti waa'een malleen dubbii boqonnaa 9$^{ffaa}$ fi 12 $^{ffaa}$ keessatti haadhihaatu malee siilabasii keessatti sakatta'insa taasifameen kutaa kana kan ilaallatu wanti dhihaate tokkollee hinjiru

Madaallii kutaa 9$^{ffaa}$ Siilabasii (fuula:36)

Dubbii qolaatti fayyadamuun dhaamsa adda addaa itiin dabarsuu isaanii mirkaneeffachuu /dhugoomsuu kan jedhu akkataa madaallii dhihaateedha.

Madaalii kutaa10$^{ffaa}$ Siilabasii (fuula :72)

Madaaliin siilabasii kutaa 10ffaarratti dhihaate Malleen dubbii himaa keessa galchuun barreessuuu isaaniii mirkanneeffachuu kan jedhuudha.

Madaallii kutaa11$^{ffaa}$ Siilabasii (fuula:87)

Madaalliin Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11$^{ffaa}$f qophaa'e dubbii qolaatti fayyadamuun hima barreessuu danda'uu isaanii mirkaneessuu kan jedhu dhihaatee jira. Kutaa kana keessatti barattoonni malleen dubbiitti gargaaramanii hima barreessuu akka danda'an kallattiin kennamee jira. Kana keessatti barattoonni dandeettii barreessuu isaanii nigabbifatu.

Madaallii kan Kutaa 12$^{ffaa}$ ilaalchisee qabiyyee malleen dubbiirratti silabasii barnootaa irratti wanti kallattii agarsiisu hinjiru.

Walumaagalatti siilabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa-12ffaa akka ittiin barsiisaniif qophaa'e, qaaccessa olitti dhihaateen rakkoolee garaagaraa waan qabuuf qopheessitoonni dhimmi kun ilaallatu akka irra deebi'anii ilaalaniin dhaamsa qaratichaati.

### 4.3. Akaakuu Malleen Dubbii KBfi QB kutaa 9ffaa Keessaatti Dhihaatan

Akaakuun malleen dubbii kanneen akka qabiyyeetti kutaa 9ffaa keessatti dhihaatan KB boqonnaa 17 fuula 168 barannoo 2 afoola gilgaala 4fi5 shaakala jechamootaafi malleen dubbii kan jedhu qofatu mul'ata. Hima asoosama olii keessaa bahe kana mee haa ilaallu. Ilkaan isaa akka jirbii qabaan tolee addaata. Hima kana keessatti amalli tokko amala waan biraatiin walbira qabamee ilbsameera. Haalli kunis fakkii wanta sanaa akka gaariitti sammuu namaa keessatti uumuu danda'a. Jirbiin qabaan isaa tole,' ilkaan isaa hangam akka addaatu agarsiisa. Addeenya. Haala kanaan wanti tokko isa biraa ibsuuf "akka maaloo, ebaluu ta'e, yookiin fakkaate" jedhamee yemmuu ibsamu akkasaa jedhama. Akkasaan fakkaattii wanta ibsu sanaa sirriitti agarsiisa. Kunis dubbii haalawaa jedhamee beekkama.

B. Gosoota dubbii qolaa /haalawaa/ keessaa akkasaa fakkeenya wajjiin bartee jirta. Mee ati ammoo warroota hafaniif fakkeenya sadi sadi kenni agarsiisi.

1.Iddeessaa 2. Nameessa 3. Arbeessaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni kan akka fakeenyaatti kennameef ka'umsa godhachuun kanneen biro akka hojjetaniif kallattiin kennamee jira. Kunis barattoota dandeetti waa xiinxaluuf barreessuu akka cimsatan isaan gargaara.

QBAO kutaa 9ffaa boqonnaa 17 fuula 112 irratti kan argamus malleen dubbii haala kanaa gadiin dhihaatee jira. Malleen dubbii bal'inaan beekamaniif ogbarruu keessatti faayidaa irra oola armaan gaditti dhiyaataniiru. 1 Akkasaa (Simile) Akkasaa kan jedhamu dorgomsiisa wantoota lamaati. Wantoota lama yaada, amala, gochaaf kkf irratti hundaa'ee waliin dorgomsiisuun/ madaaluun kan uumamuudha. Isaanis jechoota akka, hamma f fakkaata'jedhan fayyadamuun walfakkeessa.

2. Bakkasaa/bakkabuusa/Iddeessaa/Metaphor/

Kaayyoon itti fayyadama akkasaaf bakkasaa tokko Garuu bakkasaa yeroo jennu wantoota gara garaatiif jechoota "akka "amma' 'fakkaata' jedhaman osoo hin fayyadamaniin amala waan tokko kan biraaatiif akkuma jiruutti kennuu jechuudha.

Fkf-Inni leenca.

3. Nameessa(Personifcation)

Nameessa jechuun amala dhalli namaa calaqqisiisu ykn gochaa dhalli namaa raawwatu wantoota wantoota biroo kan akka yaadaa, meeshaaf kkf gonfachiisuudhaan ergaa dabarsuu barbaadame sana ibsuu jechuudha.

4.Arbeessoo/Gurraguddisa/Hayperbole/Overstatement/

Gurra guddisuun barreessitoonni mala ittiin waan tokko ta'e jedhanii dhugaa jiruun ala ol guddisanii dhiyeessaniidha.

5. Anyarsuu/ ukuukkubee (Understatement)

Busheessuun faallaa arbeessoo yoo ta'u waa'ee wanta tokko kan yaadame ykn ta'ee gadi buusuudhaan dubbachuudha.

6.Mitihee (Paradox)

Mitehee jechuun dhaamsi jechaa ykn himaa irraa keessan soba fakkaatee waan dhugaa ta'e sammuun keenya fudhachuu danda'u jechuudha.

### 4.3.1. Akaakuu Malleen Dubbii KBfi QB Kutaa 11ffaa Keessaatti Dhihaatan

KB kutaa 11ffaa boqonnaa 5ffaa fuula 81-83 Barannoo3: Afoola gilgaala5:Shaakala Malleen dubbii kan jedhu haala gaditti argamuun dhihaateera.Innis dandeettiiwwanafaanii keessaa maal akka barsiisuuf dhihaate gaaffilee jiran xiinxaluun kan deebii argatu ta'a.

Himoonni armaan gadii gosa malleen dubbii keessaa isa kam akka bakka bu'an addaan baasi kan jedhu barattootaaf gaaffiin dhihaatee jira. Gaaffileen kunis xiyyeeffannoon isaa akaakuu malleen dubbii jiran irratti xiyyeefachuun danddeettiiwwan afaanii barattoonni gadifageenyaan akka yaada isaanii ibsaniif kallattii ni kenna.

- ✓ Guddinarraa kan ka'e mataan isaa hamma gaanii ga'a.
- ✓ Dhiitichi tafkii mana isaanii cinaacha nama cabsa.
- ✓ Obboleessi Tolaa du'aa jiraata.
- ✓ Ijji Tolanii bunqulli bonaa ta'e.
- ✓ Qabeenyi fixeensa.
- ✓ Akka baraan osoo hintaane, akka baraa bulu.
- ✓ Jabanaan isaanii hamma okkotee ga'a.
- ✓ .Mucaa amma injijjii tokko qabdi.

- ✓ Haati bokkaa qacaca; malaan nama quubsiti.
- ✓ Namichichi rirma. Karaa inni nama seenu hinbeekamu.

Gilgaala 5A jalatti gaaffilee dhihaatan barattoonni gosa malleen dubbii keessaa isa kamiin akka ta'e adda baasi kan jedhu dhihaateejira. Kannarratti barattoonni malleen dubbii isaan kamiin himichi akka ta'e waliin mari'atanii adda baasuun akka gabaasan kallattiin kenname niibsa. Kana keessattii malli dhihaannaa malleen dubbii dimshaashaan kan dhihaateedha. Akkasumas dandeettii afaanii keessaa dandeettii dubbachuu isaanii ni gabbifatu. Walumaagalatti barattoota barsiisuuf gilgaala kan keessatti malleen dubbii argaman akaakuu shan qofaa akka ta'e qaaccessa keessaatti mul'atee jira. Kanaafuu kanneen biroon akka fuuladuratti itti yaadamanii dhihaataniin dhaamsa qoratichaati.

B. Malleen dubbii roga 'A' jalaatiif hiika isaanii roga 'B' jalaa flachuun walitti froomsi.

Tokkoo ol walitti froomsuun nidanda'ama.(fuula 81)

| A | B |
|---|---|
| 1.akkasaa | A.faallaadhaan waan tokkoibsuu |
| 2.eemiti | B.garmalee guddisuu ykn kineessuu |
| 3.Nameessa | C.amala namaa gonfachiisuu |
| 4.arbeessa | D.waan tokkoon wal-bira qabuu |
| 5.habalaka | E. bakka waan tokkoo buusuu |
| 6. Iddeessaa | F. hi'eentaaf eeyyentaan ibsuu |

Gilgaala 5B jalatti barattoonni gaaffiiwwan kennameef irratti xiyyeeffachuun jechootaaf hiika akka kennan ajaji ta'uuf dubbisanii akka hubataniif isaan gargaara. Kana keessatti barattoonni hiika jechootaa xiinxalaa dandeettii isaanii akka bilcheeffatan horachiisaa fayyadama hiika jechaafi seerlugaa akka cimsatan nigargaara. Kana malees kan gilgaala 5AfiB keessatti argamu akaakuun malleen dubbii kan dhihaate gosa tokko garaagarummaa kan hinqabne ta'uusaatu qaaccessa kana keessatti irradeddeebiin argama.

KB kutaa11[ffaa] boqonnaa 5 fuula 82-83 irratti yaadannoon barattootaaf dhihaate kan gaditti argamuudha.

- ➢ Iddeesaa

  Akaakuun malleen dubbii kan tokkummaa wantoota lamaa fudhachuun isa

tokko iddoo isa biraa buusuun keessootti waldorgomsiisuudha.Jechichis kan uumame jechoota ‘iddoof isaa’ jedhaniirratti.

Fkn.

Oromoon kanniisa.

Mudhiin ishee sonsa.

Ilkaan ishee baddeessaadha

- Akkasaa

Akkasaan mala ittiin wantoota lama wal-cina qabuun isa tokko isa biraatiin ilaalanidha. Kunis jechoota ‘akka, fakkaata, gaha’ jedhanitti dhimma baha.

Fak. Akka garaa harki surree hinmuru.

Tolaan akka abbaa isaa cimaadha.

Gurraachinarraan kan ka’e cilee fakkaate.

- Nameessaa

Nameessaan mala ittiin amala namaa lubu qabeeyyii ykn lubbu maleeyyii biroo gonfachiisuun haala salphaan akka hubatamuu danda’utti dhiheessuudha.

Fkn.

- ✓ “Kan garaa keenyaa malee kan maqaa keenyaa yoom nu dhibe,” jedhan waraabeyyiin
- ✓ “Isa haati kee si gorsiste, haati koos na gorsiteetti” jettee,” ilmoon hantuutaa ilmoo adurreetiin.
- ✓ Dukkanni ija baasee nu liqimsuuf.

- Eemitii

Wantoota walii faallaa ta’an lamaan yaada keenya ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaaru dha.Mala dubbii kana keessatti dhaggeeffataa ykn dubbisaan yaadolee dhihaatan lamaan keessaa inni kam akka dhugaa ta’e,kamtu ammoo akka sirrii hintaane adda baasuuf kan yeroo gaafatuudha.
Fkn.

Inni qotaa deega.

Tufaan kolfaa boo’a.

- Habalaka

Dhaamsa tokko faallaa isaatii gargaaramuun akka salphaatti hubatan taasisuudha.As keessatti habalakni dubbii addummaa wata fakkaatuufi dhugaan ta’e gidduutti mul’atuudha. Yaada kana keessatti wanti jedhamuufi ka’e isa jedhame miti. Hiikasaa hubachuun kan danda’amu waan barreessaan dhugaan jechaa jiruu sirriitti yoo hubatameedha

Fkn.

- ✓ Miidhaginni isaa laphee nama hata ( namicha godeessaan waan jedhamu fakkaata)
- ✓ Si jaalladhee du’uufan ( yoo kan jibbu ta’e).
- ✓ Gurbaa faranjii kanatu dide ( gurbichi gurraacha).

- Arbeessa

Malli dubbii kun waan tokko garmalee arbeessuun ykn kineessuun dhiyeessuu ilaallata. Arbeessuun dhugaa jiru tokko irratti garmalee dabaluudha. Kan fakkeenya gaarii ta’us akka gaditti argamutti ilaaluu dandeenya.

Fkn.

- ✓ Gurbaa dheeraa waaqa ga’u tokkon arge.
- ✓ Mucayyoo qalloo hanxaxii tokko qaba.

Barannoo olitti dhihaate keessatti dursa gilgaala 5Afi B keessatti barattoonni himoota dhihaatan gosa malleen dubbii gaaraagaraatti akka ibsaniifi hiika isaanii akka itti kennan kan gaaffiin dhihaateef, Kanatti fufuudhaan akka barattoonni yaadannoo waa’ee malleen dubbiirratti fudhatan ta’ee jira. Malli kun dimshaashaarraa gara murtaa’aatti fiduun dhumarratti barattoota waan qabatamaa akka qabatan kan taasisuudha.

QBAO kutaa11[ffaa] boqonnaa 5[ffaa] Barannoo3: Afoola kan jedhu jalatti haala gaditti argamu kanaan yaadannoo dhihaate nijira. Afoolli damee ogumaa ta’ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbudha. Afoola jechi jedhus ‘Afaaniin oola’ gaalee jedhurraa jechoota adeemsa suphaatiin uumame. Gosoonni afoolaas hedduudha. Isaanis mammaaksa, sheekoo (oduu durii), eebbaaf abaarsa, ciigoo, malleen dubbii, geerarsa hibboof wkf maqaa dha’uun nidanda’ama. Barannoo kana jalatti xiyyeeffannoon malleen dubbiif geerarsarratti ta’a. Malleen dubbii jechuun karaalee ykn tooftaalee waan tokko miidhagsuuf suura sammuu namaa keessatti kaasudha. Akka Edwards (2009) jedhutti,

“painted words and phrases,” jechuun akka wanti halluu dibame tokko ija fuudhu. Jechoonniif gaaleewwan malleen kanaan dhiyaatan yaada namaa hawwatu jechuudha Gosoonni malleen dubbii hedduudha. Isaan keessaa muraasni akkasaa. iddeessaa, nameessaa, eemitii, arbeessaa, habalaka, walqabsiisuuf wkf ta’uu danda’u. Akkasaan mala wantoota lama waliin dorgomsiisuudha.

Fkn

Sangaan isaa amma roobii ga’a.

Mucaan isaa isheen quxisuun akka aduu ifti.

Maddiin ishee bunuutii fakkaata

Iddeessaan ammoo, gosa malleen dubbii ta’ee waan tokko bakka waan biro buusuun keessootti akka wal dorgoman taasisa. Adda addummaan inni akkasaarraa qabus bakka amala waan sanaa buusuuf tajaajiluu isa ta’a.

Fkn

- Oromoon leenca.
- Haati warraa Caalaa simbira.
- Gamtaan billaacha.

Akkuma fakkeenya kanarraa agarru amalli Oromoon bakka amala leencaa, amallii haadha warraa Caalaa bakka simbiraa, amalli Gamtaa bakka amala billaachaa bu’uun cimina yeroon ka’uuf figichaa agarsiisu. Malli dubbii biraan ammoo nameessaadha. Nameessaan lubbu qabeeyyii ykn lubbuu maleeyyiin amala namaa gonfachiisuun akka namaatti dubbachiisuu, dheebochuuf wkf taasisuu ilaallata.

Fkn

- ✓ “Shantamni dhalus, dorrobu, koo qiraaciitti,” jette adurreen.
- ✓ “Kan garaa keenyaa malee ,kan maqaa keenyaa yoom nu dhibe” jedhe waraabessi. Fakkeenya kana keessatti akka namaatti dubbachuun amala isaa kan gonfatan adurreefi waraabessa.Arbeessuun ammoo waan tokko garmalee ol kaasuu ykn garmalee gadbuusuun agarsiisuudha.

Fkn.

- Fincaan isaanii lolaa ta’ee bubbisa.
- Dheeraa Waaqa ga’udha

- Xiqqaatee amma injijjiitti gale.

Habalaknis malleen dubbii keessaa tokko ta'ee waan tokko faallaa isaatiin ibsuu ilaallata.

Fkn.

- Nama gurraachaan, "Faranjichi dhufe"
- Nama gabaabaan birbirsoo agartani?

Walumaagalatti akaakuun malleen dubbii KBfi QBAO kutaa 11ffaa keessatti dhiaatan akaakuu malleen dubbii jiran keessaa ja'a qofaatu qabiyyee barnootaa ta'ee dhihaatee jira. Fakkeenyi QB irratti kenname kan kitaaba barataarra jiruu waliin garaagarumma kan uume miti. Barsiisaan qajeelchafi kitaaba barataa walcina qabee kan ilaalu yoota'e lammanuu waltumsa malee garaagarummaan gidduu isaatti mul'atu hinjiru.

### 4.3.2. Akaakuu Malleen Dubbii KBfiQB Kutaa 12ffaa Keessaatti Dhihaatan

KB kutaa 12ffaa boqonnaa 9 fuula 96 barannoo 3 gilgaala 9 keessatti malleen dubbii keessaa gaaffiiwwan gadii dhihatanii jiru.Gilgaalli kunis malleen dubbiitti fayyadamuun barattoonni dandeettii dubbachuu isaanii akka gabbifataniif kan dhihaateedha.Dandeettii dubbachuu isaanii kan kakaasu kan agarsiisu ajaji kenname kan mul'isuudha.

Himni armaan gadii dubbii qolaa kam akka ibsu himi.

- ✓ Tolaan akka gaaddidduu nama biraa hinhafu.
- ✓ Abdiisaa Aagaa leenca Faashistoota Xaaliyaanii rom'isiise.
- ✓ Yeroo tokko tokko yaada burruusaan nama waqaru jalaa bakkatti baqatan dhabu.
- ✓ Dooktorri hospiataala keenyaa lubbuu ajjeesee fayyisa.
- ✓ Barsiisaan barataa dhumara daree seene tokoon " Baga dura barataa hundumaa dhufte!" jedheen.

Qabiyyeen kitaaba barataa keessatti dhihaate kun qajeelcha barsiisaafi siilabasii barnootaa keessatti wanti ifa ta'ee dhihaate kan hinjireedha. QB fuula 83 irratti kan mul'atu barsiisaan deebii sirrii ta'e qofa akka kallattii agarsiisu malee ibsi dabalataa wanti dhihaate tokko hinjiru. Gilgaala kana keessattis barattoonni akaakuu malleen dubbii kan isaan baratan: akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessaafi habalakatu qa biyyee barannoo kanaa keessatti dhihaatee jira.

KBAO kutaa 12ffaa boqonnaa 11 barannoo 1 gilgaala 4 keessatti akaakuu malleen dubbii keessa kanneen gaditti argaman dhihaatanii jiru. Malleen dubbii himoota armaan gadii

himi kan jedhu kana keessatti barattoonni ogummaawwan/dandeettiiwwan afaanii jiran keessaa dandeettii dhaggeeffatanii dubbachuu akka gonfatan kan barsiisuudha.

- ✓ Jireenyi farad guulaadha.
- ✓ Bakkalcha sana irratti ibsite-mucayyoo xiqqoon.
- ✓ Azala qormaataaf guddataa jirtu.
- ✓ Sammuu isaa isa waardiyyaa dhaabachuuf kakatetu morme.
- ✓ Kolfa naasisaa-sodaachisaa sana kolfte.
- ✓ Aagaan dhimma michuu isaa san osoo yaadatuu irraanfata.
- ✓ Yeroo san leenci iitti dhufnaan akka allaadduu bishaan keessaa rom’e.
- ✓ Barsiisaan keenya barataa Irreessoon guyyeeffatee dhufnaan, “Akkam ganamaan dhufte.” jedheen.
- ✓ Hantuutni arba dura dhaabatee isa golgite.
- ✓ Murtoon harmee koo takka takka murtoo akka akkoo manooyyeeti.

KBAO kutaa 12ffaa boqonnaa 11 keessaa himoonni malleen dubbii dhihaate kun barattootaan akka deebii argatan kan gaafatuudha. Kunis ogummaa afaanii keessaa dandeettii dubbachuu barattootaa kan gabbisuudha ajaji barattootaaf kenname. Malli dhihaannaa malleen dubbii kunis mala alkallattii ta’een kan dubbisa keessatti argamu barattoonni akka itti yaadanii deebii kennan kan ajajuudha. Kanamalees akaakuun malleen dubbii gilgaala kana keessatti argaman:Iddeessa, Nameessa, Mitihee ,Akkasaa, Habalakaafi Arbeessuutu jira.

QBAO kutaa 12ffaa fuula 96-97 gilgaala 4 keessatti haala armaan gadii kanaan dhihaate jira.Gilgaala 4: Malleen Dubbii Iddeesaan iddeesaa jechuun iddoo nama ykn lubbu qabee yyii tokkoo bakka bu’ee kan tajaajilu jechuudha. Nameessaa- nameessa jechuun lubbuu dhabeessa ykn lubbuu qabeessa ta’ee amala namaa gonfatee kan barreeffama keessatti tajaajiludha. Eemitii- eemitii jechuun wantoota amala faallaa walii qabaniin waa ibsuudha.Eemitii- haala walii galaatti, namni tokko ni yaadata ykn ammoo ni irraanfata.Yaadachaa irraanfachuun kan faallaa walii ta’ee waliin hindeemne. Kanaafu himni kun waan hiika hinkennine fakkaachuu danda’a ta’a. Garuu, haala walii galaatti kana haa fakkaatu malee, hiika dhokataa ta’e dabarsa. Innis otuma beekuu sammuu isaa akka irraanfateetti gowwomsuuf yaalii godhu garuu samuun kan hindaganne ta’uu mul’isa. Akkeessaa- dubbiin qolaa akkeessaa jedhu jecha “akkee” jedhu irraa kan dhufe. Kun yeroo wantootni amala walfakkaatu qaban waliin madaalaman walmadaalsisuuf dhufu waan ta’eef

Fakkeenyaaf:

- ✓ Akka abaluun sirbaan morma nama jallisa.
- ✓ Namni akka waraabessaa nyaatu gaafa akka namaa nyaatu nidu'a.
- ✓ Akka offtti bulu malaa akka namaatti hinbulani.

Habalaka- habalakni wanta jedhan sanan faallaa wanta jedhan sanaa jechuu jechuudha. Fakkeenyaaf, himicha keessatti barsiisichi baratаа sana yeroodhaa dhufte jechu barbaadee otoo hinta'iin baay'ee guyyeeffatte jechuu barbaadeetu. Arbeessuun wata hammana hin jedhamne tokko gurra guddisuun baay'ee olkaasanii himuudha.

Walqabsiisuu- walqabsiisuun seenaa irraa ykn og-barruu irraa ykn afoola irraa amantiifi kan kana fakkaatan irraa yaada amma dabarsuuf barbaadame tokko dabarsuu jechuudha

QBAO kutaa 12$^{ffaa}$ fuula 96-97 keessatti kan argamu deebii gilgaala 4 kan ibsu ta'ee, akaakuu malleen dubbii deebii ta'anii dhihaataniif ammoo ibsa dabalataa kan itti kennuudha. Kunis mala dimshaashaatti fayyadamuun deebii deebisuudha.

### 4.4. Ibsa Haala Dhiheennaa Malleen Dubbii KBfi QB Keessatti Mul'atu

Haalli dhihaannaa malleen dubbii akka qaaccessa kanarra hubatameetti kitaaba barataa kan kutaa 9$^{ffaa}$ keessatti akka mul'atutti malleen dubbii jiran keessaa akkasaaf ibsaafi fakkeenya ergaa itti kenneen booda iddeessaa, nameessaafi arbeessaaf hiika akka itti kennaniif ajaji barattootaaf kennamee jira. Akkasumas QB keessatti gosa malleen dubbii kanneen akkasaa, bakkasaa/iddeessa, nameessa, anyarsee/ukukkubee/kineessuufi mitehee ta'aniif ibsa itti kennuun dhihaatee jira.Kan kutaa 10$^{ffaa}$ ilaalchisee akka qaacceessa kanarraa hubatamutti boqonnaa 16 gilgaala 5A keessatti gaaleewwan jala sararamaniif maal akka ibsan irratti akka mari'atan ajaja. Gilgaala 5B keessatti ammoo kan 5A jala jiran sbaba waliin akka malleen dubbii kennaman jalatti akka ramadan ajaji kennamee jira. Gilgaala 5C jalatti ammoo himoota akka bifa 'A' jalatti barreeffamanii kana shan gosoota malleen dubbii isaanii wajjin asoosamicha keessaa baasuun agarsiisi kan jedhu ajajamanii jiru. As keessatti ajaji kenname barattootaaf ifaa mit. Ajaji kennamu baratootaaf murteessaa waan ta'eef ajaji ifaan kan barattota hojjisiisuu danda'u kennamuufii qaba. QBAO kutaa 10$^{ffaa}$ keessatti akka dabalataatti wanti dhihaate kanjiru miti. Kan mul'atu deebii gilgaalaa qofaadha.KBAO kutaa 11$^{ffaa}$ ilaalchisee boqonnaa 5 gilgaala 5Afi B keessatti gaaffiiwwn barattoota shaakalchiisuun booda akaakuu malleen dubbii iddeessa, akkasaa, nameessa, eemitii, habalakafi arbeessa fa'iif ammoo ibsi itti

kennameera.QBAO kutaa $11^{ffaa}$ keessatti akaakuun malleen dubbii dhihaatan kan KB keessatti dhihaataniin garaagarummaa tokko hinqabu.KB kutaa $12^{ffaa}$ ilaalchisee haalli dhihaannaa malleen dubbii himoota gilgaala keesstti kennaman keessaa akka barbaadan ajaja. QB kutaa $12^{ffaa}$ keessatti ammoo akaakuu malleen dubbii iddeessaa, akkasaa, habalaka, arbbeessuufi walqabsiisuu kan jedhuuf ibsi itti kennamee dhihaatee jira.

### 4.5. Ibsa Haala Qindoomina Malleen Dubbii Boqonnaa Gara Boqonnaatti Jiru Agarsiisu

Qindoominni malleen dubbii boqonna gara boqonnaatti jiru kitaaba barataa kutaa $9^{ffaa}$ keessatti kan mul’atu akka waliigalaatti boqonnaa tokko qofaa keessatti dhihaatee jira. Innis boqonnaa $17^{ffaa}$ qofaa keessatti kan mul’atuudha. As keessatti barannoo walakkaa waggaaf kennamu keessatti maalummaa malleen dubbii osoo hinbaratin samisteera duraa xumuru. Kana keessatti kan mul’atu ogeeyyiin barnootaa kitaaba kana qopheessan dhimma maleen dubbiirratti xiyyeeffannoo kennuu dhabuun nimul’ata. Walumaa galatti qopheessitoonni kitaabilee barnootaa qopheessan waan baratoota sisi’eessaa barsiisuu danda’uufi hiika sirrii yookiin hiika cinaan barbaadaa akka barataniif fuula duratti dhimma itti yaadamuu qabuudha.KB kutaa $10^{ffaa}$ keessatti qindoominni malleen dubbii boqonnaa gara boqonnaatti jiru boqonnaa tokko qofaa keessatti kan mul’atu yoo ta’u; innis boqonnaa $16^{ffaa}$ qofaa keessatti kan dhihaateedha. KB kutaa $11^{ffaa}$ keessatti qindoominni malleen dubbii boqonnaa gara boqonnaatti jiru boqonnaa tokko qofa keessatti Kan dhihaate yoo ta’u, innis kitaaba barataa boqonnaa $5^{ffaa}$ qofaa keessatti kan argamuudha.Qindoominni malleen dubbii boqonnaa gara boqonnaatti KB kutaa $12^{ffaa}$ keessatti dhihaate boqonnaa $9^{ffaa}$fi $11^{ffaa}$ qofa keessatti kan argamuudha. Akka waliigalalaatti qindoominni malleen dubbii boqonnaa gara boqonnaatti jiru hagas mara gahaadha kan nama jechisiisu miti. Sababni isaas kutaa tokko keessatti boqonnaa tokko tokko qofaa keessatti waan argamaniif barattoonni akaakuu malleen dubbiirratti hubannoo gahaa argataniiru kan nama jechisiisu mit. Kanaafuu gara fuuladuraatti qopheessitoonni sirnna barnootaafi qopheessitoonni kitaabilee barnootaa dhimma kana abbummaan itti yaaduu qabu.

### 4.6. Ibsa Qindoomina Malleen Dubbii Kutaa Gara Kutaatti jiru

Qindoominni malleen dubbii kutaa gara kutaatti kutaa $9^{ffaa}$- $12^{ffaa}$ keessatti mul’atu kan haalaan walfakkaatuudha. Gosa /akaakuu malleen dubbii kutaa $9^{ffaa}$ keessatti qabiyee ta’ee dhihaatee kan barsiifametu kutaa $10^{ffaa}$,$11^{ffaa}$fi$12^{ffaa}$ keessattis irra deebiidhaan qabiyee ta’ee barsiifamaa jira. Kun ammoo barattoota birattis nijibama. Sababni isaa qabiyee tokkoo kutaa garaagaraa keessatti irra deddeebi’anii barachuun nuffisiisaadha. Barattoonnis qabiyee haaraa ta’e barachuu barbaadu. Kun ammoo fedhii isaanii kan giddugaleeffate miti.

**Gabatee 2:Akaakuu Malleen Dubbii KBAO kutaa $9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ Keessatti dhihaate.**

| Kutaa $9^{ffaa}$ | Kutaa $10^{ffaa}$ | Kutaa $11^{ffaa}$ | Kutaa $12^{ffaa}$ |
|---|---|---|---|
| Iddeessa | Akkasaa | Akkasaa | Iddeessa |
| Nameessa | Iddeessa | Iddeessa | Arbeessa |
| Arbeessa | Nameessa | Eemitii | Akkasaa |
| Akkasaa | | Nameessa | Nameessa |
| Anyarsee/ukukkubee/ Kineessuu | | Habalaka | Habalaka |
| | | | Eemitii |
| | | Arbeessa | Walqabsiisuu |

Qaaccessa gabatee olitti mul’atu kana keessatti akaakuun malleen dubbii kan akka addaatti mul’atu kutaa $12^{ffaa}$ qofaa keessatti. Innis jecha malleen dubbii keessaa walqabsiisuu jettu qofaatu kanneen biroorra adda ta’ee malee kanneen biroon irradeddeebiin kanuma kutaa $9^{ffaa}$ keessatti baratan kutaa itti aanu lamaan keessatti deebi’ee argama. Kun ammoo barattoota biratti nuffisiisaadha waan ta’eef qopheessitoonnii kitaabilee barnootaa rakkoo akka kanaatti mul’atu ilaalanii furmaata itti kennuu qabuun yaada qoratichaati.

### 4.7. Boqonnaalee Qabiyyeen Malleen Dubbii Keessatti Dhihaate

Akaakuun malleen dubbii kitaaba barattoota kuta $9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ keessatti mul’atu garaagarummaa kan hinqabne yoota’ellee boqonnaalee qabiyyeen kun keessatti argaman haala kana gaditti argamuun cuunfamee dhihaatee jira.

**Gabatee3: Kutaafi boqonnaa malleen dubbii keessatti dhihaatan**

| Kutaa | Boqonnaa malleen dubbii keessatti dhihaatan |
|---|---|
| $9^{ffaa}$ | 17 |
| $10^{ffaa}$ | 16 |
| $11^{ffaa}$ | 5 |
| $12^{ffaa}$ | 9fi 11 |

Gabatee kanarraa kan hubatamu kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo keessatti akaakuun malleen dubbii kutaa $9^{ffaa}$ ,$10^{ffaa}$fi,$11^{ffaa}$ keessatti boqonnaa tokko tokko qofa keesstti kan argamu, yoota’u kan kutaa $12^{ffaa}$ boqonnaa lama keessatti dhihaateera. Kanarraa wanti hubatamu afoola keessaa qabiyyee barannoo keessatti kan dabalame akkuma jirutti ta’ee xiyyeeffannoon akaakuu malleen dubbii kitaabilee keessatti haammachiisuu kan irratti yaadamuu qabuudha.

### 4.8. Ibsa Malleen Dubbii Afaan Oromoo Kitaabilee Keessatti Dhihaatanii

**Gabatee 4: Akaakuufi Dhihaannaa Malleen Dubbii Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa**

| Boqnna a | Kitaaba barataa | | Qajeelcha barsiisaa | |
|---|---|---|---|---|
| | Mata-duree | Fuula Afoolli irra jiru | Fuula | Afoola Dhihaate |
| 7 | Jeneraal Taaddasaa Birruu | 74 | 49 | Barannoo 4<br>Afoola: Geerarsa |
| 14 | Bilillee (Mahibuubaa) | 136 | 89 | Barannoo 3<br>Aoola: mammaksa, hibboofi durdurii |
| 15 | Looga Afaan Oromoo | 150 | 97 | Barannoo 4 Afoola Faaruu daa’immanii |
| 16 | Yeroo Yeroon Qabii | 153-154 | 99 | Walaloo |
| | | 158-160 | 103 | Afoola: Faaruu Jaalalfi<br>Barannoo 3 Ciigoo |
| 17 | GaraaWalitti Nahe | 161 | 107 | Asoosama |
| | | 168 | 111-112 | Barannoo 2<br>Shaakala jechamootaafi Malleen Dubbii |

Haaluma xiinxala gabatee 1ffaa armaan oliirraatti dhihaate kitaaba barataa kutaa 9ffaa boqonnaa 7 barannoo 4 fuula 74 irratti akkuma dhihaate geerarsi kaayoo adda addaaf akka geeraramu kaasuun ibsamee jira.

- ✓ Geerarsa namni diina ajjeese geeraru
- ✓ Leenci sardiida mitiree rukunnaan dutti miti
- ✓ Gafarsi loon mitiiree dhoofnaan gadooddi mitii
- ✓ Arbi daa'ima mitiiree rukunnaan boosi mitii
- ✓ Boorri koo booradhaaree kan murraan muratu Kan tumnaantumamtu.

Geerarsa kana keessatti gosoonni malleen dubbii dhihaatanii jiru. Garuu, wanti qabiyyeefi gilgaala kana jalatti ibsame hin jiru.

Geerarsa kana keessatti:

- ✓ Leenca sardiidaan
- ✓ Gafarsa looniin
- ✓ Arba daa'imaan yeroo bakka buusee dhiheessu ni mul'ata.

Gosa malleen dubbii keessaas iddeessa jechuu dandeenya.Akkasumas boqonnaa 14 barannoo 3 gilgaala 5 fuula 136 irratti kan dhihaate shaakala mammaksaa, hibboofi durdurii barsiisuuf kan dhihaate ni jira. Gilgaala kana keessaatti malleen dubbii kan gaafate hin jiru. Haata'u malee, gilgaala kana jalatti mammaakasa rarra'ee karaatti hafe akka xumuran kan gaafata malee malleen dubbii kamttu dhihaate kan jedhu hin jiru. Akka xiinxala taasifameen ammoo gilgaala 5 gaaffii 1$^{ffaa}$fi 4$^{ffaa}$ malleen dubbii keessaa gosa akkasaatu dhihaatee jira.

Innis,

- o Akka ebaluuttan sirbaan <u>morma nama jalisa</u>.
- o Akka hiree malee <u>akka hiriyaa hin bulan.</u>

Gaaffileen kun lamaan gosa malleen dubbii keessa akkasaa jalatti dhihaachuutu irr a ture. Garuu qabiyyee kana keessatti malleen dubbii keessaa wanti gaafatame hin jiru.

Boqonnaa 15 fuula 150 barannoo 4 gilgaala 5 irratti kan dhihaate afoola Oromoo keessaa ururuu daa'immaniiti. Hawaasa Oromoo keessatti heeraafi seera ittiin gaggeeffamu ni qaba.

Ururuu yaa mucayyoo
Mucayyoo yaa xinnayyoo
Atis ni taata namaa
Sirraa haa qabu hamaa
Afaan kee haa ta'u dammaa

Ururuu yaa mucayyoo
Aannaan feetu dhugi
Qoraasee siinaqeera
Irriba jettu rafii
Haxaayee si afeera
Haati kees ni gammaddee
Erga muc aa argattee
Waaqni si haa guddisu
Inni hunda mul'isuu
Inni xinnaa guddisuu
Inni duudaa dubbisuu
Inni qallaa furdisuu
Ururuu jennaan rafi
Ka'i jennaan dammaqi
Jedhanii urursu.

Ururuu olitti dhihaate kana keessatti bo'oo 1ffaa-5ffaatti haalli itti mucaa kana urursuuf yaadame, daa'ima waa dhageesse adda baafachuu hin dandeenye akka nama beekaatti haasofsiisuun jajjabeessuufi abdachiisuun ni mul'ata.Akkasumas bo'oo 6^ffaa^-13^ffaa^tti walaloon ururuu daa'imaaf dhihaate kun,daa'ima waa ibsachuu hin dandeenye fedhii daa'imaa gaafachuun deebiin yeroo itti kennamu ni mul'ata.Yaadni akkasii kun malleen dubbii keessatti ateessuu jedhamuun beekama.Haata'u malee ururuu dhihaate kana bu'uura godhachuun waayee malleen dubbii gaaffiin gaafatame tokko akka hin jirreedha.

Walaloo boqonnaa 16ffaa Fuula 153-154 irratti dhihaate keessatti malleen dubbii jiru osoo gilgaala keessatti hin gaafatamin bira darbamee jira.

Fakkeenyaaf,

Inni hojjetus jabaachuudhaan
Akka kanniisaa tattaafachuun

Bo'oo walaloo kana keessatti gosa malleen dubbii akkasaatu mul'ata. Innis namni hojjetu tattaaffii akka kanniisaa mul'isuu qaba jechuun malleen dubbii kanatti gargaaramee jira.

Boqonnaa kana jalatti fuula 156 gilgaala 5 shaakala faaruu loonii kan jedhu jalatti loon akka mallattootti dhihaatee jira. Kanas kan mul'isu faaruun loonii jirutu mirkaneessa.

Innis, Loon wayyaa
Looo wayyaaa

Dibatan miidhaagsoo
Dhugan qabbaneessoo
Yoo jiranis loonii
Yoo du'anis foonii

Faaruu loonii dhihaate kana keessatti bo'oo 3ffaafi 4ffaa keessatti mala dubbiin kan dhihaate kana yoo ilaalle mallattoon ergaan barbaadamu dabarsuu isaa ni mul'ata. Kanaafuu faaruu loonii kana keessatti malleen dubbii keessaa mallatootti dhimma bahameera.

Og-walaloo "Faaruu jaalalaa" jedhu fuula 158 irratti kan argamu keessatti

Ashaakiltii baala nyaatuu
Naa ergi baala waleensuu
Magaaltittii nyaara kuullee
Naa ergi waan na jabeessuu
Muree mureen mana ijaaraa
Yoo Sokorruun mana taatee
Dhufee dhufeen si ilaalaa
Jalalloo soogidda taatee

Walaloo olitti argamu kana keessatti

'Naa ergi baala waleensuu
Naa ergi waan na jabeessuu
Muree mureen mana ijaaraa
Dhufee dhufeen si ilaalaa'

Irra deddeebiin jechootaa kun gosa malleen dubbii keessaa fakkee (irra deddeebii) jedhame beekama. Qabiyyee kana keessatti garuu gilgaalli maleen dubbii gaafatu kan dhihaate hin jiru.

KBAO Kutaa 9$^{ffaa}$ Boqonnaa 16 barannoo 3 fuula 159 gilgaala 6 shaakala ciigoo bifa walaloon dhihaate jedhu kana keessatti

Innis, Cululleen saamtuudha yaada hinqabdu fayyaa
Ani ishee hineeguu sinbirallee wayyaa.

Ciigoo kanaaf soorgoofi sookoo isaanii akka addan baasan kan gaafatu keessatt" Cululleen saamtuudha" kan jedhu kana keessatti malleen dubbii iddeessaatu argama gilgaala kana keessatti dhihaachuu malleen dubbiif gaaffiin dhihaatef garuu hinjiru.

Kitaaba barataa kutaa 9ffaa boqonnaa 17 fuula 161 irratti mata-duree “Garaa Walitti Nahee” kan jedhu asoosama dhihaate keessatti gosa malleen dubbii garaagaraatu argama. Isaan keessaa barannoo 2 afoola gilgaala 4 fuula 168 irratti yaadannoo malleen dubbii kan jedhu jalatti kan ibsaa waliin dhihaate akkasaa qofaadha. Akkasumas KB fuula169 gilgaala 5A jalatti kan dhihaate fakkenya akkasaaf lama kennee kan biros akka hojjetan kallattiin kennamee jira. Gilgaala 5B ammoo gosoota dubbii qolaa/haalawaa/keessaa Iddeesa, Nameessafi Arbeessaaf qofaaf fakkeenya sadi sadii akka dhiheessan ajaja. Qajeelcha barsiisaa ilaalchisee boqonnaa 17 fuula 112 gilgaala 5shaakala malleen dubbii jalattii himoota barreessanii fidan akkasaawajjin deemuu isaanii hordofii dubbii haalawaa kanneen biros quba qabsiiisi kan jedhutu argama.

**Gabatee 5: Akaakuufi Dhihaannaa Malleen Dubbii Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10ffaa**

| Boqonnaa | Kitaaba barataa | | Qajeelcha barsiisaa | |
|---|---|---|---|---|
| | Mata-duree | Fuula Afoolli irra jiru | Fuula | Afoola Dhihaate |
| 3 | SirnaFuudhaafi Heeruma Oromiyaa Bahaa | 38 | 37 | Barannoo 3 Shaakala Sirba Gaa’ela |
| 5 | Burqaafi Dureettii | 47-51 | 45 | Dubbisa Keessoo |
| 6 | Onismoos Nasiib | 63 | 54 | Barannoo 3Geerarsa |
| 14 | Afoola Oromoo | 133-134 | 98 | Weedduu Jaalalaafi Sirba gaa’elaa |
| | | 138-140 | 99 | Barannoo 2 Oduu Durii |
| | | 143-145 | 100 | Barannoo3 Gosoota Afoolaa: ciigoo, hibboofi jechama |
| 15 | Durba morma lamaa | 152 | 104 | Barannoo 2 Gilgaala 5 Sheekkoo “Leenchaafi Re’ee” |
| 16 | Gaabbii | 158-161 | 107 | Asoosama |
| | | 163-164 | 109 | Barannoo 3 Afoola: jechamootaafi Malleen Dubbii |

KB boqonnaa 3 fuula 38 barannoo 3 afoola dhihaate jalatti shaakala sirba gaa’ilaa akka barreessan yoo danda’ames akka sirbamu malee wani ibsame hin jiru.

Boqonnaa 5 fuula 47-51 dubbisa dhihaate keessatti akaakuun malleen dubbii keessaa akka fakkeenyaatti kan dhihaate “Ilma jaarsaa waan ta’eef, haasa’a jaarsummaa dhaggeeffachaatii guddate. Yoo haasa’u, dubbii hindheeressu, mammaaksumaan fixa.

Yoo mammaaku, waanuma laga Waabee budduuqfatu fakkaata. Yoo geeraru, luyna/dabeessa gootomsa, yoo weellisuufi sirbu simbira mukarraa harcaasa. Walumaa galatti namoonni isa beekan, "Afaan isaa damma daamuti, namni isa waliin oolu hinbeela'u; hindheebotu" jedhu. Kaan ammoo, "Inni, du'aa dubbisa", jedhu. Dureettiin magaala qalloo luuccaan dannoorra ciisu. Yoo dubbattu, sagaleen ishii nama hawwata. Yoo oljettee nama ilaaltu ijji ishii qorsa fakkaata; yoo haasoftu, dubbiin ishii gorsa fakkaata. Gaafa san, uffata aadaa itti gadhiistee, jomoreefi callee addarra buufattee, na'ilaalaa jetti. Qaaqa hinbaayyistu malee, yoo haasofte dubbiin ishii lafa hinbu'u. Haasa'a ishiitti dhugaa malee dhara hinmaktu. Sammuun ishii umrii ishii dura bilchaate. Gaaf tokko ganama Burqaafi Dureettiin konkolaataa Finfinneedhaa gara Shaashamannee deemu keessatti, akka tasaa, wal-cinaa taa'anii karaa eegalan. Shufeerichi sirba Alii Birraa waan sirbisiisaa tureef, jara lachuu sirbichi qalbii isaanii fudhatee, callisanii dhaggeeffachaa turan. Finfinneedhaa bahanii Magaala Galaan yemmuu gahan, sirbichi xumuramnaan shufeerichi kaassetta biraa geeddare. Yoo san, Burqaafi Dureettiin qalbii isaanii walitti deebifatanii haasa'a eegalan.

Dubbisa kana keessatti akaakuu malleen dubbii garagaraatu argama. Isaanis "Yoo mammaaku, waanuma laga Waabee budduuqfatu fakkaata." Kun malleen dubbii keessaa akkasaa ta'a.

Yoo geeraru, luyna/dabeessa gootomsa,
yoo weellisuuf sirbu simbira mukarraa harcaasa.
Walumaa galatti namoonniisa beekan, "Afaan isaa damma daamuti, namni isa waliin oolu hinbeela'u; hindheebotu" jedhu. Kaan ammoo, "Inni, du'aa dubbisa", jedhu. Yaanni olitti argaman kun malleen dubbii keessaa atee jedhamuun beekamu.
Boqonnaa 6 fuula 63 barannoo 3 afoola dhihaate kana keessatti

Geerarsa Gaabbii
Boqqolloon birraa dhufaa
Baaduun arfaasaa dhufaa
Eessa abbaa kootiin fuudheen
Walitti nyaadhee ilaalaa
Humni ganama dhufaa
Qalbiin galgala dhufaa
Eessa abbaa kootii fideen
Walmaddii kaa'ee ilaala

Geerarsa armaan olii keessatti Boqqolloon birraa dhufaa, Baaduun arfaasaa dhufaa.kan jedhu kun boqolloofi baaduun akka namaatti dhufuu akka danda'an jedhee geeraraan yaada isaa yoo ibsatu mul'ata. Kun ammoo gosa malleen dubbii keessaa nameessaa jedhama. Akkasumas humnaafi qalbii walmaddii kaa'ee akka namaatti osoo ilaalee hawwii isaa akka ta'e ibsatee jira. Kun ammoo malleen dubbii keessaa nameessaa ta'a. Haata'uuti garuu waa'ee maalleen dubbii kan gaafatu gilgaalli dhihaate hin jiru.

Boqonnaa 14 fuula 133-134 mata duree Afoola Oromoo jedhu jalatti kan dhihaate weedduu jaalalaafi sirba gaa'elaa keessatti malleen dubbii garaagaraatu keessatti argama.

A. Weedduu Jaalalaa

Gaachanni gaachana hincaaluu
Caalekaa gaachanni booyyee
Jaalalli jaalala hincaaluu
Caalekaa jaalalli ijoollee.
Yaa baddeessaa laga soolee
Gowwaan mukaa dhoqonuudhaa
Barbaachakeen laga oolee
Akka kormaa bosonuudhaa.
Handoodeen kutaa 'hin addeessuu
Lakkii kutaa sana miicii
Naan ooddee silaa 'indandeessuu
Lakkii mucaa sana dhiisii.
Baddeessa soofte malee
Qilxuu sooftee 'ingarree.
Qancaraaf boosse malee
Kichuu ijoollee ingarree.
Waaqayyoo roobaa bulee
Baddaan fixeensa hinqabu
Maal yoon sii jedhee du'ee
Garaan hiyyeessa hin qabu

Walaloo armaan olitti dhihaate kana keessatti gosoota malleen dubbii akkasaafi nameessatu keessatti argama.

B. Sirba Gaa'elaa

Qalloo too yaa leensaa, koo bahi singeggeessa

Ganda keenya duubaa, burqaan xalaliite
Koottu bahi yaa qalloo, baay'ee qananiitee.
Karaan Jimma buusuu, diriiraa karaati.
Jechi haadha ormaa, ciniinnaa garaati.
Jechi haadha ofi,dhidhiibbaa garaati.
Haarrittaa yaa kichuu too, qalloo yaa michuutoo
Michoomni keenyas oolee, michoomni keenyas oole
Hoggaa karraa baatu, garaan saa jabaatuu
Hoggaa laga ceetu, miinjeen kee si yaabbaatu.
Summoo dimbilaala, summoo dinbilaala.
Hinbooyiin yaa qalloo, dhufeen si ilaalaa.

Walaloo sirba gaa'elaa kana keessatti bo'oo shanaffaa irraatti kan argamu jecha haadha hormaafi ciniinnaa garaatu bakka wal-bu'ee argama. Kun ammoo gosa malleen dubbii keessaa iddeessa ibsa.

Walaloo bo'oo ja'affaa keessaattis kan mul'atu "Haarrittaa yaa kichuu too, qalloo yaa michuutoo" kan jedhu kun gosa malleen dubbii keessaa mithee ibsa. Sababni isaa haarrittaafi kichuun waan waliin hindeemneef.

Boqonnaa 14 barannoo 2 afoola dhihaate "Oduu Durii" jalatti leenca, qeerreensa, Warabeessaafi harreetu waliin adamoo deemaa ture. Guyyaa sadiif walitti aansee homaa dhabanii qoonqoon isaanitti taphatte. "Akkamitti akkana ta'a nu keessaa namni cubbuu hojjete tokko jira ta'a malee akkamitti guyyaa sadiif adamsaa oollee waa tokko dhabna? Rakkootu jira malee waaqni akkamitti nutti garaa jabaata "jechaa gumgumuu jalqaban. Kanumaan tokko ol utaalee cubbuu keenyaaf jalaa ka'ii gaafachuu qabna jedhe. Kan biraas "Eeyyee, sirrii jette," jedhee jalaaqabe. Hundinuu yaada kanarratti walii galan

Afoola kana keessatti oduun durii dhihaate kun lubbu-qabeeyyii kanneen nama hin taane akka namaatti yeroo yaada isaanii ibsatantu mula'ta. Kun ammoo gosa malleen dubbii keessaa nameessa jalatti kan ilaalamuudha. Garuu, gilgaala kana keessatti waa'een malleen dubbii wanti dhihaate tokkollee hinjiru.

Boqonnaa 14 fuula 143-145 Barannoo 3 Gosoota Afoolaa: ciigoo, hibboofi jechama kan jedhu keessattis gilgaala 8A gaaffii 2ffaa

Kan akkas bariidhaan kaate
Mucaan sun simbira taate.

Ciigoo kana keessatti osoo malleen dubbii keessatti argamanii waa'ee malleen dubbii gaaffiin barattootaaf dhihaate akka hinjire qaaccessaa kanaan ifoomeera.

Boqonnaa 15 fuula 52 barannoo 2 gilgaala 5 Sheekkoo "Leenchaafi Re'ee jechuun dhihaate keessatti, Bara durii leencaaf re'een waliin duuluuf, waliin deemuuf mari'atan. Re'eenis waan kana shakkitee, "Ani hoo si hinamanuu, akkamiin siwajjin duula?" jettee Leencis deebisee "Si hinyaadhu "jedhee kakateef. Kakuun kunis, "Yoon si nyaadhee dhalakoof haa ta'ujechuun erga kakatee booda waliin deeman. Itti fufanii osuma deemanii re'een gammoojjii keessa baala funaannachaa deemti. Leenci garuu waan nyaatu tokkollee hin qabu ture. Osuma deemaa jiranii laga guddaa tokko biraa ga'an. Laga kanas, re'een salphumatti utaaltee yeroo ceetu leenci garuu, annisa ittiin utaalee sana ce'e waan dhabeef dadhabe, Lagarra marmaaraa olee achumaan re'ee kana nyaachuun qaba jedhee yaade. Kana boodee sana waamee "yoonan kakuu sana diige maalan ta'a? jedhee gaafate Re'eenis deebistee "lakkii obboo guddaa dhala keef hintolu "jetteen. Innis deebisee, dhala koof jedheen ani amma du'uunqabaa, jedhee laga gamatti utalee ishee nyaachuuf yoo jedhun, bishaan keessatti lafa dhahe. Osuma du'uuf wixxirfatuu "raajii na goote dhala keef malee si hingahu naan hin jennee?" jedheen. Isheenis, "Abbaan kee waan oole maal itti beekta?" jetteen jedhama. Afoola kana keessatti oduun durii kun "leencaafi re'een" akka namaatti yeroo waliin dubbii taasisan nimul'ata. Waliin dubbiin isaanii kunis gosa malleen dubbii keessaa nameessaa ta'a. Haata'u malee qabiyyee kanarra malleen dubbii kamtu keessaatti akka argamu wanti gaafatame hinjiru.

Boqonnaa 16 fuula 158 asoosama "Gaabbii" jedhu keessatti kan dhihaate, gosoota malleen dubbii garagaraatu keessatti argama. Isaanis akka kanaa gadiitti qaacceffamee dhihaateera. "Akka baran miti akka baraa bulu, jedhama miti." jedha. Kun akkasaa ibsa. "Garaa madaala afaan qadaada godhatanii namaa wajjin bulu." Kun iddeessaa ibsa. "Har'ammoo itti ka'eera, silaa gaafa itti ka'e qofa dubbachiisaan. Amma yoomitti?" jette ammas.Kun mithee ibsa.

Jaalalli Biftuun ijoollee ishiitiif qabdu adda "Osoo abbaa qaban abbaa dhaban," jetti. Kun mithee ibsa. Akka hindaaqqoo bobaa jalatti osoo hammattee nijaalatti. Kun akkasaa ibsa. "Isinii jedheen saree ta'e," jetti. Kun iddeessaa ibsa.Simbirran ishii kun, Badhaneefi Leelloon ilaalamanii hinquufaman. Kun iddeessaa ibsa.Waggaa lamaan walcaalu. Haata'u malee, isaanis osoo nyaatanuu waan beela'an qabu. Dharraa isaanii namni hinbeekuuf.

Beekuus hinguutuuf. Inni guutuuf danda’u immoo jalaa dideera. Kun mithee ibsa. Warri kaan ammoo “Ishiin leenca” jedhuun.  kun iddeessa ibsa.

“Buddeena furdaa kutachuu,
Tuffadheen mana bahe
Nagaroon isaan na kaachisaa
Harka warraa na ilaalchisa;
Akka nama cubbamee,
Kunoo nan adabamee,” jedhe.

Geerarsa kana keessatti barattoonni dandeettii dubbisuu horachaa akaakuu/gosa malleen dubbii akkasaa keessatti mul’atu adda baafatu.

Geerarsa gadii kana keessatti kan qalbii geeraraa fuudhee sokke kasiin ibsatee jira. Innis yemmuu biyyaa bahu,

Surree jilbarraan cittee
Abbaatuu waraannataa
Deega ijoollummaan dhuftee,
Abbaatu tattaafataa.” Jedhee geeraree manaa bahe.

Kun ammoo ateessaa (atee) ibsa. Sababni isaa hinjirree yaadee abdatee manafi maatii isaa bakkeetti gatee deemuun isaa waan harkaa qabu isa dhabsiise. KB Boqonnaa 16 fuula 163-164 Barannoo 3 Afoola: jechamootaafi Malleen Dubbii kan jedhu keessatti, Himoota armaan gadii keessatti gaaleewwan jala sararaman maal ibsuuf akka gargaaran gareen irratti mari’adhaa. Kan jedhudha.

- Yaanni <u>akka daawwitii</u> mana isaa durii itti mul’ise
- <u>Simbirran ishii</u> kun ilaalamanii hin nuffaman
- <u>Akka nama sammuun dhukkubsatee</u> mataan isaa naanna’e.
- “<u>Biiftuun leenca</u>jedhuun
- <u>Akka handaaqqoo bobaa jalatti</u> osoo hammaattee ni jaalatti.
- <u>Yaaddoon</u> camadee isaan qotachuu eegale.
- <u>Jireenyi</u>, Biiftuudhaaf, sirriitti barumsa kenneeraaf.

Walumaagalatti Qabiyyeen akaakuu malleen dubbii akka Kitaaba barattoota kutaa 10[ffaa]

boqonnaa 16 fuula 163_164 Baranno3 Afoola: jechamootaafi Malleen Dubbii kan jedhu keessatti kan dhihaate boqonnaa 18 kan kitaabichi qabu keessaa boqonnaa tokkoon kana qofaa keessatti kan argamuta’uu isaati.

**Gabatee 6: Akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii kitaaba Afaan Oromoo kutaa 11ffaa**

| Boqn-naa | Kitaaba baratаa | | Qajeelcha barsiisaa | |
|---|---|---|---|---|
| | Mata-duree | Fuula Afoolli irra jiru | Fuula | Afoola Dhihaate |
| 1 | Afaan Akkamitti Jalqabame? | 21 -24fi 26 | 19 | Shaakala sirba daboo/daadoo |
| 3 | Namootaafi Bineensota | 54-55 | 40 | Sheekkoo bineensotaa |
| 5 | Eenyutu haafuudhu? | 75,81-83 | 62 | Barannoo 3 Shaakala malleen dubbii<br>Geerarsa Gootaa |
| 8 | Barumsa Addaan Kutuu | 122 | 92 | Barannoo 4 Faaruu Ateetee |
| 10 | Kan Manaa Baasan Manaa Nama baasa | 139 | 102 | Barannoo 3 Mammaaksa |
| 11 | Og-Walaloo | 143 | 106 | Walaloo /Akkamiin horii horuu |
| 10 | Kan Manaa Baasan Manaa Nama baasa | 139 | 102 | Barannoo 3 Mammaaksa |
| 15 | Faaya Mormaa | 187 | 135 | Barannoo 3 Qoosaa/Baacoo |

KB Kutaa 11Boqonnaa 1 fuula 21 barannoo 5afoola gilgaala 11shaakala sirba daboo ykn daadookan jedhu jalatti walleefi cooktuun kan wal-jalaa qabuun dhihaate keessatti

Osoo akka abbaa Raagoo
Soorii yaabbatanii
Sagaliin gulufuu
Osoo akka garaa koo
Lammii jaallatanii
Dilbii haammatanii
Deega biralufuu

Yaa biddeenaa noorii
Ijaarraan ijaarii
Gudunfi jabeessi
Akka abaabayyuu kee
Manni mana raadaa
Hundatu araadaa
Jabeessi moonaa kee
Yaabiddeenaa noorii.
Galgalooftuu aduu
Citaan qorra fuutee
Obaasuu obaastee
Irbaata dagatte
Qalbiin mana galtee
Yaabiddeenaa noorii

Sirba daboo olitti dhiahaate kana keessatti gosa malleen dubbii akkasaatu keessatti argama. Boqonnaa 3 fuula 54-55 barannoo 6 gilgaala 10 shaakala sheekkoo bineensotaa jedhu keessaatti dhihaate.Arbaaf Bineensota Afur Arbi tokko osoo karaa deemaa jiruu, qile garba qabu tokko argee waan dheeboteef, bishaanicha dhuguu kajeele. Qilicha gad ilaalaa qarqara isaarra gangalachuu eegale. Osuma jedhuu qilicha keessatti lafa dha'ee dheebuu isaa ba'uu itti fufe. Isaa galaanicha keessaa dorrottaa'ee ciisuu, waraabeyyiin baay'ee beela'an afur itti dufan. Jara keessaa inni tokko" Asumaa gad utaallee arbicharratti kufnee nyaanna, jedheen. Inni lammaffaan ammoo, 'Qilicha keessaa karaa kam yaana?" jechuun gaafate. Waraabessi inni sadaffaan yoo deebisuuf," Kan nyaannu arba; kandhugnu garba; maal barbaacha yaana?" jedheen. Kan afraffaa ammo. "Arbis nidhuma: garbis nigu'a; waan hiree keenyaa baadheerra yaanee corachuu wayya malee arba ilaallee qileetti dhumuu hinqabnu," jedheen. Waraabeyyiin warri duraa sadan waan inni afraffaan itti hime kana didanii arba nyaachuuf murteessan. Inni garuu ammallee irra deebi'ee. "Waadhaqaa malee waa gala Waaqatu beeka; lakkii isinitti haahafu; wantihindhumne hinjiru: lama tokko nyaata; tokko tokko nyaata; kan hafe allaattiitu nyaata," jedhee waan ta'uuf jiru raaguun itti hime. Isaan garuu kana hubachuu hindandeenye. Kanuma har'aa ilaalanii arba nyaachuuf qilee bu'an. Inni afuraffaan biraa deemee hanga turu turee deebi'ee waan isaan ta'an ilaaluuf yoo dhufu, arbicha nyaatanii fxuu ga'anii jiru. Garbichis gu'uu gahee jira. Kana mara ilaalee garaa isaatti, "Hima diddu, du'a hindiddu? jechaa biraa deeme.

Afoola sheekoo bineensotaa kana keessatti yeroo bineeyyiin akka namaatti waliin dubbii taasisantu mul’ata. Kun ammoo malleen dubbii keessatti nameessa jedhamuun beekama. Haata’u malee, qabiyyee barannoo kannaa keessaatti waa’een malleen dubbii wanti gaafatame hinjiru.

KB Kutaa 11 Boqonnaa 5 fuula 81-83 barannoo 3 afoola gilgaala 5 shaakala malleen dubbii kan jedhu jalatti kan dhihaate.

• Iddeesaa

Akaakuun malleen dubbii kan tokkummaa wantoota lamaa fudhachuun isa tokko iddoo isa biraa buusuun keessootti waldorgomsiisuudha. Jechichis kan uumamejechoot ‘iddoofi isaa’jedhaniirratti.

Fkn.

Oromoon kanniisa.
Mudhiin ishee sonsa.
Ilkaan ishee baddeessaadha.

• Akkasaa

Akkasaan mala ittiin wantoota lama wal-cina qabuun isa tokkoisa biraatiin ilaalanidha. Kunis jechoota ‘akka, fakkaata, gaha’jedhanitti dhimma baha.

Fkn.

Akka garaa harki surree hinmuru.
Tolaan akka abbaa isaa cimaadha.

Gurraachinarraan kan ka’e cilee fakkaate.

**Nameessaa**

Nameessaan mala ittiin amala namaa lubbu maleeyyii ykn lubbu qabeeyyii biro gonfachiisuun haala salphaatti akka hubatamu taasisanidha.

Fkn.

“Kan garaa keenyaa malee kan maqaa keenyaa yoom nu dhibe,” jedhan waraabeyyiin.

“Isa haati kee si gorsiste, haati koos na gorsiteetti” jettee,”ilmoon hantuutaa ilmoo adurree tiin

Dukkanni ija baasee nu liqimsuuf.

**Eemitii**

Wantoota walii faallaa ta'an lamaan yaada keenya ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaarudha.

Fkn.

Inni qotaa deega.
Tufaan kolfaa boo'a.

**Habalaka**

Dhaamsa tokko faallaa isaatii gargaaramuun akka salphaatti hubatan taasisuudha.

Fkn.

Miidhaginni isaa laphe nama hata (namicha godeessaan waan jedhamu fakkaata).
Si jaalladhee du'uufan ( yoo kan jibbu ta'e).
Gurbaa faranjii kanatu dide (gurbichi gurraacha).

**Arbeessa**

Malli dubbii kun waan tokko garmalee arbeessuun ykn kineessuun dhiyeessuu ilaallata.

Fkn.

- ✓ Gurbaa dheeraa waaqa ga'u tokkon arge.
- ✓ Mucayyoo qalloo hanxaxii tokko qaba

Barannoo boqonnaa kanaa jalatti akaakuun malleen dubbii yaadannoof akka ta'utti fakkeenyaa waliin dhihaateenijira. Haala kanaan barattootaaf dhihaaachuun isaa barattoonni hubannoo gahaa akka argatan nitaasisa. Boqonnaa 8 barannoo 4 afoola gilgaala 9 shaakala faaruu ateetee

Aayyolee Nooraa

Yaa 'aayyole nooraa,
abdii tiyya nooraa,
'eessaa galta reefuu,
kan reebaan si 'eeguu.
yaa 'aayyole nooraa,
abdii tiyya nooraa,
'eessaa galta reefuu,
kan reebaan si 'eeguu.
abdii tiyya nooraa

‘aayyoo tiyya ‘aayyoo,
‘aayyoo adda naannoo.
yaa ‘aayyolee nooraa,
yaa sabole nooraa,
‘aayyoo tiyya ‘aayyoo,
‘aayyoo adda naannoo...(Afoola Oromoo; Jildii II; 1999)

Afoolli qabiyyee barannoo ta’ee dhihaate kun akaakuu malleen dubbii keessaa irra deddeebii jechootaa of keessaa waan qabuuf fakkee/ irra deddeebii jedhamee beekama.

Boqonnaa 10 fuula 139 barannoo 3 gilgaala 7 shaakala mammaaksaa

- ✓ Osoo olla jirruu wal hinagarru jette ijji ijaan.
- ✓ Akka malee ejjetanii maal lafti dabaan kun jedhu

Barannoo kana keessaatti akaakuu malleen dubbii gosa lamatu keessatti argama. Isaanis gaaaffii $3^{ffaa}$rratti kan argamu nameessa yoo ta’u gaaffii $4^{ffaa}$rratti kan argamu ammoo akkasaatu argama.

Boqonnaa 11 fuula 143 og-walaloo dhihaate kana keessatti akaakuun malleen dubbii argaman akka kanaa gadiitti dhihaatee jira.

Akkamiin Horii Horuu?
Akkamiin horii horuu
Bajjii buqqisan malee
Hojii hojjetan malee,
Deega balleessan malee,
Beela balleesan malee.
Deega koo yaa farrisaa,
Tur ammaan si fannisaa
Muka arbaa daraareettii,
Dhala abbaan abaareettii.
Deega koo sin faarsaa,
Kana maalan cal’isaa,
Tattaafachuudha malee,
Abbaatu tattaafata.
Hobbaafachuudha malee,
Deegni nama salphisaa

Isa guddaa xiqqeessaa
Sanyii namaa rakkisaa,
Gadi nama deebisa.
Kana maalan jedha?
Dhaqeen lafatti odeessaa,
Qotiyyoo cimdii godhee,
Ofrraan si balleessaa.
Surree jilbarraan citte,
Abbaatu waraannata,
Deega ijoollummaan dhufte,

Barannoon kun akaakuu malleen dubbii keessaa nameessaatti dhimma bahee ergaa barbaachisaa ta'e akka dabarsu taasisee jira. Haata'u malee barattootaf gaaffiin waa'e malleen dubbii akka deebisaniif dhihaate hinjiru.Kanaafuu gara fuula duraatti dhimmoota akkasii kanarratti qopheessitoonni kitaabilee barnootaa irratti xiyyeeffannoo gochuu qabuun dhaamsa qoratichaati.

Boqonnaa 15 fuula 198 barannoo 3 gilgaala 5 shaakala qoosaa/ baacoo dhihaaate keessatti Mucaatu abbaadhaan Aabbaa, soba na barsiisi" jedheen. Abbaanis "Rakkoon injiru," jedheenii mucaa isaatiin. "Mucaa koo namootaaf qotiyyoo samii sana irraa argitee? "Eeyyee argeera, "jedhe mucaan, "Xaafii dhahaa jiru," jedhe. Abbaan itti aansuun. Mucaanis "Turi aabbaa, ibbiqiitu ija Barannoon kun akaakuu malleen dubbii keessaa ate /ateessaa jedhamee beekama. keessa na bu'e" jedhe jedhama.Dhaamsi baacoo kanaa maal sitti fakkaata?Gaafannoon barattootaaf dhihaate dhaasa isaa akka himan qofaadha kan gaafatame. Qabiyye kana keessatti malleen dubbii keessaatti argaman kan shaakalchiisu gaaffiin barattootaaf dhihaate hin jiru.Kun dagatamee waan jiruuf osoo itti yaadame gaarii ta'a.

**Gabatee 7: Qaaccessa Akaakuufi Dhihaannaa Malleen Dubbii Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa**

| Boqn-naa | Kitaaba barataa | | Qajeelcha barsiisaa | |
|---|---|---|---|---|
| | Mata-duree | Fuula Afoolli irra jiru | Fuula | Afoola Dhihaate |
| 4 | Qaama Qaamaan Bakka Buusuu | 47 | 42 | Barannoo 3<br>Shaakala Hibboo |
| 9 | Og-Walaloo | 89-91 | 78-79 | Gilgaala 2 “walaloo” Shaakala yeroo dhaggeeffachuu |
| | | 93-95 | ------ | Walaloo “Kudhama Koo” jedhu |
| | | 95 | 81-82 | Barannoo 3<br>Gilgaala 7 “ciigoo” gilgaala 9 dubbii qolaa |
| | | 96 | 83-84 | Gilgaala 9<br>Walaloo Barreessuu |
| 11 | Asoosama | 107-112 | 96-97 | Dubbisa “Dungoo Halkan Sanaa” jedhu gigaala 4 malleen dubbii |
| | | 115 | 98 | Gilgaala 6 |
| 13 | Tumaa | 122-126 | 105 | Dubbisa” Tumaa” jedhu |
| 14 | Seera Makkoo Billii | 129 | | Dubbisa “Seera Makkoo Billii” |

KB.kutaa12 Boqonnaa 4 fuula 47 barannoo 3 afoola gilgaala 5 shaakala hibboo kan jedhu kana keessatti akaakuu malleen dubbii keessaa nameessaatu keessatti argamanii jiru.Kitaaba barattootaa irratti gaaffiin shaakalaa malleen dubbiin walqabatee dhihaateef hinjiru.

Amma majii geessi,
Ganda waliin geessi.
Wajjin nyaannaa,
Maaf huqqatta?
Gurbaa diimaan tokko
Laga gama ijaajjee lallaba.
Haadha keessaa baatee,
Haadha dhiitti.

Haati niteessi,
Intalli nifigdi
Jooraa ooltee
Hanxaxiin karacufatti.

KB.kutaa12.Boqonnaa 9 fuula 93-95 barannoo 3 shaakala yeroo dubbisuu.

Kudhaama koo
Yuunivarsiitii Jimmaa
Yeroo waliin turre
Waan gaggaarii malee
Waan biraa hinagarre.
Akka haadhaa taatee
Oftti naqabatte;
Akka jaalalleettis
Nakuuunsifatte.
sirra boraafadhee
Dadhabbii boqodhe
Jaalala irreefadhee
Nagaa facaafadhe;
Dheebodhee unadhee
Beela'ee sooradhe;
Abjuu dhugeeffadhee
Dhugaa dhamdhamadhe.
Addaan baana 'seene
Baanee hafna 'seene.
Egaa erga imaltee
Imala jireenyaa;
Kan midhaan ganamaa
Kan hinhafne achii;
Waan ani siif himu
Dhaamsa baay'ee keessaa,
Gar-kuteettii ta'i.
Dhugaaf namaa oo'uu
Mudhiikeetti hidhadhu

Qalbii kudhaamadhu.
Eebban si eebbisu
Tulluun bakka deemtuu
Dirree siif haata'u;
Ormi biyya sanaa
Fira siif haa ta'u;
Nyaanni biyya sanaa
Dhiiga siif haa ta'u
Waaqayyo si uume
Bakka deemtu hundaatti
Sii wajjin haa ta'u

Walaloo shaakala yeroo dubbisuu jedhu armaan olii kana keessatti malleen dubbii garaagaraatu jira.Garuu baratootaaf gilgaala keessatti waa'ee malleen dubbii kan gaaffiin dhihaateef hin jiru. Malleen dubbii keessatti argamus, nameessaa, akkasaafi ateessaatu keessatti argama.Kanas barattoonni akka deebisaniif gaaffiin kana xiinxalsiisu keessatti qophaa'uu qaba.

KBAO kutaa 12 kutaa 10 Boqonnaa 9 barannoo 3: Amalaafi Ruqoolee Walaloo Gilgaala 7: Ciigoo Cigoo armaan gadii keessatti jechoota sabbooqoo, sookoof soorgoo baasuun hiika isaanii barreessi kan jedhu kana keessatti akaakuu malleen dubbii garaagaratu keessatti argama.

- ✓ Obbo Jimaan namoota isa cinaa jiraataniif lafa. Kun iddeessa ibsa.
- ✓ Koottu jennaan simbira taatee dhufte. Kun iddeessa ibsa. .
- ✓ Tolaan ani isa waamnaan gurra naa ergise. Kun iddeessa ibsa

Walumaagalatti ciigoon armaan olitti dhihaate kun akaakuu malleen dubbii keessaa iddeessa ibsaa akka jiru xiinxalli kun nimul'isa.Barattoota kan shaakalchiisu gaaffiin jiraachuu qaba.

KBAO Kutaa 12ffaa Boqonnaa 9 fuula 96 gilgaala 9 irraatti walaloon dhihaate kun akaakuu malleen dubbii kan ofkeessaa qabuudha.

Kaleessa har'a hawwinee
Har'ammoo boor hawwinee
Yogaa boorurra geenyu
Isa kamiin hawwina?

Akkasums walaloon armaan olitti dhihaate kun malleen dubbii keessaa fakkoo bakka bu’uun kan dhihaateedha. haata’u malee walaloon dhihaate kun malleen dubbii keessaa isa kamiin akka ofkeessaa qabu kan gaafatu gaaffiin barattootaaf dhihaate hinjiru.Kunis gara fuula duraatti qopheessitootaan itti yaadamuu qaba.

KBAO Kutaa12[ffaa] Boqonnaa 11 fuula 107-112 asoosama mataduree” Dungoo Halkan Sanaa” jedhu kana keessatti akaakuu malleen dubbii garaagaratu keessatti argama. Isaanis akka kanaan gadiitti qaacceffamaniiru.

Uumaan-uumamni- namni- qaamni ofi- humni ofi-miirri ofi…kun cufti si qora. Kun fakkoo ibsa.Kun cufti farda jireenyaa ati gulufsiisturraa si kuffsuuf si darbata. Kun iddeessa ibsa. Jireenyi farad guulaa mitii? Kun iddeessa.Yoo itti baatu si fuudhee figee ofi kaatee si sirbisiisee- kan fagoo hingeenyeef qaama si hurgufee-lubbuu si fuudhee dafqa sirra roobsee-yoo itti beekteef kolfa qasaasee-itti wallaallaan si imimmaansisee utuu jira jettee itti rarraatuu –utuu ati hinsee’iin biyyoon si maka. Kun nameessa ibsa.“Osoo amma isheen…,” jedhe, fedhiin isaa inni du’ee hindu’iin. Kun mitehee ibsa

“Ihii! Osoo isheen maal taatee…? Majan!... Kakuu! dhukkuba arraba ibiddaa! Isa fooniif dhiiga harraabu!” sammuu isaa isa waardiyyaa dhaabachuuf kakatetu morme. Kun nameessa ibsa “Silaa isheen woo mucaa daa’ima. Utuu dhalchitee iyyuu geessista. Azalaa qormaataaf guddataa jirtu…kun iddeessa ibsa. Ol ilaallaan ijawwan bakkalcha sana irratti ibsiteetti -mucayyoo xiqqoon. Kun iddeessa ibsa. Sagaleen isaa osoo hoollatuu “Lakki…hinturre” jedhe. Barcuma dhiistee sireerra teesse. Dugdi isaa lamatti tamsa’e. kun mallattoo ibsa. “Kana, kana, kana, ilaalii bari” jettee qaama ishee, haxaroo maddii isheef rifeensa ishee qubaan agarsiifte. “Ammas naaf hingalle” jedhe. Kun mallattoo ibsa. Diduu hindandeenye. Yaadni isaa garuu daran waliin dhahame. Waa’ee ofi ishee-waa’ee ofi isaa waa’ee ofi isheef waa’ee ofi isaa yaada. Kun mitehee ibsa. Marti isaa akka foo’aa sartii walxaxe. Kun akkasaa ibsa. Erga kakateef jireenya isaa kakuun duraa wal bira qabee madaale. Kakuu saniin booda shororkaa malee akka gammachuun onnee isaatti hingoriin ni beeka. Yoo kakachuun isaa madda gammachuu hinta’uufi ta’e maaliif kakuu gaddaatti akka seenetu hibboo itti taha. Maaliif waadaa onneen hinsooranne seenuu! Kun tuqsee ibsa. Bakka dhaabattutti haftee ija isaa keessa ilaaltee kolfte. Kolfa naasisaa sodaachisaa san. Kun mitehee ibsa“Joonjee, durba baadiyyaan sitti fakkaadhe miti?” jette. Kun iddeessa ibsa.“Huccuu kiyya. Fuula kiyya. Rifeensa kiyya tan ogguu ilaaltu.Adaadhaabar.Achitt ni bareeda.” Kun mallattoo ibsa.

Hafuurri isaa dhaqee deebi’uu dadhabe- barsiisaa Boonsaa. Kun miteheeibsa.

KB Kutaa12 Boqonnaa 11 fuula 112 gilgaala 4 keessatti Malleen Dubbii himoota armaan gadii himi kan jedhu gaaffii barattootaaf dhihaateedha.

- ✓ Jireenyi farad guulaadha.
- ✓ Bakkalcha sana irratti ibsite-mucayyoo xiqqoon.
- ✓ Azala qormaataaf guddataa jirtu.
- ✓ Sammuu isaa isa waardiyyaa dhaabachuuf kakatetu morme.
- ✓ Kolfa naasisaa-sodaachisaa sana kolfte.
- ✓ Aagaan dhimma michuu isaa san osoo yaadatuu irraanfata.
- ✓ Yeroo san leenci iitti dhufnaan akka allaadduu bishaan keessaa rom'e.
- ✓ Barsiisaan keenya barataa Irreessoon guyyeeffatee dhufnaan, "Akkam ganamaan dhufte." jedheen.
- ✓ Hantuutni arba dura dhaabatee isa golgite.
- ✓ Murtoon harmee koo takka takka murtoo akka akkoo manooyyeeti.

Akka du bbisa kanaatti gaaffileen kun keessaa bahuun cimina tokko ta'ee kanneen hafeef ammoo akka barattoonni carraaqaniif jajjabeessun hafee jira.

KBAO Ktaa 12ffaaBoqonnaa 13 fuula 122-126 dubbisa matadureen isaa "Tumaa" jedhu keessatti akaakuu malleen dubbii garaagaraatu keessatti argama. Haata'uutii garuu, dubbisa kana keessaa malleen dubbii akka barattoonni shaakalaniif gaaffiin dhihaateef hinjiru.Maal akka simbirroo walitti nam'itee wacci adaraa Waaqaa! Eenyu? Seenaa." Jette Aadde Tolashiin, kun akkasaa ibsa.Kaan ammoo, dhukkuba tumichumti isaanitti fiderraa fooyyee arganna jedhanii gara Aadde Tolashii deebi'anii dhufu. Aadde Tolashiin isaaniif "doktora" isaaniiti. Ishii malee "doktora" biraa hinbeekani. Ishiin ammoo "doktorummaan"ishii tumuudhuma.Tumichi ammoo fayyina isaanii fidee hinbeeku. Kun iddessa bakka bu'a. Eda akkattan bule Waaqaf ana qofaatu beeka. Asan garagala;achan galgala ;nan aada;nan cinqama.Walumasaayuu hinbeeku. Kun mallattoo ibsa. Ijji ishii nidiimate. Fuulli ishii mimmixa fakkaate. Dafqa roobsuutti kaate, kun akkasaa ibsa. Dubaree kana ,heeruma booda wanta ishii mudachuuf jiru nibeekti. Kanaaf waan akka gorsa fakkaatuu "Hoo'u", ittiin jetti. Kun akkasaa ibsa.Ilaala intala baadiyyaa sana, baadiyyaa sa'aatiin waan hinjirreef, qaamni harka ishii sa'aatii akka fakkaatuuf cocorresite." Jettiin kun akkasaa ibsa.Walumaagalatti dubbisa olii ilaalchisee gaaffiin malleen dubbii iilaalchisee dhihaate waan hinjireef kun itti yaadamee qophaa'uu qabaan dhaamsa qoratichaati.

KBAO kutaa $12^{ffaa}$ boqonnaa 14 fuula 133 dubbisa dhihaate keessatti

‘Yaa lammii koo!

Yaa Horroo,

yaa Noole,

yaa Liiban,

yaa Iluu,

yaa Leeqa,

yaa Limmuu…yaa dhala maccaa hundaa, nan lallaba dhaggeeffadhaa! Kan jedhu kun malleen dubbii keessaa atee kan ibsuudha. Garuu dubbisa kana keessatti malleen dubbiif gaaffiin dhihaate kan barattoota shaakalchiisuuf dhihaate hin jiru. QBAO kutaa $12^{ffaa}$ boqonnaa 9 fuula 85 irratti barbaachisummaan malleen dubbii akka walaloo keessatti jiru haala gaditti argamu kanaan ibsamee jira.Dubbiiwwan qolaa Walaloon gabaabaa waan ta’eef jechoota hedduutti dhimma hinbahu. Jechoota muraasaan waan hedduu jechuutu fi latama. Kanaaf ammoo dubbiiwwan qolaa hedduu barbaachisoodha. Kanaafuu, dubbiiwwan qolaa kanneen akka fakkii (imagery) fakkinaa (analogy) iddeesaa (metaphor) mallatummaa (smbole), nameessaa (personifcation), walqabsiisuu (allusion), habalaka (irony) walaloon hedduu itti fayyadama jedha.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa,Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana jalatti dhimmoonni ibsaman nijru. Innis, Kaayyoon qorannoo kanaa, akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa $9^{ffaa}$ -$12^{ffaa}$ bara 2005 qophaa'ee qaaccessuu irratti xiyyeeffachuun : Guduunfaafi yaboo qorannichatu dhihaate.Ibsi isaanis haala armaan gadii kanaan taa'aniiru.

## 5.1. Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa, akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa $9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ bara 2005 qophaa'ee qaaccessuudha. Hanqinoonni mul'atan yoo jiraatan yaada furmaataa eeruudha. Kana raawwachuufis qorannoon kun malleen qorannoo keessaa gosoota qorannoo addeessaa/ ibsaafi sakatta'aan akka gaggeeffamu ta'eera. Meeshaale funaansa ragaalee qorannichaa keessatti dhimma itti bahame sakatta'iinsa meeshaalee barnootaa sadanii (silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) yoo ta'u, odeeffannoo argamanirratti hundaa'uun yaadolee argannoo hanqina akaakuu malleen dubbii kanneen keessatti mul'atan cuunfamanii dhiyatanii jiru. Akka bu'aan qaaccessa meeshaalee kanneen irra argame mul'isutti hanqinnaaleen meeshaalee barnootaa sadan kanneen keessatti mul'atanii jiru. Haaluma kanaan akka qorataan argannoo odeeffannoo xiinxala ragaa meeshalee sadan irraa argatetti hanqinaaleen mul'atan irrattis yaada waliigalaatiin akka armaan gadiitti kaa'ee jira.

## 5.2. Argannoo

Dhiahaannaa malleen dubbii kitaabilee barnootaa keessa jiru, keessattuu silabasii keessatti walsimannaan jiraachuu dhabuu, hanqina kaayyoo gooreefi qabiyyeewwanii kutaa $9^{ffaa}$,$10^{ffaa}$,$11^{ffaa}$fi siilabasii kutaa $12^{ffaa}$ keessatti kaayyoo gooreefi qabiyyeen kan hinjirreef kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti qabiyyeen malleen dubbii dhihaachuun hanqina guddaadha.Akkasumas kaayyoofi qabbiyyee barnootaa walsimsiisuun yaadanno fi ibsa dabalataa kennuu dhabuun, qabiyyeewwan tokko tokko keessatti fakkeenyaaf malleen dubbii afoola garaagara keessatti, dubbisaa garaagaraa keessatti dhihaaatanii gilgaalaafi shaakala barattootaaf kenname keessaa dhibuun baayinaan nimul'ata. Kanamalees malleen dubbiifi akaakuun malleen dubbii kanneen gosaan tokko ta'an irra deddeebiin kutaa garaa garaa keessatti deebi'anii dhihaachuun baay'inaan mul'ata.

Akka argannoo qorataa kanaatti kitaabni barnootaa Afaan Oromoo Kutaa $9^{ffaa}$– $12^{ffaa}$ malleen dubbii afaan barsiisuu keessatti dhihaatan akaakuu isaanii boqonnaa gara boqonnaa, kutaa gara kutaa keessatti qaban qaaccessa taasifameen qorataan bira gahmee jira. Kitaaba Afaan oromoo kutaa $9^{ffaa}$- $12^{ffaa}$ kana keessatti faayidaan malleen dubbii: Tokkoffaa Dhimmoota hawaasummaa, dhimmoota dinagdee, seenaa,aadaa,afaanii bifa bashannansiisaa ta'een gorsuufi barsiisuu, akkasumas beekumsa afaanii akka cimsatan godheera. Malleen dubbii kitaaba Afaan Oromoo kutaa $12^{ffaa}$ keessatti haala naannawaa ta'een, bifa bashannasiisaa ta'een, qabiyyee afoollanii kanneen akka hibboo, makmaaksaa, durdurii, Tapha ijoolleefi gosoota ogwalaloo kan ta'an sirba, geerarsa fi walaloo keessatti bifa seerota afaaniin dhiyaachuun afaan barsiisuu milkeessuun barannoowwanii fi gilgaalota keessatti argamuun ibsamee jira. Kitaaba afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ keessatti dubbiin qolaa hanqinaalee fi ciminaaleen mul'atanii jiru. Hanqinaalee tokkoffaa, boqonnaa hundaa keessatti argamuu dhabuu, Lammaffaa gosoota malleen dubbii hunda fayyadamuu dhabuu kitaabichaafi sadaffaan immoo afaan barsiisuu milkeessuuf kophaatti of danda'ee karaa hubannoo uumuun kitaabicha keessaatti taa'uu dhabuufi dubbisa garaagaraa hololoofi walaloo keessatti gosoonni malleen dubbii argaman barattoota shaakalchiisuu dhabuun hanqina qabiyyee walmadaalchisuun barsiisuu ta'ee jira.

Waluumaagalatti qaaccessi akaakuufi dhihaannaa malleen dubbii kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa salgaffaa hanga kudha-lammaffaa bara 2005 tti qophaa'anii hojii irratti yeroo kana argaman silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti madaallii godhameen rakkooleen gargaaraa akka mul'atan qaaccessa taasifamerraa hubachuun danda'ameera. Kanaafuu yaadoleen armaan olitti yaada guduunfaa jalatti eeraman kunniin fala argate taanaan hanqinnoonni kunniin akka fooyya'an qorataan mirkaneeffateera. Dabalataanis akka hubannoo qoratichaatti haaluma sakatta'a dokimaniitiirra hanqinoota jiran qaaccessa barruu meeshaalee kanneenii boqonnaa, boqonnaadhaan, kutaa kutaadhaan walcinaa qabuun dokimentii sakatta'uun rakkoo jiru addaan bahee ibsameti jira.

## 5.3. Yaboo

Sabni tokko duudhaa, Afaan, seenaafi eenyummaa isaa dhalootaa dhalootatti dabarsuuf, isa darbes yaadachiisuuf, beekumsa guutuu gonfachiisuuf barnootni afaanii bakka olaanaa qaba. Kitaabni barnootaa immoo karaa waa danuu irraa hubachuu dandeenyuun qophaawun gaarii taha. Kanatti dabalees, malleen dubbii akkuma akaakuu adda addaa qabu faayidaa garagaraas qaba. Kanumarraa ka'uun, kitaaba keessatti malleen dubbiitti gargaaramuun ergaan waan barsiifnuu fi baratamu sanaa sammuu barattootaa keessatti fakkii kaasuun yeroo dheeraaf akka tursuuf kan gargaarudha. kanaafuu, kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9 $^{ffaa}$ -12 $^{ffaa}$ kana keessatti:

- Haasawaa guyyuufi barreeffama kitaabichaa walsimsiisudhaan akka hin dagatamnetti afaan barsiisuun fayyaduu isaa qorataan ibseera
- Malleen dubbii qabiyyee barnootaa siilabasii keessatti dhihaatan kan kitaaba barnootaafi qajeelcha barsiisaa keessatti argamuun kan walsimee dhihaate miti waan ta'eef qopheessitoonni kitaabilee barnootaa xiyyeeffannoo itti kennuu qabu.
- Malleen dubbii ergaa tokko karaa naannawaa ta'een barattoota biraan gahuuf gahee olaanaa akka qabu beekuufi barattoota bashannansiisaa akka baratan nitaasisa.
- Gosoonni malleen dubbii KB keessatti afoola garaagaraan dubbisaan dhihaatanii jiran gaaffilee dubbisa keessaa bahanitti dabalamuun akaakuun malleen dubbii dubbisa dhihaate keessatti argaman maal barsiisuuf akka dhihaate barattootaaf gaaffiin itti dabalamee dhihaachuu qaba.
- Ogeeyyiin barnootaa kitaabilee barattootaa hunda keessatti, boqonnaawwan hundaafi gilgaalota hunda keessatti malleen dubbii akka keessatti dhihaatan yoo taasisan guddina afaaniifi hirmaannaa barattootaaf murteessadha.
- Gaheen malleen dubbii baruu barsiisuu keessatti, Afoollan hawaasaa keessatti, seera afaanii keessattii fi barreeffamoota adda addaa keessatti galuun dhimmoota baay'eef kan gargaaru waan ta'eef, kitaabni barnootaa afaan oromoo kutaa 9 $^{ffaa}$– 12 $^{ffaa}$ malleen dubbii kanatti boqonnaa hunda keessatti gosoota malleen dubbii hundaa osoo gagaaramee baay'ee gaarii ta'a.
- Malleen dubbii hawaasa keessatti beekamoo ta'an afoola keessatti kallattii garaagaraan dhimma itti bahamaa jiru akka qabiyyee barnootaa keessatti dabalamee barattoonni hubannoo gahaa argataniin dhaamsa qoratichaati.

## Wabiilee


Abarraafi Kaawwan. (1998). Caasluga Afaan Oromoo (max 3ffaa) jild- 1 Biranna Enterprise: Addis Abeba.

Addunyaa Barkessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee, Oromiyaa

_______. (2014). *Semmoo: Buʻuura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo* . Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Far East Trading PLC.

Addunyaa Gu'aaddee. (2010) *Advanced Examination-based English for preparatory schools* Finffinnee: Mega pirinting PLC

Asafaa Tafarraa Dibaabaa. (2006). *Anaan'yaa*. Maxxansa 2ffaa. Finfinnee.

_______. (2009). *Eelaa.Seenaa Ogummaa Oromoo*.Finfinnee Far East.

Awwal Sa'id. (2013). *Mijuu Og-barruu*. Dirre Dhawaa.

Berg, B. (2001). *Qualitative Research Methods for the Social sciences*. California State University, Long Beach.

Dastaa Dassaalany. (2011). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Far East

Dorson,R.H.(1972).*Falklore and Falk Life:An Intr oduction*. University of Clikago Press.

Fedhasaa Taaddasaa.(2013). *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Subi Printing Press.

Finnegan R. (1984). *Oral literature in Africa*.The oxford library of African literature: Oxford University Press Eastern Africa

Flick Uwe. (2002). *An Introduction to Qualitative Research* 2$^{nd}$.edition New Delhi: Sag

FRDI-tti Ministeera Barnootaa. (2005). *Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa*. Kampaalaa: MK Publishers LTD.

______.(2005). *Qajeelcha Barsiisaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa.* Kampaalaa: MK Publishers LTD.

______.(2005). *Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa*. Kampaalaa: MK Publishers LTD.

______.(2005). *Qajeelcha Barsiisaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa.* Kampaalaa: MK Publishers LTD.

______.(2005). *Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa*. Kampaalaa: MK Publishers LTD.

______.(2005). *Qajeelcha Barsiisaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa.* Kampaalaa: MK Publishers LTD.

_______.(2005). *Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa*. Kampaalaa: MK Publishers LTD.

_______.(2005). *Qajeelcha Barsiisaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa*. Kampaalaa: MK Publishers LTD.

Girmaa Maammoo, Latamoo Badhaasoo Mahaammad Hakiimiifi Yeneenah Tasammaa. (2001). *Wiirtuu Jiildii-9: Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Commercial Printing Enterprise

Guddon, J.A.A. (1982) *A Dictionary of Literary Terms*. New York: Published by peguin Books.

Harmer, J. (1987). *Teaching and Learning Grammar*. UK: Longman York press.

Hayakawa, S. I (1974). *Language in Thought and Action*. London: George Allen and Unwin.

Hinseenee Makuriyaa (2010) *Gachana Kormaa*A.A. Ethiopia: Far East Trading PLC

Ibsaa Addunyaa. (2008) "*Qaaccessa Itti Fayyadama Malleen Dubbii Ogwalaloo Anaan'yaa*" Ulaaga Digirii2ffaa Ittiin guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kan hinmaxxanfamne)

Isaaq Bariisoo (2003). "*Sakatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubefi Kumee Kumaatamaa*". Digiri jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kan hinmaxxanfamne)

Issac, Stephen and Michael, W. B. (1981) *Handbook in Research and Evaluation*. San Diego: Edits Publisher.

Kennedy, J. (1983). Literature*: An Introduction toFiction*, Poetry and Drama. Boston: Little Brown and company.

Lawrence J. (1972). *Mix Me A Metaphor*.London: Gentr Books

Mangesha R. (1992). *Oromo Folktales for a New Generation*. London:

Melakneh, M. (1999). *Fundamentals of Literature*.Addis Ababa: Biranna Printing press.

Miller, R. and Geenberg. (1991). *The Language of Poetry*. London: Heinemann Books Ltd.

Misgaanuu Gulummaa,.(2014).*Kattaa:Ogummaa Barreessuu.*Finfinnee, Efficient printing press.

NEK-International Consultancy. (1999), *Teachers Educaton Handbook:* Institute For Currculum Devlopment and Research, Minstry of Education: Addis Ababa

Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature*: BackGround, Character And Conitiuity. Bloo-Mington And Indiana Polis: Indiana Unversity Press

Qajeelcha Qophii qo'annaafi Qorannaa Sirna Barnoota (B.B.O). (1995) *Silabasii Barnoota Afaan Oromoo*: Oromiyaa , Finfinnee

Shaw, Harry. (1972). *Dictionary of Literary* Terms. USA: McGraw Hill.

Semner.(1996).*Proverbs,Songs,Falktales,Anthology of Oromo Prougb*.Gudina Tumsa Foundation. Addis ababa. Vol. I

Tarigan, Henry Guntur. (1995). *Pengajaran Semantik*.Bandung: Angkasa.

Tolasaa, Sh. (2012). "*Xiinxala Sadoommii Kitaaba Waadaa Keessatti Argaman*" Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kan hinmaxxanfamne.)

Yaadannoo Gaaromsaa. (2014*). Hora Obaa: Kuusaa Afoollan Oromoo*.Finfinnee: Oromiyaa.Dhaabbata Maxxansa Elleeni.p.p.plc.

**Dabaleewwan**

**Dabalee A**

**YUNIVARSIITII FINFINNEETTI, KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**Dabalee A Gabatee Kaayyoo Gooree, Qabiyyeefi siilabasii,KBfi QB agarsiisu**

| Kutaa | Boqon nqaa | Kaayyoo | | | Qabiyyee | | | Ibsa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | KB | QB | Siilabasii | KB | QB | SIILabasii | Qabiyyeen kitaaba barataa keessatti dhihaate hin jiru. |
| 9 | 17 | Malleen dubbiifi gosoota isaanii ibsita. | Malleen dubbiifi gosoota isaattifayyadamuun yaada isaa hubatu | Malleen dubbii fi gosoota isaa fayyadamuu hima barreessu | ---------- | Malleen dubbii | Hiika jechoota kennuu | |
| 10 | 16 | Malleen dubbii hima keessatti adda baastee agarsiista | Malleen dubbii hima keessatti nihubatu | Malleen dubbii ykn dubbii haalawaa addaan baasanii tarreessu | ----------- | ---------- | Caasluga | Qabiyyeen kitaaba barataa keessatti dhihaate hin jiru. |
| 11 | 5 | Malleen dubbiifi gosoota isaa balballoomsita. | Malleen dubbiifi gosoota isaa balballoomsuu | Dubbii qolaatti fayyadamanii hima ijaaru | ----------- | Mlleen dubbiifi gosoota isaanii | | Qabiyyeen kitaaba Barataafi Siilabasii keessatti dhihaate hin jiru. |
| 12 | 9fi1 1 | ------------- | Malleen dubbiiIdeessaa Arbeessuu Akkasaa Habalaka Walqabsiisuu Nameessaa Eemitii | Hin jiru | --------- | ----------- | Hinjiru | QB.qafarratti dhihaate. |

# Dabalee B

**YUNIVARSIITII FINFINNEETTI**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIFI**

**QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**Dabalee B Gabatee Malleen Dubbii Kutaa 9-12 keessatti dhihaachuu agarsiisu**.

| Kutaa 9$^{ffaa}$ | Kutaa 10$^{ffaa}$ | Kutaa 11$^{ffaa}$ | Kutaa 12$^{ffaa}$ |
|---|---|---|---|
| Iddeessa | Akkasaa | Akkasaa | Iddeessa |
| Nameessa | Iddeessa | Iddeessa | Arbeessa |
| Arbeessa | Nameessa | Eemitii | Akkasaa |
| Akkasaa | | Nameessa | Nameessa |
| Anyarsee/ukukkubee/ Kineessuu | | Habalaka | Habalaka |
| | | | Eemitii |
| | | Arbeessa | Walqabsiisuu |

**YUNIVARSIITII FINFINNEETTI**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**Qabxiilee Mirkaneessituu (Check list)**

Gabateen armaan gadii kun qorataan Malleen Dubbii kitaaba barnootaa Afaan oromoo kutaa9ffaa-12ffaa keessatti qabiyyee barannoo ta'uun dhihaatan addaan baafachuuf itti garagaarame kan agarsiisuudha. Gabaticha keessatti malleen dubbii yoo keessatti argaman fuulletti mallattoo "√" kaa'un ibseera.Kan hinargamne mallattoo "X" kaa'uun ibseera. Lak.Malleen dubbii Mallattoo 1 Akkasa 2 Nameessuu 3 Arbeessuu 4 Habalaka/Anyarsee 5 Eemitii 6 Iddeessaa 7 Atee 8 Walqabsiisa 9 Tuqsee 10 Fakkee 11 Mallattoo 12 Akkeessituu 13 Duradura dubbachiiftuu 14 Duradura dubbifamaa

| T/L | Akaakuu Malleen Dubbii | Kutaa 9ffaa | Kutaa 10ffaa | Kutaa 11ffaa | Kutaa 12ffaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Akkasaa | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| 2 | Nameessa | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| 3 | Arbeessa | ✓ | X | ✓ | ✓ |
| 4 | Habalaka/Anyarsee | ✓ | X | ✓ | ✓ |
| 5 | Eemitii | X | X | ✓ | ✓ |
| 6 | Iddeessa | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| 7 | Atee | X | X | X | X |
| 8 | Walqabsiisa | X | X | X | ✓ |
| 9 | Tuqsee | X | X | X | X |
| 10 | Fakkee | X | X | X | X |
| 11 | Mallattoo | X | X | X | X |
| 12 | Akkeessituu | X | X | X | X |
| 13 | Duradura dubbachiiftuu | X | X | X | X |
| 14 | Duradura dubbifama | X | X | X | X |

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta'uusaa; akkasumas, wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Buusaa Nagaasaa

Mallattoo_______________

Guyyaa_________________